# ASOOSAMA DHIIGNI DHIIGA HIN DHABU YAAXINA DIIGANII IJAARUUN QEEQUU

**TASHOOMAA ARAARSAA QANANII**

**WARAQAA QORANNOO ULAAGAA DIGIRII LAMMAFFAA (MA) GUUTTACHUUF QOPHAA'E.**
**YUUNIVARSIITII ADDIS ABABAA KOLLEEJJII NAMOOMAA, QO'ANNOO AFAANII, JOORNAALIZIMIIFI QUUNNAMTII**
**MUUMMEE AFAAN OROMOO**
**OGBARRUUFI FOOKLOORIITIIF**
**DHIYAATE**

**SADAASA 2014/2021**
**FINFINNEE**

# Asoosama Dhiigni Dhiiga hin Dhabu Yaaxina Diiganii Ijaaruun Qeequu

**Tashoomaa Araarsaa Qananii**

**Gorsaa: Dastaa Dassaaleny (Phd)**

**Waraqaa Qorannoo Ulagaa Digirii Lammaffaa (MA) Guuttachuuf Qophaa'ee Muummee Afaan Oromoo, Ogbarruufi Fooklooriitiif Dhihaate.**

**Yuunivarsiitii Addis Ababaa Kolleejjii Namoomaa, Qo'annoo Afaanii, Joornaalizimiifi Quunnamtii Muummee Afaan Oromoo, Ogbarruufi Fookloorii.**

**Sadaasa 2014/2021**
**Finfinnee**

## Ibsa

Ani qorataan maqaafi mallattoon koo armaan gadiitti eerame, qorannoon kun hojii koo ta'uu isaafi kanaan duras yunivarsiitii kamiyyuu keessatti qorannoo eebbaaf kan hindhihaatiin ta'uusaa; akkasumas wabiileen qorannoo kanaaf dubbisee haala seera qabeessa ta'een fudhadhee, wabilee keessattis nan mirkaneessa.

Maqaa ________________________________

Mallttoo ________________________________

Guyyaa ________________________________

# Yuunivarsitii Addiis Ababaa

## Dhaabbata Qorannoo Digirii Duraatiin Booddee

Waraqaa Qorannoo Ulaagaa Digirii Lammaffaa (MA) Afaan Oromoofi Ogbarruun Guuttachuuf, Tashoomaa Araarsaa Qananiin dhiyaate. Mataduree: ***Asoosama dhiigni dhiigaa hin dhabuu yaaxina diiganii ijaaruutiin Qeequun*** kan Qophaa'ee, Sadarkaa Ulaagaa Yuunivarsiitiin Kaa'e Guuttateera.

**Koree Qormaataa**

Qoraa Alaa ________________Mallattoo ________ Guyyaa _________

Qoraa Keessaa ______________ Mallaattoo ________ Guyyaa _________

Gorsaa _____________________ Mallattoo __________Guyyaa _________

Itti gaafatamaa muummee ___________mallattoo___________guyyaa ________

# Galata

Hunda dura hunda dabarsee gaarummaasaatiin gaggeessee har’an nagahuun hojii kana hojjedhee akkan xumuru kan na taasisee waaqayyoo uumaaf galannii koo daangaa hinqabu.

Itti aansuun nuffii tokko malee gorsaafi deggarsa barbaachisaa ta’e hunda naaf gochuun milkaa’ina qorannoo kanaatiif kan nawaliin dhaabbatan gorsa koo **Dr. Dastaa Dassaaleny** baayiseen galateeffadha.

Dadhabbiifi nuffii tokko malee bu’a ba’ii hedduu keessa darbuun bakkan har’a gaheef kanaaf, bu’uura jalqabaa kan naaf taatan abbaa koo obbo Araarsaa Qananiifi haadha koo aadde Magartuu Gammadaa oolmaa keessan hundaaf baay’een isin galateeffadha. Dhumarratti, yeroon qorannoo kana gaggeesse hiriyyoottan koofi namoota kitaabilee, meeshaalee adda addaafi deggarsa yaadaa kan naaf taasiftan guddiseen galateeffadha.

# Axeerara

*Kaayyoo gooroon qorannoo kanaa Asoosama* ***dhiigni dhiiga hin dhabu*** *yaaxina diiganii ijaaruutiin qeequdha. Ka'umsi qorannichaa xiyyeeffannoon gama barreessitootaatiin qeeqa asoosamaarratti taasifame laafaa ta'uufi qeeqni asoosama guddina ogabrruuf bu'uura ta'uufi yaaxina diiganii ijaaruutiin qeequun qorattootaan xiyyeeffannoo kan hin arganne ta'uudha. Qorannoon kun qorannoo akkamtaa yoo ta'u, qorannoo kana gaggeessuuf yaaxina diiganii ijaaruutiin qeequun xiyyeeffannoo qorannoo kanaati. Akeeka kana galmaan gahuuf mala iddatteessuu mit-carraa keessaa kaayyeffataatti dhimma bahameera. Ragaaleen qorannoo kanaaf barbaachisan madda ragaalee tokkoffaa asoosama filatamedha. Malli asoosamni filatame kun ittiin qo'atames mala xiinxala sakatta'a barruu fayyadamuun adeemsifame. Akkuma bu'aawwan qorannicharraa argameetti: jaalala/ jibba, gabrummaa/ bilisummaa, hiyyeessa/ dureessafi barachuu/ barsiisuu yaada walii faallaa ta'anidha. Dhimmoota diiganii ijaaruu hawaasummaatiin jireenya karaarra jiraachuu keessatti hawasummaan jiraatus, bakkichi dhaabbataa waan hintaaneef gara mana godhatanii jiraachu keessattti hawaasummaan kan jiru ta'uun hubatameera. Diiganii ijaaruu diinagdee dhabuun akkuma jiru, argachuun jiraachuusaa haalaan hubatameera. Dhumarratti, qorattoonni dhiibbaan diiganii ijaaruu oguma keessa akka jiru hubachuun qeeqa akka gaggeessaniif, gooroowwan oguma keessaa yaada walii faallaawwanii, dhimmoota hawaasummaafi diinagdee adda baa'anii jiru.*

# Baafata

**Qabiyyee** **Fuula**


Galata ........................................................................................................................i

Axeerara ......................................................................................................................ii

Baafata.......................................................................................................................iii

Boqonnaa Tokko: Seensa. ........................................................................................1

1.1 Seenduuba Qorannichaa. ......................................................................................1

1.2. Ka’umsa Qorannichaa. .........................................................................................5

1.3. Kaayyoo Qorannichaa ..........................................................................................7

1.3.1. Kaayyoo Gooroo ..............................................................................................7

1.3.2 Kaayyoo Gooree ...............................................................................................7

1.4. Barbaachisummaa Qorannichaa ..........................................................................7

1.5. Daangaa Qorannichaa...........................................................................................8

1.6. Hanqina Qorannichaa ...........................................................................................8

1.7. Qindoomina Qorannichaa.....................................................................................9

Boqonnaa Lama: Sakatta’a Barruu. ........................................................................10

2.1. Yaadrimee Ogbarruu. .........................................................................................10

2.1.1. Asoosamaa. .....................................................................................................12

2.1.1.1. Qabiyyee Asoosamaa…………..……………….…………………………..14

2.1.1.2. Asoosamaafi Alasoosamaa……...…………………………………………..15

2.1.1. 3. Caaccuulee Asoosamaa..................................................................................17

2. 1.1.1.1. Seenaa. .........................................................................................................19

2. 1.1.1.2 Jaargocha ........................................................................................................20

2. 1.1.1.3.Wal diddaa .......................................................................................................22

2. 1.1.1.3.1 Gosoota Waldiddaa. 23
2. 1.1.1.3.1.1 Waldiddaa alaa 24
2. 1.1.1.2.2 Wal diddaa Keessaa. 24
2. 1.1.1.4 Ija 24
2.1.1.1.4.1 Gosoota Ijaa 25
2.1.1.1.4.1.1 Ija Hunda Beekaa. 25
2. 1.1.1.4.1.2 Ija Hunda Beekaa Murtaa'aa. 26
2. 1.1.1.4.1.3 Ija Ramaddii Tokkoffaa. 26
2. 1.1.1.4.1.4 Ija Ak-diraamaa. 27
2. 1.1.1.4.2. Filannoo Gosa Ijaa 28
2. 1.1.1.5. Yoomessa 29
2. 1.1.1.6. Namfakkii. 31
2. 1.1.1.7 Ergaa 33
2.2. Qeeqa Ogbarruu. 34
2.2. 1. Yaaxinaalee Ogbarruun Ittiin Qeeqamu. 36
2.2.1.1.Yaaxina Diiganii Ijaaruu. 39
2.2.1.2. Yaaxina Diiganii Ijaaruu fi Ogbarruu. 42
2.2.1.3. Dhiyeenya Yaaxina Diiganii Ijaaruu. 43
2.2.1.3.1. Yaada walii faallaa. 44
2.2.1.3.2. Hawaasummaa 45
2.2.1.3.3. Feminiizimii 48
2.3. Sakattaa Barruu Walfakkii. 49

BOQONNAA SADI: SAXAXAAFI MALA QORANNICHAA......................................52
3.1. Saxaxa Qorannichaa ........................................................................................52
3.2. Mala Iddatteessuu ...........................................................................................52
3.3. Mala Odeefannoon Ittiin Funaanaman. .............................................................53
3.4. Sakatta'a Barruu. ...............................................................................................53
3.6. Malleen Qaaccessa Ragaalee. .............................................................................54
BOQONNAA AFUR: XIINXALA RAGAALEE. ............................................................55
***4.1.*** Qeeqa qola kitaaba asoosamaa dhiigni dhiiga hin dhabuu**…………...……………**55
4.2. Jaargocha Asoosama dhiigni dhiiga hin dhabu. .....................................................57
4.3. Cimina asoosama dhiigni dhiiga hin dhabuu yaaxina diiganii ijaaruun Qeeqaman. ..........59
4.3.1. Yaada Walii Faallaa. ..........................................................................................59
4.3.1.1. Jaalala/Jibba. ....................................................................................................60
4.3.1. 2. Gabrummaa /Bilisummaa. ...............................................................................62
4.3.1. 3. Hiyyeessa/ Dureessa ........................................................................................66
4.3.1.4. Barachuu/ Barsiisuu. ..........................................................................................67
4.3.2. Hawaasummaa ..................................................................................................68
4.3.3. Diinagdee. ..........................................................................................................70
4.4. Hanqina Asoosama Dhiigni Dhiiga hin Dhabuu……………………………………74
BOQONNAA SHAN: Cuunfaa, Guduunfaa fi Yaboo .......................................................75
5.1. Cuunfaa ..............................................................................................................76
5.2. Gudunfaa ............................................................................................................76
5.3. Yaboo .................................................................................................................78
Wabiilee ..................................................................................................................80

Dabalee “A” ........................................................................................................ 83
Dabalee “B” ........................................................................................................ 84
Dabalee “C” ........................................................................................................ 85

## Boqonnaa Tokko: Seensa

### 1.1 Seenduuba Qorannichaa

Afaan Oromoo afaan sabaafi sablammii miiliyoona 40 oliin dubbatamudha. Kana malees, Afrikaa keessatti Afaan Arabaafi Hawusaatti aanuun sadarkaa sadaffaarratti kan dubbatamu yoo ta`u, Kibba Afrikaa Sahaaratti ammoo afaan bal`inaan sadarkaa lammaffaarratti dubbatamudha. Itiyoophiyaa keessattis bay`ina hawaasa afaanicha dubbatuun jalqabarratti argama. Haata`umalee, afaanichi akkuma armaan olitti ibsame dhiibbaa mootummoota biyyittii sirnoota darban keessa turaniirraa kan ka`e yoo xiqqate gara jaarraa tokkoof haala barbaadameen guddachuuf carraa osoo hin argatiinfi afaanichaan gargaaramuunis (ittiin barreessuufi dubbachuun) akka cubbuutti ilaalamaa tureera. Yaada kanas ragaa qabatamaan haala armaan gaditti dhiyaaterraa yaa ilaallu.

> *Afan Oromo has more than fourty million speakers….Afan Oromo is the third most widely spoken language in Africa, after Arabic and Hausa. It is the second most widely spoken indigenous language in Africa south of the Sahara. In spite of attempts by Ethiopian regimes to destroy the Afan Oromo language, it has continued to exist and flourish in rural areas. Until recently, Oromos were denied the right to develop their language, literature, and alphabet. For almost a century, it was a crime to write in this language (http://en.wikipedia.org/wiki/Oromo people world cultures:costa Rica to Georgia 2000- 2007, 2008).*

Akkuma waraabbii armaan olii irraa hubatamutti amma yeroo dhihootti Oromoon mirga afaansaa, ogbarruusaafi qubee mataasaa fayyadamuu dhabee jira. Jaarraa tokkoof afaan kanaan barreessuun yakka ture. Wantoonni kunneen immoo guddina ogbarruu Oromoo irratti kanneen miidhaa fidan keessaa isaan ijoodha.

Haaluma walfakkaatuun, hayyuun Anderzejewski jedhamu (1985:408) akkas jechuun yaada kana ibsa: *"[Oromo] language is spoken over a large part of Ethiopia and Northern Kenya"* egaa afaan tokko afaan sabaafi sablamii hedduun dubbatamu akkasumas, afaan biyyoota garaagaraa keessatti dubbatamu ta`ee: afaan barumsaa, afaan hojii, afaan siyaasaa, afaan barreeffamaa, afaan saayinsiifi tekinooloojii akkasumas, afaan qorannoofi qo`annoo ta`uu hindandeenye taanaan qorannoo ogbarruu saba sanaafis hammam akka danqaa ta`u hubachuun wal nama hingaafachiisu.

Ogbarruun, daawwitii jiruufi jireenya hawaasaati; waan hawaasa keessaa afaaniifi barreeffamaan fuudhamee ogummaan midhagee hawaasaaf deebi`ee dhiyaannaan kan hawaasichi keessatti of ilaaludha.

Afaan Oromoo erga Afaan barreeffamaa ta'uun tajaajiluu eegalee baroonni lakka'aamanii jiru. Afaan kanaan kitaabileen hedduun dhimmoota adda addaa irratti xiyyeeffatan hedduun barreeffamaa jira. Isaan keessaa muraasni: asoosamoota, walaloowwan gargaraa, kitaabolee barnootaa, barruulee adda addaa, kitaabilee amantaa, kitaabilee caaslugaafi kanneen kana fakkaatan caqasuun nidanda'ama. Yaaduma kana deeggaruudhan Girmaafi kaawwan (2001:1) akkasiin ibsanii jiru.

> *Sirnoota darban keessa sababa dhiibbaa afaanicharra gahaa turerraa kan ka'e, afaan saayinsiif teeknooloojii osoo hinta'in turuunsaa nibeekkama. Haata'u malee erga afaanichaan barchuufii hojjechuun eegalee as yeroo gabaabaa keessatti guddinni jiru kan nama jajjabeessudha. Barumsi Afaan oromootiin gadii kaasee hanga digirii sadaffaatti kennamuurra gahuun kanuma dhugoomsa. Adeemsa hojii keessa bu'aa bahiif gufuun adda addaa jiraatus...hawaasa Oromootiin guddina afaanichaaf gumaachi taasifame, ammas taasifamaa jiru laayyoo miti.*

Afaan Oromoo Oromiyaafi biyyoota Oromiyaa daangessan keessatti hedduminaan dubbatamuuyyuu, imaammatni mootummaa Habashaan guddina afaanichaaf danqaraa tahee ture. Afaan ogbarruu akka hintaaneef bara dheeraaf uggura cimaatu irra kaa'amee ture. Kanaaf, Afaan Oromoo baroota dheeraaf afaan afoolaa qofa ta'ee ture. Afaan Oromoo afaan ogbarruu akka hin taaneefi meeshaalee sabquunnamtii kan akka raadiyoon ummatni akka itti hintajaajilamneef mootummaan Habashaa ifatti dhorkee ture waan taheef. Yaada kana cimsuun Asafaa (2009:12) yoo ibsu, "Afaan Oromoon barreeffamuun seenaan isii fagoo eega taatee, akka jalqabbii duraa itti hinfufin hafuun isii, okkoluun isii, afaan katabbii, afaan hojii, afaan barnootaa, afaan qu'annoo ta"uu dhabuun isii dhiibbaa giti bittaa Habashaa irraan geette" jechuun ibseera.
Kanumarraa ka'uun odeefannoon toora interneetii irraa argame haala armaan gadii kanaan kaa'amera.

> *Barreessifi ogbarruun Afaan Oromoo isa mootummaa HabaShaan dhorkamee daangeffamee ture sana mana hidhaa baasanii guddisuuf qabsoo hadhooftuu geggeeffame. Afaan afoolaa irraa gara afaan ogbarruutti ol guddisuuf*

*hayyoonniifi beektotni Oromoo akkasumas hayyootni qooqaa kan fedha Afaan Oromoo qaban gumaacha godhaniin harra Afaan Oromoo qooqaa ogbarruu tahee jira*.

Falmaa ummatni Oromoo godheen har’a Afaan Oromoo afaan hojii mootummaa naannoo Oromiyaa ta’eera. Mana seerattis tajaajilli Afaan Oromoon kennama; kan himattus kan himatamtus Afaanuma Oromoon dhimma baha jechuu dha. Mana barnootattis barnoonni sadarkaa tokkoffaafi giddugaleessaa Afaan Oromoon kennama. Mana barnootaa sadarkaa lammaffaa fi dhaabbata barnootaa olaanoo keessattis barnoonni Afaan Oromoo akka afaan tokkootti kennamaa jira. Walumaa galatti, afaan Oromoo uggura jalaa bahee afaan afoolaarra taree afaan ogbarruufi afaan sabquunnamtii tahee ummata taajaajilaa jiraadha. Kana wajjiin walqabatee Oromoon haala jruufi jireenya isaa kan ibsachaa ture afoola isaatini. ogbarruun uummatichaa ogbarruu afaaniin yookiin dubbatamuurratti qofa daangeffamee akka ture agarsiisa. Erga Mootummaan Dargii kufee asitti garuu, afaanichi afaan barreeffamaa ta’uuf mirga waan argateef, barruun adda addaa ittiin qophaa'uu eegaleera. Barreessittoonni Oromoos carraa kanatti fayyadamuun Afaan Oromoo afaan ogbarruu barreeffamaa taasisuuf carraaqaa jiru. Kun immoo, waa’ee Oromoo barreeffama kalaqaatiin ibsuu bira dabree guddina afaanichaafis shoora olaanaa kan taphatuudha.

Afaan Oromoo sadarkaa har`a jirurra gahee (Afaan barumsaa, afaan hojii, afaan barreeffamaa ta`ee) haala kanaan tajaajiluu danda`uusaaf bu`uurri tattaaffii yookaan bu`aa bahii baroota hedduu keessa beektonni yookiin dhimmitoonni afaanichaa taasisaa turanidha. Haata`u malee, dhiibbaafi ilaalcha afaanicharra turerraa kan ka`e, Afaan Oromoo ogbarruu mataasaa qabaatee akkuma afaanota biroo daran dagaaguuf carraa hinargatin tureera. Ta`us, haallifi yeroon bakka hin mijannetti ogbarruun Oromoo baroota adda addaa keessa, biyyoota adda addaatti lammilee garaagaraan qoratamaa akka ture.

Seenaa jalqabbii barreeffama Oromoo ilaalchisuun ragaaleen mul`atan irri caalaan isaanii bara 1830 A.A.L ilaallatu. Akka ‘Pankhurst’ madda garaagaraa waabeffachuun jedhutti, bara 1830 keessa yeroo tokko qofaatti dargaggoonnifi shamarran Oromoo 30 ta`an ukkaamsamuudhaan gara Gondoritti fudhatamuu isaaniifi kanneen keessaa 20 rakkoolee adda addaatiin du`uu isaanii ibseera. Kanneen hafan kurnan immoo, Galaana Diimaarraan gara Kaartuumitti ceesisaman. Achiis, gara biyya Arabaa (Gibxitti) fudhatamani. Achirraanis, biyyoota Awurooppaatti kan geggeessaman jiraachuu isaanii ragaaleen tokko

tokko ni’ibsu. Kanneen keessaas dargaggoonnii Waareefi Gaboo jedhaman gabrummaadhaan Limmuurraa fudhatamanii gara ardii Awurooppaatti bara 1830 A.L.A deemani. Dargaggoonni kun jalqaba biyya Arabaa erga deemaniin booda, Paarisitti fudhataman. Paarisitti hayyuu ‘Geography` kan ture qorannoo isaa gaanfa Afirikaarratti kan geggeessuu nama `Edme Francios Jomard` jedhutti kennamani. Innis qorannoo geggeessuuf jara lamaanitti fayyadameera. Joomaard odeeffannoo isaanirraa argateen bara 1839tti mataduree “Noticesurles [Oromo] de Limu” jedhuun barruulee “Bulletin de la societe de Geographie” jedhu keessatti maxxansiise. Qabiyyee matadurichaa keessattis waa`ee gaanfa Afirikaa, teessuma lafa Oromoofi waa`ee laga Abbayaa barreessee jira.

Joomaard waa`ee saba Oromoofi jechoota 1000 ta`an Waaree irraa akka argate barreesseera. Odeeffannoon kunis, afoola Oromoo yeroo jalqabaaf akka barreessu isa dandeessiseera. Afoolli Oromoo garaagaraa barruulee armaan olitti maqaa dhahame keessatti barreeffames kadhaa waaqaa, sirba jaalalaa sadiifi geerarsa sadiidha. Kunis, afoola Oromoo yeroo jalqabaaf galmaa`ee taa`e jedhama.

Joomaard waa`ee Waareefi Gaboo ilaalchisee yaadni inni kenne amalli isaanii baay`ee gammachiisaa akka turedha. Akkasumas, ragaa namoonni kiristaanummaa barsiisuuf Itoophiyaa dhufan waa`ee Oromoo ilaalchisuun barreessan waliin akka tasuma wal hinfakkaanne ibseera. Kun immoo, ilaalchi badaan saba Oromoorra ture akka hir`atuufi gara fuula duraattis hayyoonni Awurooppaa kanneen biroon waa`ee saba kanaarratti qorannoo akka geggeessaniif karaa bane jira.

Lammiileen Oromoo gabrummaan gara biyya ambaatti geessamuun isaanii guddina ogbarruu Oromoof sababa ta`eera. Akkasumas, walitti dhufeenyi isaan lammii biyya ambaa Joomaard jedhamu waliin agarsiisan ilaalcha badaa hawaasa Oromoorratti lammiileen biyya alaa maqaa xureessitootarraa dhagahuun qaban dhugaan jiru qabatamaan maal akka fakkaatu arganii akka waa`ee hawaasichaa qajeelummaa isaa dhugaa bahaniif gargaareera. Kunis, lammiileen biyya ambaa akka waa`ee sabichaarratti qo`annoo geggeessaniif daandii ta’eera.

Guddina ogbarruu Oromoo ilaalchisee baroota garaagaraa keessa tattaaffiin gaggeeffamaa ture namoota lammii Itoophiyaafi biyya Itiyoophiyaa keessatti qofa otoo hin taanee lammiilee ambaafi biyyoota ambaattis yaaliin adda addaa akka taasifamaa ture ragaaleen

garaagaraa ni agarsiisu. Biyyoonni kunis Awurooppaa keessaa Faransaayiifi Jarman yoo ta`an, beektonni hambaa gahee guddina ogbarruu Oromoorratti taphatan immoo, kanneen akka Joomaard, Karl Tusheek, Kraaf, Loorenziifi kanneen biroodha.

Kitaabileen asoosamaa Afaan Oromootiin barreeffaman kan barreessitoota adda addaatiin barreeffaman hedduun guddina ogbarruu Oromoofi Afaan Oromootiif gumaachi isaanii iddoo guddaa waan qabuuf, hojii barreessitoota kanaa faana bu'uun qorannoo irratti gaggeessuun barbaachisaadha. Kunis, hojii isaanitti daran cimanii guddina afaanichaafi ogbarruu akka guddisan isaan gargaara. Qorannoo ogbarruu irratti taasifamuu keessaa inni tokko yaaxinoota adda addaattii dhimma bahuun qeeqa irratti taasisuudha. Haaluma kanaan qorannoon kun kitaaba asoosama dheeraa *dhiigni dhiiga hin dhabu* jedhu kan Jawaaroo Nagawoo barreesse, ija yaaxina diiganii ijaaruun qeequu irratti kan xiyyeeffatedha.

### 1.2. Ka'umsa Qorannichaa.

Asoosamni hojii kalaqaa barreeffama holooloon dhihaatu, kan jiruufi jireenya dhala namaa calaqqisiisu, damee ogbarruuti. Barreessaan hojii kalaqaa kanaan jireenya kan agarsiisu, addunyaa asoosamaa kalaquudhani. Addunyaan asoosamaa kan uumamu caacculee asoosamanidha. Kanaaf, caacculeen asoosamaa, wantoota asoosama tokko asoosama taasisanidha. Asoosamni tokko kan barreeffamuuf dubbistootaaf dhaamsa dabarsuufi. Ergaa sana keessattis dhimmoonni garaagaraa kan akka siyaasa, dinagdeefi hawaasummaa ka'uu danda'u. Dhimmi ka'e sun dhugummaa qabaachuu, jireenya namaa waliin simachuufi miidhaginaan dhiyaachuu kan danda'u, caacculeen asoosama sanaa haala gaariidhaan yoo ijaaramaniifi qindoomina qabaatanidha. Hojii kana keessatti jechoonni barreessaan dhimma itti ba'us murteessoofi xiyyeeffannoo guddaa kan barbaadanidha.

Asoosama qeequun ciminafi hanqina isaa adda baasuun guddina ogbarruufi hojii kalaqaa afaan sanaaf baay'ee murteessaadha. Kanaafuu qeequun qulqullina hojii kalaqaa sanaa madaaluun ciminaafi hanqina jiru agarsiisuudha.Yaada kana ilaalchisuun, Diyaanii (1998) asoosama qeequun qulqullina isaafi seenaa inni qabate mirkaneessuudha. Kanaafuu, ogbarruu barreeffamaa qeequun hojii sana cimsuuf bu'aa kan qabu ta'uusaa ibsa.

Asoosama qeequun haala barreessaan hojii isaa hawaasaaf dhiyeessuurratti ilaalcha inni qabu hubachuuf gargaara. Akkasumas, ciminaafi hanqina hojii sanaa adda baasanii agarsiisuudhaan ergaa barreessaan dabarfachuu barbaade haala salphaan yookaan haala ifa ta'een akka dubbistoonni hubatan gochuuf gahee olaanaa qaba. Kanaan alattis hojii kalaqa dhala namaa tokko qeequun hubannoo yookiin dandeettii dubbistootaa bal'isaa waan deemuuf, ilaalcha barreessaa ittiin addaan baasuuf gargaara. Asoosama qeequun hojii qulqullina qabu hawaasa biraan gahuun, karaa salphaan akka hubatan gochuu keessatti gaheen isaa ol'aanaadha.

Bu'aan asoosama tokko irraa argamus qindoominaafi walitti hidhamiinsa isaanii irratti hundaa'a. Waan kana ta'eef, asoosama tokkoo qeequun barbaachisaadha. Inni kun qeeqa asoosamaa yaaxinoota birootiin taasifamuuf bu'uura. Sababiin isaas, yaadni kamiyyuu kan argamu ijaarsaafi qindoomina caacculee asoosamichaafi jechoota asoosaan dhimma itti bahe irraa waan ta'eefi. Asoosamoonni Afaan Oromootiin barreeffamaa jiranis karaa kanaan yoo qeeqaman guddina ogbarruuf bu'aa guddaa buusa.

Jiruufi jireenya uummata tokkoo keessatti gahee hojiin kalaqaa qabu olaanaa ta'uurraan kan ka'e gumaacha guddina oguma Oromootiif asoosamoonni Afaan Oromootiin barreeffamanis maxxanfamanii harka hawaasaa gahaniiru. Ta'us, xiyyeeffannoon gama barreessitoota barruutiin qo'annoo qeeqaa caacculee asoosamaarratti taasifame ga'aa miti. Qorannoon asoosamarratti gaggeeffames muraasaafi yaaxinoota fayyadamuun qeeqni taasifames gahaa miti (Teshome, 2013).
Yaada kana irraa ka'uudhaan qorannoo kana keessatti asoosamoota dheeraa Afaan Oromootiin barreeffaman keessaa kan *dhiigni dhiiga hin dhabu* Jawaaroo Nagawoo barreesse, ija yaaxina diiganii ijaaruun qeeqamee kan dhiyaatedha. Irra caalatti immoo qorannoo kana gaggeessuuf kan qorataa kakaase yaadota kallatti adda addaan jiruuf jireenya hawaasaa ibsaan haala kamiin diigamanii akka ijaaraman adda baasuufi asoosamni haala kanaan yoo qaacceffame guddina ogbarruu keessaatti ga'ee olaanaa qaba jedhee waan amaneefiidha. Akkasumas, yaadoonni yaada walii faallaa ta'an, diiganii ijaaruu hawaasummaafi diinagdee diigamanii akkamitti akka ijaaraman adda bahee beekamu qaba yaada jedhu yoo ta'u, bu'aan qorannoo kanaas gaaffilee armaan gadiitiif deebii kenna.

1. Asoosama *dhiigni dhiiga hin dhabu* jedhu keessatti dhiyaannaa yaaxina diiganii ijaaruu hawaasummaa akkamii of keessaa qabaa?

2. Asoosama dhiigni dhiiga hin dhabu jedhu keessatti dhiyaannaa yaaxina diiganii ijaaruu diinagdee akkamii of keessaa qabaa?
3. Asoosama *dhiigni dhiiga hin dhabu* jedhu keessatti yaaxina diiganii ijaaruutiin yaada walii faallaa ta'an asoosama kana keessatti argaman maal fa'ii?

**1.3. Kaayyoo Qorannichaa**

Kaayyoon qorannoo kanaa bakka gurguddaa lamatti qoodamee dhiyaatera. Kunis, kaayyoo gooroofi kaayyoo gooree jedhamuun akka armaan gadiitti ibsameera.

**1.3.1. Kaayyoo Gooroo**

Kaayyoo gooroon qorannoo kanaa asoosama *dhiigni dhiiga hin dhabu* jedhu ija yaaxina diiganii ijaaruutiin qaaccessuudha.

**1.3.2 Kaayyoo Gooree**

Kaayyoon gooree qorannoo kanaa kanneen armaan gadiiti.

1. Asoosama *dhiigni dhiiga hin dhabu* jedhu keessatti dhiyaannaa yaaxina diiganii ijaaruu hawaasummaa adda baasuu.
2. Asoosama *dhiigni dhiiga hin dhabu* jedhu keessatti dhiyaannaa yaaxina diiganii ijaaruu diinagdee adda baasuu
3. Asoosama *dhiigni dhiiga hin dhabu* jedhu keessatti yaaxina diiganii ijaaruutiin yaada walii faallaa ta'an asoosama kana keessatti argaman adda baasuu.

**1.4. Barbaachisummaa Qorannichaa**

Seenaan, muuxannoofi mudannoon akkasumas, bu'aa bahiin jireenya hawaasa tokkoo og barruu keessatti ibsama. Kana malees, miidhaafi dhiibbaan gama siyaasaatiin tureefi jirus ogbarruu keessatti ibsama. Irra caalatti immoo seenaan haqaafi qabatamaa ta'e tokko kalaqa dhuunfaa dabalatee haala nama hawwachuu danda'uun asoosama seenaa keessatti gad fageenyaan ibsama. Asoosamni seenaa tokko sababa addunyaa kanarra seenaan adda addaa jiruuf haala wal fakkaataa ta'eefi afaan tokkoon barreeffamuu hin danda'u. Kanarraa kan ka'e barreessitoonni hedduun seenaa dhugaafi qabatamaa yeroo darbe keessa raawwate hedduu kalaqa dhuunfaa isaanii itti dabaluun katabaniiru.

Asoosamoonni yeroo adda addaatti afaan adda addaatiin barreeffaman kunneen immoo sababa seenaa beekumsaafi hubannoo dhala namaaf dabarsaniif yaaxina addda addaa irratti hundaa'uun addunyaa kanaratti afaanota garaagaraatti hiikkamaniiru. Haaluma

kanaan xiyyeeffannoon qorataa kanaas kitaabota Afaan Oromoo keessaa asoosama dheeraa *dhiigni dhiiga hin dhabu* jedhu ija yaaxina diiganii ijaaruutiin kan qeeqamedha. Barbaachisummaan qorannoo kanaas kitaaba asoosamaa dheeraa kan ta'e mata dureen isaa *dhiigni dhiiga hin dhabu* jedhamu ija yaaxina diiganii ijaaruutiin qeequun seenaa dhugaa achi keessa jiru maal akka ta'e kan qaacceffamedha. Walumaagalatti qorannoon kun faayidaa armaan gadii qaba.

1. Yaadota walii faallaa ta'an asoosama *dhiigni dhiiga hin dhabu* jedhuu kessaatti argaman beekuuf ni gargaara.
2. Dagaagina ogbarruu Afaan Oromoo keessatti gumaacha qabaachuu danda'a.
3. Nama asoosamoota Afaan Oromoo irratti haala kanaan qorannoo geggeessuu barbaadaniif ka'umsa ta'a.

## 1.5. Daangaa Qorannichaa

Asoosamoonni Afaan Oromoo namoota garaagaraatiin yeroo adda addaa barreeffaman hedduudha. Haa ta'u malee altokkotti asoosamoota hunda irratti qorannoo gaggeessuun hin danda'amu. Sababni isaa yeroo qorannoon kun adeemsifamu yeroo hojii waliin kan walqabatu waan ta'eef, yeroofi maallaqa hedduu waan barbaaduufidha. Kanaafuu qorannoon kun asoosamoota jiran keessaa kan Jawaaroo Nagawoo Mootiin bara 2018 barreesse kan mata dureen isaa *dhiigni dhiiga hin dhabu* kan jedhu yaaxina diiganii ijaaruutiin dhimmoota yaada walii faallaa ta'an, diiganii ijaaruu diinagdeefi hawaasummaa qeequurratti kan daangeffamedha.

## 1.6. Hanqina Qorannichaa

Adeemsa qorannoo tokko gaggeesuu keessatti hanqinni muudachuu ni danda'a. qorannoo kana keessattis hanqinni muudateefi furmaanni isaaa kaa'ameera. Ragaalee, kitaaboleefi qorannoowwan hojjetaman bal'inaan waan hinmul'anneef, adeemsa yaaxina diiganii ijaaruutiin qaaccessuu irratti gufuu ta'eera. Inni biroon, immoo, jechoota yaaxinoota wajjin hidhata qaban waan cimaniif, Afaan Ingiliziirraa gara Afaan Oromootti hiikuun jechoota bakka bu'an filachuurratti hanqinni qorataa mudateera. Ta'us, qorataan tooftaa adda addaatiin kaayyoo qorannoon kun adeemsifameef galmaan ga'eera. Qoratichi toora interneetii garaagaraa sakatta'uun hanqina kitaabolee mul'atanii maqsuuf tattaafateera. Hanqina isa mudate immoo yeroo muraasaan hojii bal'aa akka hojjetamuu danda'utti seeraafi karooraan fayyadamuun qorannicha galmaan ga'eera. Gama jechoota yaaxinootaa hiikuutiin immoo, akkaataa saayinsii oguma, yaaxinoota ogumaafi

fayyadama jechoota afaanichaa irraa hin jallanneen gorsaa wajjin mari'achuun jechoota Afaan Ingiliziirraa gara Afaan Oromootti hiikuun itti dhimma bahameera.

### 1.7. Qindoomina Qorannichaa

Qorannichi boqonnaalee shanitti qindaa'ee kan dhiyaatedha. Boqonnaalee kanneen jalattis mata dureewwan garaagaraatu jiru. Boqonnaa tokkoffaa jalatti, mata dureewwan seenduubee qorannichaa, ka'umsa qorannichaa, kaayyoo qorannichaa, barbaachisummaa qorannichaa, daangaa qorannichaa, hanqina qorannichaafi qindoomina qorannichaatu hammatame. Boqonnaa lammaffaa keessatti sakatta'a barruuwwaniifi yaaxina diiganii ijaarutu bal'inaan ibsame. Boqonnaa sadaffaa keessatti malleen qorannichaa kan ibsaman yoo ta'u, mata dureewwan saxaxa qorannichaa, madda ragaa, mala funaansa ragaa, mala iddatteessuu akkasumas, mala xiinxala ragaatu hammatame. Boqonnaa arfaffaa keessatti kan xiyyeeffatamee ibsame, qeeqa asoosama dhiigni dhiiga hindhabuuti. Ragaaleen asoosama kana keessaa funaanaman cuunfaa jargocha asoosamichaa, yaada walii faallaa ta'an, diinagdeefi hawaasummaa yaaxina diiganii ijaaruutiin gadi fageenyaan qaacceffamantu dhiyaate. Boqonnaan shanaffaa keessatti, ragaalee qeeqaman irratti hundaa'uun cuunfaa, argannoofi yaboon  dhiyaatee qorannichi goolabame.

# Boqonnaa Lama: Sakatta'a Barruu.

## 2.1. Yaadrimee Ogbarruu.

Afaan Oromoo Oromiyaafi biyyoota Oromiyaa daangessan keessatti heddumminaan dubbatamuyyuu, imaammatni mootummaa habashaa guddina afaanichaaf danqaraa ta'ee ture. Afaan ogbarruu akka hintaaneef bara dheeraaf uggura hamaatu irra kaa'amee ture. Sababa kanaaf Afaan Oromoo afaan ogbarruu akka hintaaneefi afaan afoolaa qofa akka ta'ee turu dirqameera. Kanamalees afaan kun afaan meshaalee sabqunnamtii ammayyaa kan akka raadiyoofi televijiinidhaan ummataaf akka hindabarre mootummaan Habashaa ifaan dhorkee ture. Yaada kana cimsuun Asafaa (2009:12) yoo ibsu "Afaan Oromoon barreeffamuun seenaan isii eega fagoo taatee, akka jalqabbii duraa itti hinfufin hafuun isii, okkoluun isii, afaan katabbii, afaan hojii, afaan barnootaa, afaan qo'annoo ta'uu dhabuun isii dhiibbaa gita bittaa habashaa irraan geette," jechuun ibseera. Karaa biraatiin odeeffannoon toora interneetii irraa argadhe haala armaan gadiin kaa'ameera.

> *Barreessifi ogbarruun Afaan Oromoo isa Mootummaan Habashaan dhorkamee daangeffamee ture sana mana hidhaatii baasanii guddusuuf qabsoo hadhooftutu gaggeeffame. Afaan afoolaa irraa gara afaan ogbarruutti olguddisuuf hayyoonnifi beektonni Oromoo, akkasumas hayyoonni qooqaa kan fedha Afaan Oromoo qaban gumaacha godhaniin har'a Afaan Oromoo qooqa ogbarruu ta'ee jira.*

Ogbarruun dhalli namaa beekumsa, muuxannoo jireenyaa, wanta keessoo isaatti dhageettii addaa uume…jiruufi jireenya hawaasaa haala miidhagina qabuun (bifa walaloofi holooloon) kan ittiin ibsatu hojii kalaqa sammuu dhala namaati. Ogbarruun daawwitii jireenyaati. Sababni isaas, dhalli namaa waa'ee jireenya isaa jechootatti gadi xixiqqeessee ibsuun deebisee namoonni akka keessatti of ilaalan waan taasisuufidha. Asafaa (2009:16), "Ogbarruun waa'ee ummataa, ummataaf deebisee kan ibsu dha" jedha. Akkaataa kanaanis daawwiitii jireenyaa ta'uu isaa agarsiisa.

Zarihuun (2003:3) yaada kana yoo ibsu, "Ogbarruun hojii kalaqaa bifa afoolaafi barreeffamaan mul'atu ta'ee, jechootatti dhimma bahuun waa'een jireenya namaa, namaan qindaa'ee deebi'ee namaaf kan ittiin dhihaatuudha," jechuun ibsa. Akkaataa kanaan ogbarruun, ogbarruu afaaniifi ogbarruu barreeffamaa jedhamee iddoo gurguddaa

lamatti akka qoodamuufi dhalli namaas karaalee fakkeenyaaf, geerarsaan, sirbaan, weedduun, mammaaksaan, sheekkoon, asoosamaan, walaloofi kkf fayyadamee yaada isaa akka ibsatu hubachuun nidanda'ama. Ogbarruun ogummaa kalaqqii yookaan waa uumuu ta'ee haala jireenya ummata tokkoo dhalootarraa gara dhalootatti dabarsuudha.

Yaada kana Asafaa (2009:21-22) irratti akka itti aanutti ibseera.

> *Ogbarruun oguma kalaqaa, oguma waa uumuu tahee kan muuxannoo jiruufi jireenyaa keenya haqarratti hundaa'uun ittiin yayyabnu, bu'ureessinuufi akka qabatamutti immoo miidhagsineefi faayessinee ittiin ibsinu. Ogbarruun mala ittiin waan hawaasummaaf bu'aa qabu tokko waliif dabarsinu waan ammoo beekumsa ilmaan namaatti waa cobu tokko ittiin walii galaafnu jechuun ibsa.*

Yaada armaan olii irraa kan hubatamu ogbarruun oguma waa kalaquu ta'ee muuxannoo jiruufi jireenya dhala namaa dhugarratti hundaa'uun miidhagsinee kan ittiin ibsinuufi waan hawaasummaaf bu'aa qabu tokko kan ittiin walii dabarsinu ta'uu isaati. Karaa biraatiin Fedhasaan (2013:7).

> *Ogbarruun hojii kalaqaa afoolaafi barreeffamaa of keessatti kan hammatu ta'uusaa ibsa. Bu'uuruma kanaan ogbarruun afoolaa sammuu keessatti kalaqamuun afaaniin kan himamu yommuu ta'u, kan barreeffamaa ammoo kalaqa sammuu dhala namaa barreeffamaan jiru hunda hammata jechuun ibsa.*

Waraabbii armaan olii irraa kan hubatamu ogbarruun hojii kalaqaa ta'ee afoolaafi barreeffama kan of keessatti hammate ta'uu isaati. Ogbarruun waan barreeffamee jiru hunda osoo hin taanee, waan kalaqa sammuu qofa dabalatu ta'uu agarsiisa.

Zarihun (2003) biyya tokko keessatti, hojiiwwan ogbarruu bara baraan mul'atan irratti qeeqni kennamaa akkuma deemuun, ogbarruun biyyichaa gara sadarkaa fooyya'aatti carraan guddachaa deemuu ni uumama. Akkasumas, hojiileen barreessitoota adda addaa qaacceffamuun qeeqa sirrii ta'een sadarkaan isaanii yeroo beekamu kanneen biroo hanqinootaafi ciminoota mul'atan ilaaluudhaan beekumsa hojiiwwan fooyya'aa ta'an hojjechuuf isaan gargaaru argachuu danda'u. Kanarraa ka'uun immoo, ogbarruun biyyichaa fooyya'uufi guddachuu ni danda'a jechuun ibsa.

Wasanee (2008፡174) ogbarruun ogummaa dhugummaa muuxannoo keenya miidhaksinee, gabaabsinee uumnee yaadoota bibilchaatoo ta'an ittiin waliif dabarsinudha. Yaada hayyuu kanarraa wanti hubatamu ogbarruun dhugummaa jireenya dhala namaa keessatti

ilma namaa mudate kan ibsu yoo ta'u, innis miidhaksee, karaa salphaa ta'een yaadota ciccimoo ta'aniin mudaa dhala namaa kan ibsu ta'uusaati. Kana malees, akka Wasanee (2008) ibsutti ogbarruun ibsa yaada uumataa isa ol'aanaafi isa dhumaa jechootaaf kaa'amu kan durii jalqabee guddachaa dhufedha. Yaada hayyuu kanarraa, og-barruun yaadota dhala namaa dhiphisuufi rakkisuu danda'u kan ifa baasu ta'uusaati.

Dhalli namaa haala amma keessa jiruufi kan duras waan keessa jiraateefi gara fuulduraatti haala keessa jiraachuu dandaa'u keessati ogbarruudhaan of ibsa. Kana malees, namoonni wanta jiruuf, jireenya isaanii keessatti keessa darbaniifi aadaa isaanii ogbarruu dhaan jechoota mimmiidhagootti fayyadamee waa'ee jireenyaa, aadaa, ibsa ol'aanaafi isa dhumaati jedha.

### 2.1.1. Asoosamaa.

Asoosamni haala jiruuf jireenya hawaasaa kan ibsudha. Asoosamaa ilaalchisee hayyootni adda addaa haala dirree qorannoofi haala falaaasama isaanii irratti hundaa'uun hiika mataa isaanii laatu. Asoosamni suuraa jireenya addunyaa dhugaa keessattuu, seenaa jireenya namootaa kan ibsu ta'uusaati. Kana malees Asoosamni kalaqa gocha hawaasa keessatti ta'udha. Asoosamni waan addunyaa kana irratti jireenya keenya keessatti nu quunnameefi nu quunnamuu danda'u kan fakkaatu uumeefi qindeessee bifa qabatamaa ta'een kan nuuf dhiyeessudha. Wasanee (2008:137) akka ibsetti bu'aa bayiin jireenya keenya keessatti keessa dabarruu baay'eedha. Yeroo inni fudhatus dheeraadha. Haaluma kanaan bu'aa bayii kana ergaa tokko yaaddachuuf hin dandeenyu. Asoosamni bu'aa bayii kana hundumaa walitti qindeessee, lubbuuitti godhee, haala qabatamaa ta'een ija keenya dura dhaaba.

Asoosamni hojiilee kalaqaa keessaa tokko ta'ee jiruufi jireenya hawaasa tokkoo akka daawwitiitti kan muli'suu dha. *Yaada kana Misgaanu (2012:15)*

> *Asoosamni akaakuu yookaan gosa ogbarruu barreessaan tokko gochaalee addunyaa dhugaa keessatti namoota hawaasa keessa jiraataniin raawwataman yookaan raawwatamuu danda'an ka'umsa godhatee akka hubannoofi ilaalcha isaatti dandeettii kalaquu isaatiin qindeessuudha. Akkasumas, muuxannoo hawaasa keessa jiru hawaasichumaaf deebisee dhiyeessuudha.*

Yaada armaan olii irraa kan hubatamu asoosamni barreeffama gochaalee namoota dhugaan hawaasa keessa jiraataniin raawwataman bu'uura godhachuun kalaqa sammuu

namaa dabalatee barreeffamuun hawaasichumaaf dhiyaatu ta'uu isaati. Kana malees, muuxannoo hawaasaa, hawaasumaaf deebisee kan dhiyeessuudha.

Asoosamni gosa ogbarruu ta'ee kan barreessaan gochaalee addunyaa dhugaa keessatti namoota hawaasa keessa jiraataniin raawwataman yookiin raawwatamuu danda'an ka'umsa godhatee hubannoo, muuxannoofi dandeettii kalaqu isaatiin fakkaattiiwwan mataasaa uummachuudhaan kan barreeffamaan ergaasaa ittiin dabarfatudha. Asoosama ilaalchisee Berhanu (2013:29) akkanatti ibsa:

> *The word fiction comes from the Latin word "fiction" which means something imaginated and invented. In general sense, the word fiction refers to any narrative literature created from the author's imagination rather than from fact. In the specific sense, the word fiction is commonly used to refer to the short story, the novella and the novel.Fiction depicts imaginative representation of reality. It is not dream; nor is it guess work. It is imagining based on fact.*

Waraabbii armaan olii irra kan hubatamu jechi "fiction" (asoosama) jedhu kun jecha Laatiin "fictio" jedhurraa kan dhufe yoo ta'u hiikni isaas wanta yaada kalaqa sammuu ta'e tokkodha. Hiikni gooroo isaa hojii kalaqaa barreessaa kan ogbarruu kamiituu yoo ta'u, hiikni gooree jechichaa ammoo asoosama gabaabaa, giddu-galeessaafi asoosama dheeraa kan ilaallatudha.

Asoosamni hojii yaada kalaqa namaa ta'us, yaada dhugaarratti hundaa'e waan ta'eef hojii tilmaammii akka hin taanedha. Beekan (2013:30) Yaada kana ilaalchisee akka armaan gadiitti ibsa:

> *Asoosamni waan addunyaa dhugaa kanarratti jireenya keenya keessatti nu quunnameefi quunnamuu danda'u barreessaan dhugaa jiru bu'uureffachuun ogummaa isaa itti dabalee uumeefi qindeessee nuuf dhiyeessudha. Asoosamni gochoota adda addaa kan haala hawaasummaa keessatti namoonni raawwatan qeequufi sirreessuuf karaa gaariidha. Asoosaan haala hawaasa keessatti yeroo sanatti mul'atan asoosamasaatiin mare hawaasaaf dhiyeessa.*

Yaada armaan olii irraa kan hubatamu asoosamni wanta jireenya keessatti nama qunnamuu danda'u kan ibsuufi asoosaan dhugaa jirutti kalaqasaa dabaluun kan hawaasaaf barreeffamaan dhiyeessudha.

Asoosamni tooftaa barreessuu namoonni dhugaa irratti hundaa'uun kalaqa sammuu isaanii baasanii ittiin mul'isaniidha. Kalaqni barreeffamu sunis dhugaa addunyaa kanaa hordofee kan adeemuudha. Waa'ee asoosamaatiin walqabatee. Fedhasaan (2013:67) akkas jechuun ibsee jira. "Asoosamni ergaa yaada barreessaan kalaqamee suuraa jireenyaa keessatti kaasee kan mul'isuudha." Akka yaada kanaatti, muudannoofi mufannoo namni tokko haala jiruufi jireenya isaa keessatti mul'isuuf sammuu barreessaa keessatti kalaqamee bifa itti dhiyaatuudha. Karaa biraatiin ammoo, asoosamni dhugaa hawaasaa keessatti bu'uureffachuun kalaqaa sammuu barreessaa kan dabalatuudha.

Asafaa (2009:125) yoo ibsu, "Barreessaan asoosamaa tokko, dhugaa jiru irratti hundaa'ee amala sansakaa (personality) hubannoofi kan kana fakkaatan namoonni hawaasa keessatti qaban sana qooddattoota uffisee ergaa isaa kan dubbistootaaf ittiin dabarsuudha." Jedha. Kana jechuun, wanta hawaasa keessatti calaqqisu asoosamaan ibsama. Seeneffamoota tokko tokko guutummaan guututti dhugummaan isaanii amansiisuu baatus dhugaa irratti kan hundaa'aniifi gamiisaan dhugaa kan ta'an fakkeenyaaf hojii kalaqa sammuu kanneen seenaa darbe irratti xiyyeeffatanii barreeffaman asoosama keessatti hammatamuu danda'u.

Asoosamni barreeffama beekumsa, aadaafi fedhii dhala namaa dhugaa haawaasa keessa jiru bu'uura godhachuun kalaqa sammuu itti dabaluun dhiyeessuudha. Yaada kana Berhanu (2009) *"The word fiction comes from the latin word "fictio" which means some thing imagined and invented and it is refers to any narrative literature created from the author's imagination rather than from fact,"*jechuun ibsa. Wanti yaada armaan olii kanarraa hubatamu asoosamni jecha Laatiinii fictio jedhurraa kan dhufe ta'ee waan qabatamaan jiru osoo hin taane kalaqa sammuu barreessaatiin waan kalaqame yookaan uumame ta'uu isaati. Asoosamni jijjiiramaafi guddina ogbarruun qaroomina hawaasaa wajjin agarsiisaa dhufe irraa kan madde ta'uusaafi yeroo yeroottis jijjiiramaafi fooyya'aa akka jiru agarsiisa. Akkasumas, asoosamni muuxannoofi muudannoo jireenyaa bal'inaan dhiheessuuf ga'umsa cimaa waan qabuuf seenaa guddina ogbarruu keessatti akka bu'aa guddaatti kan fudhatamuudha. Yaada kanaTashoomaafi kaawwan (2002:7) yeroo ibsan.

> *Asoosamni jireenya hawaasummaa haala gammachiisaa ta'een bal'inaan ibsuuf humna qaba. Mudannoolee adda addaa dhala namaa muudatan dhiheessuu ni danda'a, jedhu. Kanaafuu, asoosamni yeroo ammaa bifoota*

*ogbarruu hawaasaa hedduu keessatti tajaajila bal'a kennaa jiran keessaa isa tokko ta'uu danda'ee jira. Hawaasni Oromoos tajaajilamtoota yookiin fayyadamtoota bu'aa kanaa keessaa isa tokkodha.*

Yaada armaan olii irraa kan hubatamu asoosamni gosoota ogbarruu haala jiruufi jireenya hawaasa tokkoo bal'inaan karaa adda addaatiin ibsaa jiran keessaa gaheen inni qabu ol'aanaa ta'uu isaa ti. Kun immoo ummanni Oromoo bu'aa kanarraa fayyadamaa ta'uu isaa agarsiisa.

Asoosamni dameewwan ogbarruu keessaa tokko ta'ee tooftaa barreessuu namoonni dhugaa irratti hundaa'uun kalaqa sammuu isaanii baasanii ittiin mul'isaniidha. Kalaqni barreeffamu sunis dhugaa addunyaa kanaa hordofee kan adeemuudha. Waa'ee asoosamaatiin walqabatee. Fedhasaa (2013:67) akkas jechuun hiika, "Asoosamni ergaa yaada barreessaan kalaqamee suuraa jireenyaa keessatti kaasee kan mul'isuudha." Akka yaada kanaatti, muudannoofi mufannoo namni tokko haala jiruufi jireenya isaa keessatti mul'isuuf sammuu barreessaa keessatti kalaqamee bifa itti dhihaatuudha. Karaabiraatiin ammoo,asoosamni dhugaa hawaasaa keessatti bu'uureffachuun kalaqaa sammuu barreessaa kan dabalatuudha. Kana ilaalchisee, Asafaa (2009:125) yoo ibsu, "Barreessaan asoosamaa tokko, dhugaa jiru irratti hundaa'ee amala sansakkaa (personality) hubannoofi kan kana fakkaatan namoonni hawaasa keessatti qaban sana qooddattoota uffisee ergaa isaa kan dubbistootaaf ittiin dabarsuudha." Jedha. Kanajechuun, wanta hawaasa keessatti calaqqisu asoosamaan ibsama. Seeneffamoota tokko tokko guutummaan guututti dhugummaan isaanii amansiisuu baaatus dhugaa irratti kan hundaa'aniifi gamiisaan dhugaa kan ta'an fakkeenyaaf hojii kalaqa sammuu kanneen seenaa darbe irratti xiyyeeffatanii barra'anii asoosama keessatti hammatamuu malu.

### 2.1.1. Qabiyyeewwan Asoosamaa

Ogbarruun Oromoo haala jiruufi jireenya hawaasichaa kan ibsuufi kan mul'isuudha. Kanas, karaa barreeffamoota asoosamaa arguu dandeenya. Asoosamni gadda gammachuu, ilaalcha, muuxannoofi kan fakkaatanittiin ibsachuuf barreeffama. Dabalees, namoonni asoosama kan barreessaniif dhugaa hawaasa keessa jiru ittiin ilaaluuf, ittiin xiinxaluuf, ittiin beeksisuuf akkasumas, haala jiruufi jireenyta hawaasa tokkoo ittiin walbira qabuun waldorgomsiisuuf gargaara.Kunis, haala ittiinbulmaata hawaasichaa kan mul'isu ta'ee,xiyyeeffannoo karaa adda addaan mul'isuu danda'a. kunis, xiyyeeffannooqabiyyee gama ergaa, qindoominaa, faayidaa kennuu, akkaataa barreeffamichaa, fayyadama irratti ta'uu danda'a. Barreessaan tokko tokko ergaa barreeffamichaa irratti, inni kaan immoo, qindoominaafi caasaa irratti xiyyeeffachuu

danda'a. Barreeffama asoosama tokko keessatti xiyyeeffannoon fayyadama afaanii karaa adda addaan mul'achuu danda'a. Isaan keessaa muraasni: ergaa barreeffamichi kennu irratti ta'uu danda'a. Haaluma kanaan, barreeffamni asoosamaa dhaamsa qabiyyeewwan garaagaraatiin dabarsuu danda'a. Isaan keessaa kanneen asoosamni 'Aarsaa' ofkeessatti qabatee jiru qabiyyeewwan gadda, jaalala, siyaasa,aadaa, amantiifi akkaataa waliin jireenyaa kan tokko tokkoon armaan gadiitti ibsamaniidha: Qabiyyeewwan gadda mul'isan kanneen jennu barreeffama asoosamaa keessatti qooddattoonni waliin dubbii keessatti miira gaddaa isaan itti mul'isan irratti kan hundaa'eedha. Kun ammo, hawaasa keessa jiraannu keessatti wanta nama qunnamuudha.

Haaluma kanaan, waan barreessaan irratti xiyyeeffatee barreesse kan mul'isu hojii qooddattootaan mul'ata. Akkuma gaddi jirugammachuun jiraachuu isaati. Wantoota hawaasicha keessatti jibbaman aadaa,fi safuu hawaasaa cabsan barreeffama asoosama kana dubbisuun irraa baruun nidanda'ama. Kunis, wanti yaada kanarraa hubatamu, hawaasni Oromoo amaloota badaa dhabamsiisuuf wantoota hawaasicha keessa fudhatama qaban akka itti fufaniifi fayyadama afaanii gama ogbarruu guddisuutiin jireenya hawaasummaa cimsuun gama dinagdee guddisuu keessatti ogbarruun gahee guddaa qaba. Gama hawaasummaatiin ogbarruun kan hawaasaati hawwasnis ogbarruu malee aadaa, duudhaa, safuu hawaasichaa calaqqisuu hindanda'u. Duudhaafi safuu hawaasichaa kabajuun jiruufi jireenya gaarii jiraataniif barumsa nikenna. Hawaasni Oromoo, barruu kana dubbisuun jiruufi jireenya keessatti mudatan ittiin barsiisa. Gama biraatiin ammoo, ogbarruun barreeffamaa gadda, gammachuu, ilaalchaafi amantii,wantoota hawaasa biratti jibbamaniifi aadaa hawaasichaa cabsan balaaleffachuun dhimma baanuudha

### 2.1.2. Asoosamaafi Alasoosamaa

Asoosamni dameewwan ogbarruu keessaa tokko ta'ee addunyaa dhugaa bu'uura godhachuun ilaalcha barreessaatiin haata'u jedhamee ogbarruu miirawaatiin dabalamee barreeffamuun kan dhihaatuufi tooftaa barreessuu namoonni dhugaa irratti hundaa'uun kalaqa sammuu isaanii baasanii ittiin mul'isaniidha.Yaaduma armaan olii kana cimsuun yaadni toora interneetii raa argame akka ibsutti, Fiction is an expansion of reality, not an imitation of things as they are (public or private) but a constituting, a construction of things as they will be from now on. Fiction is an addition to reality and a reality in its own right: it must not only mean, it must be. Jedha. Akka yaada kanarraa hubachuun danda'amutti asoosamni hojii kalaqaa haata'uyyuu malee, dhugaa jiruufi jireenya hawaasa tokko kan ibsudha. Haaluma walfakkaatuun, waa'ee asoosamaatiin walqabatee

hayyoonni maal akka jedhan ilaaluuf barreessaan  Kana jechuun, addunyaa dhugaa keessatti muudannoo jireenyaa uumameefi uumamuu danda'u ilaalchaafi hubannaa barreessichaan dabalamee dhihaatuudha. Kunis, akkaataa hubannaa barreessichaan daawwitiin hawaasichaa mul'atu irratti xiyyeeffatuudha.

Alasoomni ammoo, waan hawaasa keessatti raawwatu yookaan gochaan mul'atu yaada barreessaan dhugaa jiru akkuma jirutti lafa kaa'uun kan barreeffamuudha. Haaluma kanaan, barreeffamoonni alasoosamaa jedhaman kanneen akka barruulee, gaazeexaa, kitaabilee barnootaa, barreeffamoota seenaa ta'an maqaa dhahuun nidanda'ama. Karaa biraa biraatiin, barreessaan barreeffama alasoosamaa jechoota mimmiidhagoo gargaaramuu keessatti badaahindhiphatu. Kana yommuu jennu, barreessichi barrreeffama isaa dhama dhabsiisa jechuu miti. Akka asoosamaa jechoota mimmiidhagoo miira nama harkisanitti baay'inaan hingargaaramu. Xiyyeeffannoon isaa inni guddaan garuu, wanta jiru tokko akkuma jirutti ibsuudha. Kunis, namoonni barreeffama isaa dubbisan kan isaan xiyyeeffatan yaada kallattiin barreessaan dabarsuu barbaade irratti akkafuulleffatan taasisa.

### 2.1.3. Caaccuulee Asoosamaa

Asoosamni kalaqamee dubbistoota bira ga'u tokko, caaccuulee mataasaati qaba. Asoosama barreessuufis ta'e isa barreeffame xiinxalaa dubbisuuf caaccuulee isaa kanneen addaan baasanii hubachuun barbaachisaadha. Caaccuulee asoosama tokkoo beekanii xiinxaluun ammoo tooftaa asoosamni tokko ittiin qindaa'ee dhiyaate hubachuuf nama gargaara.

Akka hayyoota tokko tokkootti, caaccuulee asoosama tokkooti kanneen jedhaman seenaa, sabseenaa yookiin jaargocha, fakkaattiiwwan, waldhabbii, yoomessa, dhaamsafi kkfdha. Caaccuulee asoosamaa ilaalchisee yaadni hunda galeessa ta'e tokko akka hin jirre Dastaa (2013:9) yoo dubbatu akkana jedha:

> *Waa'ee caaccuulee asoosamaarratti barreessitoonnifi qorattoonni dhimma kanarratti hojiilee adda ddaa hojjatan waliigaltee gaariirra waan ga'an hinfakkaatu. Hayyoota tokko tokkoof caacculeen jiran sadi (qooddattoota, yoomessaafi jaargocha). Warreen birootiif ammoo wantoota seenaa asoosamaa ibsuuf gargaaran kanneen akka mil'uu (filash back), raaguu (fore shadowing) waliin dubbi (dialogue), akkaataa barreessuu/seenessuu (style) ta'uu danda'a. Ammas*

*barreessitoonni tokko tokko kallattii seenessuu (point of view) caacculee asoosamaa keessaa akka murteessaatti fudhatu.*

Yaada armaan olii irraa kan hubatamu caacculee asoosamaa ilaalchisee yaadni hunda biratti fudhatama qabu tokko akka hinjirreefi kallattii seenaatifi akkaataan seenessuu caaccuulee asoosamaa kaanneen irraa kophaatti osoo ilaallamanii filatamaa akka ta'eedha. Melakneh (2003) waabeeffachuudhaan Beekan (2013:45) waa'eefi faayidaa caaccuulee asoosamaa akka itti aanutti ibsa

> *….barreessaas haa ta'u, dubbisaan jechoota asoosama keessatti beekamuu qaban (seenaa, jaargocha, qooddataa, waldiddaa, yoomessa, ergaafi… sirriitti hubachuu qaba. Kunis asoosama tokko qaaccessuufi madaaluuf nama gargaara. Asoosamni akkasumaan dubbifamee keessa hindarbamu. Gad fageenyaan xiinxalamuu qaba. Kanaafis, jechooni akka yaadrimeetti asoosama keessatti dhimma itti baanu kunneen miseensota asoosamaa jedhamu.*...jedha.

Yaada armaan olii irraa kan hubatamu, gosa asoosamaa kamiyyuu keessatti caaccuulee asoosamaa dhimma itti ba'an addaan baasanii beekuun barreessaafi dubbisaafis asoosama dhiyaate tokko gadifageenyaan xiinxaluufi madaaluuf yookiin qeequuf murteessaa ta'uusaati. Bifuma walfakkaatuun waa'ee caaccuulee asoosamaa ilaalchisee Berhanu (2009:33) yoo ibsu, *"… In order to be able to read, analyse, and interpret fiction, it is important to understand its basic elements. The elements of fiction include setting, character, plot, conflict, theme…*" jedha. Yaada armaan olii irraa kan hubatamu asoosama tokko dubbisanii qaaccessuuf, akkasumas hiika itti kennuuf miseensota asoosamaa kanneen bu'uura ta'an yoomessa, namfakkii, jaargocha, waldhabbii, ergaa, kkf sirriitti hubachuun barbaachisaa ta'uusaati.

Caacculeen asoosamaa wantoota asoosama tokko asoosama taasisan yookaan wantoota Asoosamni tokko irraa ijaaramuudha.Yaada kana ragaan intarneetiirraa argame, "Elements of a novel explained how to write a novel," jechuun ibsa.

> *Seenaan asoosama tokkoo ruqiilee adda addaa torba irraa ijaarama. Isaanis: jaargocha, namfakkii, yoomessa, waldiddaa, akkaataa, ija seennessaafi ergaadha…asoosama dheeraas ta'u gabaabaan ruqiilee kanneenirraa ijaaramu. Ruqiilee kanneen hubachuun asoosama barreessuufis ta'ee xiinxaluuf hedduu barbaachisa (Fedhasaa, 2013:68).*

Yaadota armaan olii irraa kan hubatamu wantoota asoosamni tokko irraa ijaaramu kan agarsiisuudha. (Zarihuun, 2003) caacculeen asoosamaa isaan kam akka ta'aniifi akkaataatti asoosama tokko keessatti argaman (mul'atan) yoo ibsu, Wantoonni caacculee asoosamaa jedhamuun beekkaman seenaa, jaargocha, namfakkii, waldiddaa, yoomessa, dhaamsaafi ija seenaan ittiin dhihaatuudha. Isaan kunneen qo'annoof akka mijatutti kophaa kophaatti waamaman malee asoosamicha keessatti tokko tokko irraa adda bahuun kophaa dhaabbatanii hin argamani. Fakkeenyaaf, waa'een seenaa yoo ka'u, namfakkiiwwan waamamuun isaanii hin hafu. Sababiin isaa, seenaan dubbatamu sun seenaa namfakkiiwwaniiti waan ta'eefidha.

Seenaan namfakkiiwwanii kan raawwatamu bakkaafi yeroo murtaa'e tokko keessatti. Kanaaf waa'een namfakkiiwwanii yommuu haasa'amu bakkaafi yeroo isaan keessa jiraatan himamuun isaa hin hafu. Walitti dhufeenya namfakkiiwwanii gidduu jirurraa kan ka'es, sababa adda addaatiin walitti bu'iinsi gidduu isaaniitti uumamuu danda'a. Kanaaf, eenyummaa namfakkiiwwaniifi haala isaan keessa jiran wayita dubbatamu, waa'ee walitti bu'iinsa gidduu isaaniitti uumame sana kaasuun hin hafu. Caacculeen kanneen biroos haaluma walfakkaatuun tokko yoo maqaa dhahamu, inni kan biraan wajjin mul'achuudhaan walitti hidhamanii argamu.

Wanti jalqabarratti hubatamuu qabus caacculeen asoosamaa walitti hidhamanii qindoomina qabaachuun tokko yoo waamamu, inni kan biraa isa waamame wajjin achii as bahee mul'achuun jiraachuu isaaniiti. Asoosamichis asoosama ta'uu kan danda'u, ijaarsiifi jireenyi caacculee kanaa tokkummaafi qindoomina yoo qabaateedha. Kun ta'uu kan danda'u immoo, mala asoosaan sun filateen walitti hidhamanii yoo argamaniidha. Addunyaan asoosamaa kan uumamu tokkummaafi qindoomina caacculee asoosamaatiin waan ta'eef, kalaqqiin isaanii hubannaafi of eeggannoo cimaa akka barbaadu ibsa kana irraa hubachuun ni danda'ama.

**2. 1.1.1.1. Seenaa.**

Seenaan gochootaafi ta'iinsota asoosama tokko keessatti walduraa duubaan dhiyaataniifi kan asoosamni tokko irratti hundeeffamudha. Seenaan asoosama tokkoof isa jalqabaafi isa bu'uuraati. Asoosamni tokko kan inni hundeeffamu seenaa irratti. Seenaan ta'iinsota tartiibaan dhiyeessa. Ta'iinsota wal-duraa duuban dhufan tokko lamaan kaasee buusa. Namni seenaa asoosama tokko dubbisus ta'insa isa gara fuuldura jiru baruuf gaaffilee,

“Itti aansee maaltu ta’e? namfakkiiwwan waa’een isaanii himamaa jiru maaltu isaan qunnama laata?” jedhan gaafachaa seenicha duukaa bu’a Zarihun (2003:155).

Seenaan utubaa ta’ee asoosamni tokko dhaabbatee akka mul’atu taasisuu isaafi gaaffii sana booda hoo? jedhu deebisaa kan deemu ta’uu isaa waraabbii kanarraa hubachuun ni danda’ama. Kana jechuun asoosamni seenaa malee jiraachuu hin danda’u jechuudha. Seenaan hin jiru taanan dubbisaan (namni dubbisu) miira dammaqinaan dubbisuuf wanta isa gargaaru waan dhabuuf, dubbisuu isaa itti fufuuf akka rakkatudha.

Walumaagalatti seenaan caacculee asoosamaa keessaa isa tokko yoo ta’u, asoosamni dheeraan seenaawwan xixiqqoo seenaan guddaa asoosamichaa irraa ijaaramu of keessatti qabachuu danda’a. Kana jechuun asoosama dheeraa keessatti barreessaan ergaa dabarsuu barbaade irratti hundaa’ee seenaawwan lama yookiin sanaa ol hundeessuudhaan akka waldeeggaranii yaada isa guddicha agarsiisan taasisa jechuudha.

**2. 1.1.1.2 Jaargocha**

Jaargochi akkuma seenaa gochoota walduraa duubaan kan dhiyeessu ta’ee garuu, gaaffii “sana booda hoo?” jedhuuf deebii kan kennu osoo hin taane, gaaffii “maaliif?” jedhu kan deebisuudha. Kana jechuun gochi tokko sababa itti raawwatamuu danda’e ni agarsiisa jechuudha. Kanaanis seenaarraa adda ta’uu isaa M.A.R. Habib (2005: 607) Shlovsky wabeeffachuudhaan akkas jechuun ibsa “Shlovsky distinguishs between ‘story’ which was merely adescription of events and plot was structure of cause and effect” Jaargochi wal qabeenya qabu jalqaba, gidduufi xumura qaba. Yaada kana Trimmer (1985) “The plot of a fiction often provides the essential structure in the story by arranging its action in a unitied order from the beginning through the middle to the end,” jechuun ibsa.

Milhorn (2006:2) maalummaa jaargochaa yoo ibsu, “ Plot is the sequence of events in a story as the author chooses to arrange them. It is a chain of events and the cause of some subsequent events,” jedha. Akka yaada kanaatti, jaargochi ta’iinsonni seenaa tokko keessa jiran walduraa duuba asoosichi filateen tartiibaan kan ittiin dhiyaatani. Kunis tartiiba gochootaa irratti seerri murtaa’e akka hin jirreefi barreessaan haala yaada isaa ittiin tartiibaan kaa’uuf isaaf mijatu filachuun dhiheessuu akka danda’u agarsiisa. Kana malees, jaargochi wal qabanna gochootaa sababaafi bu’aa isaanii qabatu akka ta’e waraabbiin kun ni ibsa.

Haaluma walfakkaatuun (Zarihuun 2003), jaargochi asoosama tokko keessatti gaaffii maaltu ta'e? maaliif ta'e? jennee gaafannuuf deebii nuti argannu kan of keessatti qabatu yookiin gochoonni duraa duuba yerootiin dhiyaatan sababa itti raawwatamaniifi bu'aa isaa kan of keessatti qabatee jiru akka ta'e ni ibsa..

seenaa asoosama dheeraa tokko keessatti jaargochaaleen xixiqqoo jaargocha isa guddicha ijaaran ni jiraatu. Kanaaf immoo gahee namfakkiin olaanaa asoosamichaa seenicha keessatti qabu murteessaadha. (Zarihun 2003) akka ibsutti, gochoonni jaargocha tokkoon raawwataman kaayyoo barreessichi qabatee ka'e galmaan geessisuuf sababaafi bu'aan walqabachuun deemanii, deemanii sadarkaa iccitii tokko saaxila baasuurra yookiin bu'aa tokkorra gahamuu qaba. Adeemsa akkasii keessatti haalawwan namfakkii olaanaan keessa darbu ni jiraatu. Haalawwan uumamaniif wanti sababa ta'eefi rakkoon isa hordofee dhufu, akkasumas jijjiiramni namfakkii kana irratti mul'ate qabxilee xiyyeeffannoon kennamuufii qabaniidha. Yaada kana keessaa qabxiin jaargochi sadarkaalee qabaachuu isaa agarsiisus ni jira.

**A. Sadarkaalee jaargochaa**

Jaargochi sadarkaalee shan akka qabu Pugh fi Margaret (2014 :131) ni ibsu.

I. **Madda.** Jalqaba seenichaa, yaada ka'umsaa yookiin iddoo itti barreessaan odeeffannoo dugda duubaa itti dhiheessu, waltajjii qindeessu, haala mijeeessu, bakka namfakkiiwwaniifi waldiddaan uumamuu danda'u itti beeksifamani.Crimson (2012: 60) waa'ee sadarkaa jaargochaa isa kanaa / madda yoo ibsu, "Exposition is introduction and establishment of the character, setting and stuation.Exposition includes the narrative that gets the story movingforward.Authors use exposition to set up the main character and his problem or goal," jedha. Fedhasaa (2013: 69) irrattis yaada walfakkaataatu hubatama. Innis akaataa armaan gadiin ibsa.

> *Saaxilli bakka namfakkiileen gochoota asoosamaa raawwachuuf itti saaxilamani. Utubaan jaargochaa asitti hundeeffama; seenduubeen seenaa asoosamichaas saaxila keessatti jalqaba. Seenaan bakka kanatti hayyu-dureen walitti hidhata; yoomessa gochi asoosamichaa keessatti hundaa'etu akeekama.*

II. **Tumsa**

Wikox fi Rankin (1993: 9) maalummaa tumsaa yoo ibsan, "Rising action sometimes called struggle, tension or suspens provides a close focus on conflict or interlocking in

plot detail. Therefore rising action helps as see the obvious that all further action, character development and resolution are interrelated,' jedhu.

Akka yaada kana irraa hubatamutti tumsi waldiddaa uumamuu danda'uuf sababiin biroon bakka itti uumamu. Bakka waldiddaan jiru sun daran itti cimaa deemu yookiin akka waldidaan sun waldiddaa biroo argatee daran cimuufi dubbiin walxaxaa deemuudha. Gabaabumatti, tumsa jechuun waldiddaa duraan uumame irratti waldiddaan gara biraa dabalamee seenaan asoosamichaa qalbii rarraasuudhaan babal'achaa akka deemu bakka itti taasifamuudha.

**III. Finiina**

Humna guutameen kan ka'e yaadni duraan uumame bakka cimaa yookiin olaanaa gahuu isaa kan agarsiisu yoo ta'u, waldiddaan cimee gara wal rukutuutti(walitti bu'uu) bakka itti gahuudha. Humna aarii bakka itti walitti bahan yookiin iddoo itti humni kuufame nama keessaa itti bahuudha.Gabaabumatti, finiinni iddoo murtaa'aa jaargochi waldiddaa guddaarra gahuudha.Yaada kana Turco (1999: 42) yoo ibsu, " The climax, when protagonist and antagonist are pitted against one an other in a final effort. At this point the protagonist either over comes the antagonist and achieves the goal ,or the conflict is lost," jedha

**IV. Murama**

Xumura waldiddaa kan mul'isuudha. Kana booda walitti bu'uun, walrukutuun hin jiru; waldiddaan raawwateera jechuudha. Bakki kun humna aarii baafatanii bakkatti addaan bahani. Ehrenhaft (2010 : 50) yaada kana, " Falling action is the result of conflict," jechuun kaa'a.

**V. Furmaata**

Gochi saaxilaa kaasee amma bantimiiratti walxaxaa dhufe sigigoo keessa darbee bakka kanatti hiikama," Fedhasaa (2013:71). Haaluma walfakkaatuun Kilarer (1999:15)"Climax is followed by resolutions of the complication with which the text usually ends," jechuun ibsa. Waraabbiiwwan kunneen akka mul'isanitti, furmaanni waldiddaan jalqabaa kaasee walxaxaa dhufe bakka itti hiikamuufi seerri waliin jireenyaa biroon (haaraan) iddoo itti hundaa'uu danda'uudha. Jijjiirama goobaangaleessa asoosamichaa irratti mul'ate bakka itti agarsiifamuudha.

**2. 1.1.1.3.Wal diddaa**

Waldiddaan walitti bu'iinsa humnoota lama gidduutti sababa adda addaatiin taasifamu yoo ta'u, seenaan asoosamichaa babal'achaa, dubbisaa ofitti hawwachaa akka deemu

wantoota taasisan keessaa isa olaanaati. Jaargochi cimaanis kan waldiddaa of keessaa qabuudha. Zarihun (2003: namfakkiiwwan asoosamichaa walitti dhufeenya gidduu isaaniitti uumamu irraa kan ka'e sababa adda addaatiin wal'aansoo keessa seenu; walitti bu'iinsa haala kanaan uumames waldiddaa akka jedhamu agarsiisa. Seenaan asoosamichaa babal'achaaafi qalbii rarraasaa akka deemuu taasisuu keessatti waldiddaan iddoo guddaa akka qabu yoo ibsus, Wal'aansichi immoo, babal'achaa deemee dubbiin dubbii fidee walitti bu'iinsa bal'isee, fincilli fincila fidee humnoota kana gidduutti hedduu walxaxaa ta'aa deema.

Zarihun (2003) Namfakkiiwwan lola akkasii keessa yommuu seenan asoosamichi babbal'achaa dhufa. Seenaanis qalbii namaa rarraasaa deema. Gaaffileen hedduunis ni ka'u. Eenyutu kuffisa laata? Eenyummoo kuffifama?... jechaa osoo hin beekiin gara isa tokkoo gorree deeggaraa isa tokko immoo mormina. Waldiddichis deemee deemee haala baay'ee nama dhiphisu irra gaha. Bakki kun iddoo waldiddichi sadarkaa olaanaa irra gahuudha. Waldiddaan sun yommuu dhuka'uudhaaf fiixarraa gahu jechuudha. Sana booda ni dhuka'a; gara furmaata tokkoottis deema.

Waldiddaan humnoota lama gidduutti kan mul'atu erga ta'ee humnootni kun lamaan walgituu qabu. Kana jechuun humni isaan ittiin walmorman yookiin wanta isaan walitti buusee sanaan milkaa'uuf fedhiin isaan qaban wal madaaluu qaba jechuudha. Kunis yommuu seenaa asoosamichaa dubbisnu, eenyu akka mo'u tilmaamuuf carraa nuuf hin kennu.Waan ta'eefis, miirri keenya seenicha duukaa rarra'aa deema. Asoosamicha dubbisuufis hedduu itti harkifamna. Yoo wal hingitan ta'e garuu, eenyu akka mo'u jalqabumarraa salphaatti tilmaamuun waan danda'amuuf, seenichatti hedduu harkifamuun hin jiraatu. Qabxiin inni biro immoo, waldiddaan uumame sun amanamummaa qabaachuu qaba. Waldiddichi qabatamaan addunyaa haqaa kan agarsiisu yoo ta'e, amanamummaa ni qabaata. Kana irraa fagaannaan amanamummaa hin qabaatu. Walumaagalatti, waldiddaan of eeggannoodhaan uumame seenaan asoosama tokkoo babal'achaafi qalbii dubbisaa rarraasaa fuulduratti tarkaanfatee xumurarra akka gahu kan taasisu ta'uu isaati.

**2. 1.1.1.3.1 Gosoota Waldiddaa**.

Waldiddaan iddoo gurguddaa lamatti qoodama: waldiddaa keessaa fi waldiddaa alaa. Yaada kana ragaan interneetiirraa argame yoo ibsu, "Two types of conflict are possible: external and internal. External conflict could be man against nature or man against man.

While internal conflict might not seem as exciting as external, remember that real life has far more internal than external conflict," jedha.

#### 2. 1.1.1.3.1.1 Waldiddaa alaa.

Namaafi nama gidduutti waldiddaa uumamuu danda`u;walitti bu`iinsi kun garaagarummaa ilaalchaa, amantaa, kaayyoo, ejjennoo yookiin eenyummaa namfakkiwwan qabaatan irraa madda (Zarihun, 2003).

Wadiddaa namfakkiifi uumama gidduutti ta'u. *(*Zarihun, 2003) gosa waldiddaa kanaa yoo ibsu, namni jiraachuuf sochii taasisuu keessatti qaamolee uumamaa adda addaa wajjin walitti dhufa. Fakkeenyaaf bosona ciree lafa qonnaa qopheessa. Yeroo kana raawwatus bosana sana wajjin haalli walitti isa buusuu uumamuu danda'a. Guguddachuu mukeenii, bineensonni bosona sana keessa jiraatan… hojii isaa akkaataa barbaadeen akka hin raawwanne gufuu itti ta'u. Innis isaan irratti olaantummaa argachuuf wal'aansoo isaa itti fufuudhaan bu'aa tokkorra gaha. Walitti bu'iinsi akkanaa namni jiraachuuf jecha kan uumama gosa addaa addaa wajjin taasisuudha. Waldiddaa akkasii keessatti namfakkiin uumama akka mormu, wal'aansoo walqabu, uumama loluufi ofirraa faccisuuf adeemsa godhu keessattis wantoota hedduu keessa akka seenudha.

#### 2. 1.1.1.2.2 Wal diddaa Keessaa.

Yaadoleen lamaafi isaa ol sammuu nama tokkoo keessatti ka'anii yeroo walfalman waldiiddaa uumamuudha. Haala akkasii keessatti namfakkiin of morma, jeeqa, dhiphisa, lola…Waldiddaa kun kan namni ofiisaa waliin wal lolu, waldiddaa xiinsammuu kan jedhamuudha. Gosa waldiddaa kanaa Zarihun (2003: 175) akkana jechuun ibsa. waldiddaan akkasii fedhiiwwan nama tokko keessa jiran gidduu walitti bu'iinsa uumamuudha. Addunyaa dhugaa keessatti waldiddaan gosa garaagaraa, qaamolee garaagaraa gidduutti akkuma mul'atu, addunyaa asoosama keessattis, akkaataa walfakkatuun mul'achuu akka danda'udha. Kanaafuu, barreessaan asoosamaas kaayyoo barreeffamichaa irratti hundaa'un waldiddaa gosa adda addaa kalaqee asoosama isaa keessatti hirmaachisuu ni danda'a.

#### 2. 1.1.1.4 Ija.

Ija jechuun seenaa asoosamichaa dubbistootaaf kan seenessu yookiin kan himu eenyu? Seenessaan, seenaa seenneffamu wajjin hariiroo akkamii qaba? Seenichi kan seeneffame ija eenyuutiin ilaalameeti? Gaaffilee jedhaniif deebii kan kennu ta'ee akkaataa barreessaan seenaa asoosamasaatii itti dhiyeessu fi seenichi itti seeneffamuudha. Ragaan

interneetii irraa argame “Point of view is the narrative point of view” how the story is told more specifically, who tells it” jechuun ibsa. Milhorn (2006:11) maalummaa ijaa yoo ibsu, “The point of view of a novel is the perspective from which the reader is allowed to view the action and the characters,” jedha.

Seenaan asooama tokkoo kallattii adda addaa irraa dhiyaachuu danda’a. “As a writer, there are a number of points of view to choose from, and each has its advantages and disadvantages” Milhorn (2006: 11). Barreessaan asoosamaa gosoota ijaa jiran keessaa filatee seenaa asoosama isaa ittiin seenessuu akka danda’uufi tokkoon tokkoon ijawwan kunneenis bu’aafi mudaa mataa isaanii kan qabanidha.

**2.1.1.1.4.1 Gosoota Ijaa.**

**2.1.1.1.4.1.1 Ija Hunda Beekaa.**

Seenaan gosa ijaa kanaan seeneffamu ramaddii sadaffaatiin yoo ta’u, akkuma moggaasa isaa irraa hubatamutti seenessaan seenaa asoosamichaa seenessu gochaa achi keessatti dalagame mara beeka. Eenyummaafi maalummaa, fedhiifi hawwii, yaadaafi ilaalcha namfakkiiwwanii tokko tokkoon sirriitti kan hubateedha. Bakka hundatti yeroo kamiyyuu gocha dalagameefi dalagamuu yaadame hunda seenessuu danda’a. Seenessaan kun, akkuma Waaqaa waan hunda waan beekuuf Seenessaa Waaqaan qixxee jedhamee akka waamamu, yaada dhuunfaa isaa, amantaafi falaasama ofiisaa odeessuuf carraa bal’aa akka qabu,Wanta barbaade jechuu danda’uu isaafi waa’ee jireenyaa ilaalchisee amantaa ofii qabu ibsuufi hiika mataasaatii kennuu akka danda’u ni ibsa (Zarihuun 2003).

**Bu’aafi Hanqina ija hunda beekaa.**

Gosni ijaa barreessaan seenaa asoosama isaa ittiin dhiyeessuuf filatu kamiyyuu faayidaafi miidhaa mataa isaa akka qabu beektoonni ni ibsu. Gosni ijaa kunis, bu’aafi hanqina ni qaba. Zarihun (2003) akka ibsutti bu’aan ija kanaa seenessaan wanta seenaa asoosamichaa keessatti dalagamu hunda tokko tokkoon dubistootatti hima. Kanafuu dubbistonni odeeffannoo barbaachisaa ta’e hunda ni argatu. Odeeffannoon miliqe hafu hin jiraachuu dhiisuu isaa yoo ta’u, hanqina isaa immoo, dubbistootaafi namfakkiiwwan walirraa faggeessuu isaati. Kana jechuun gocha asoosamicha keessatti dalagame hunda waan tokko osoo hin hambisiin sababa dhiyeessuuf, dubbistoonni sammuu isaaniitti fayyadamanii wanta adda addaa akka hin xiinxalle taasisa. Kana malees, tokkummaa Seenaa asoosamichaa humna dhorka. Barreessaan asoosamichaa kun seenaa asoosamicha keessatti dalagameefi dubbistoota gidduu waan galuuf yookiin immoo namfakkii tokko

irraa gara namfakkii kan birootti darbaa waan seenessuuf walitti hidhamiinsaafi tokkummaa seenichaa laaffisuun miidhaa guddaa fiduu danda'a.

### 2. 1.1.1.4.1.2 Ija Hunda Beekaa Murtaa'aa.

Griffith (2011:45) waa'ee ija seenessaa hunda beek murtaa'aa yoo ibsu, "As with the omniscient narrators of the third person limited point of view refer to the charaters as"he" and "she" and still have more knowledge of the fictional world than we do of our worlds. But they restrict (limit) their perspectives to the mind of one character," jedha. Gosni ijaa kunis akkuma ija hunda beekaa ramaddii sadaffaadhaan seeneffama. Seenessaan kunis beekumsa nuti addunyaa keessa jirannuuf qabnu caalaa, waa'ee addunyaa asoosamichaa beekumsa hedduu qaba. Haata'u malee fedhii, yaadaafi ilaalcha namfakkii hundaa guutummaa gutuutti hinbeeku. Waa'ee gocha seenicha keessatti dalagamus ta'ee waa'ee namfakkiiwwanii beekumsi inni qabu murtaa'aadha.

Akkasumas, ilaalcha, amantaafi falaasama mataasaatii odeessuuf carraan inni qabu murtaa'aadha. Kana jechunis seenessichi waa'ee namfakkiiwwan asoosamicha keessatti argaman hunda hinbeeku. Kana malees, ilaalcha mataasaatii akka barbaade dubbachuu hin danda'u. Beekumsi inni waa'ee namfakkiiwwanii qabuufi yaada mataasaatii calaqqisuuf carraa inni qabu daangeffamaa ta'uu isaati.

**Bu'aafi Hanqina Ija Hunda Beekaa Murtaa'aa.**

Dubbistootaafi namfakkiiwwan walitti dhiyeessuudhaan ija hunda beekarra kan fooyyee qaba. Kana jechuunis, gaheen seenessaa murtaa'aa waan ta'eef yookiin eenyummaa namfakkiiwwanii guutumaa guutuutti waan hin beekneef dubbistoonni maalummaa namfakkiiwwan kanaa gocha isaaniirraa akka hubatan ni taasisa. Hanqina gosni ijaa kun qabu immoo seenichi kan dhiyaatu namfakkii filatame tokkoon waan ta'eef, dubbistoonni wanta namfakkiin filatame sun itti himu hordofuu malee daangaa kana darbuu hin danda'an. Akkasumas beekumsi namfakkii seenessaan filatame sun qabu, muraasa waan ta'uuf, odeeffannoo barbaachisaa ta'an dubbistoonni dhabuu akka danda'anidha ( Zarihun, 2003).

### 2. 1.1.1.4.1.3 Ija Ramaddii Tokkoffaa.

Ragaan interneetii irraa argame waa'ee ija ramaddii tokkoffaa akkas jechuun kaa'a. " In the first person point of view, the story is told by a character within the story,a character using the first person pronoun I "

Akka yaada kana irraa hubatamutti, gosa ijaa ramaddii tokkoffaatiin seenaan kan dhiyaatu namfakkii seenicha keessatti argamuunidha. Innis qooda maqaa 'Ani' jedhutti dhimma bahuun seenicha dhiyeessa.

Seenessaan 'Ani "jedhee wanta isa irra gahe, ofiisaa raawwate yookiin gocha nama kan biroorra gahe, gocha namfakkiiwwan kan biroo hojjetan seenessu kun haala seenaa asoosamichaafi filannoo barreessichaarratti hundaa`ee, namfakkii olaanaa yookiin namfakkii xiqqaa ta'uu danda'a. Yaada kana Klarer (1999: 22) "First person narrations can adopt the point of view either of the protagonist or a minor figure. The majority of novels in first person narration uses, ofcourse, the protagonist/main character as a narrator," jechuun ibsa. Akkasumas namfakkiin seenaa asoosamichaa dhiyeessu kun gocha ofii isaatii raawwate, seenaa mataa isaatii kan seenessu, kan himu yookiin gocha namfakkiiwwan kan biroon hojjetan, haala namfakkiiwwan kan biroo keessatti argaman, hordofee kan seenessu seenaa sana keessatti kan hin hirmaanne ta'uu danda'a.

**Bu'aafi Hanqina Ija Ramaddii Tokkoffaa.**

Seenessaan ija ramaddii tokkoffaatiin seenaa dalagame seenessu kun, seenaa asoosamicha keessatti argamu irratti kan hirmaate yookiin seenicha wajjin walitti dhufeenya kan qabu ta'ee haala gaariidhaan seenichatti dhiyaate waa'ee seenichaa kan hordofe waan ta'eef, seenicha akkuma jirutti seenessuu danda'a. Kana waan ta'eef, seenaan kallattii ija kanaatiin seeneffamu dhugummaa olaanaa qabaachuu danda'a. Kun bu'aa ija kanaati. Hanqina isaa immoo, ilaalcha barreessaatiif iddoo hin kennu. Kana jechuunis barreessaan asoosamicha barreesse ilaalchaafi hiika jireenyaaf qabu giddu gidduutti odeessuu, himuu hin danda'u. Kanaafuu, seenessaan "Ani akkanan ture akkanan godhe" jedhee seenicha seenessu sun dhimmoota tokko tokko garmalee ol kaasee yookiin gurra guddisee seenessuu danda'a. Kana malees, seenessaan kan seenessu gochawwan bakka namfakkii seenessaan sun itti argamu qofa. Kana jechuun akka ija hunda beekaa bakka tokko irraa bakka birootti daddarbee gochawwan seenicha keessatti dalagaman hunda ibsuu hin danda'u (Zarihun, 2003*).*

**2. 1.1.1.4.1.4 Ija Ak-diraamaa.**

Gosni ijaa kun eenyummaa, maalummaa, yaadaafi fedhii namfakkiiwwan asoosamicha keessatti argamanii dubbisaan gochawwan namfakkiiwwan dalaganiifi haasaa afaan isaaniitii bahu xiinxalee maalummaa isaanii akka hubatu kan taasisuudha.

Kana jechuun seenichi seenessaan kan namatti himamu akkasumas, barreessaan gidduu lixee ilaalchaa isaa kan ittiin kennu miti jechuudha.

Zarihun (2003) yoo ibsu, gosa ijaa kana keessatti seenessaan asoosamichaa gochawwan namfakkiiwwaniin dalagamaniifi ta'iinsoota asoosamicha keessatti mul'atan irratti ilaalcha yookiin yaada mataa isaatii kennuu hin danda'u. Seenaa asoosamichaa keessatti gochawwan dalagamaniifi walqunnamtiin namfakkiiwwan gidduutti mul'atu yookiin haalli namfakkiiwwan itti seenan akkuma jirutti dubbistootaaf dhiyaata. Gochi asoosamicha keessatti ta'eefi haalli namfakkiiwwan keessa jiran akka waan diraamaa yookiin do'ii waltajjii irratti ilaalamu ta'ee dubbistootaaf dhiyaata. Kanaafuu, dubbistoonni haasaa afaan namfakkiiwwanii keessaa bahu, wanta namfakkiiwwan dubbatan ni dhaggeeffatu. Gocha namfakkiiwwan dalagan hubatu. Kanarratti hundaa'ee fedhiifi yaada namfakkiiwwanii, rakkinaafi eenyummaa isaanii addaan baasanii hubatu. Dubbiifi gocha namfakkiiwwanii xiinxalanii, qoratanii, ilaalcha mataa isaaniitiin murtee mataa isaanii irra ga'u.

**Bu'aafi Hanqina Gosa Ija Ak-diraamaa.**

Zarihun, (2003) yoo ibsu gosni ijaa kun gama bu'aa isaatiin yommuu ilaalamu, seenessaan ilaalcha mataa isaatii osoo hin dabaliin gocha namfakkiiwwaniifi haasaa afaan isaaniitii ba'u akkuma jirutti dhiyeessuu isaati. Dubbistoonni gochaafi haasaa namfakkiiwwanii irraa maalummaa, amalaafi eenyummaa namfakkiiwwanii akka xiinxalan taasisa. Kun bu'aa gosti ijaa kun qabuudha. Gosni ijaa kun hanqinas ni qaba. Hanqinni gosa ijaa kana keessaa inni bu'uuraa, seenessaan gidduu gidduutti haalawwan tokko tokko irratti ibsa kennuu waan hindandeenyeef, dubbistoonni tokko tokko seenaa seeneffamu sana akka salphaatti hubachuu hin danda'ani.

**2. 1.1.1.4.2. Filannoo Gosa Ijaa.**

Barreessaan asoosama tokkoo seenaan inni hundeesse ija kamiin seeneffamuu akka qabu ofii isaatiif murteessa. Qabiyyee seenaan isaa of keessaa qabuufi waan asoosama isaatiin dabarsuu barbaade akkasumas, yoomessa namfakkiiwwan keessatti socho'an irratti hundaa'uudhaan gosoota ijaa keessaa kan mijatuuf filatee ittiin dhiyeessa.

Zarihun (2003) yoo ibsu barreessaan tokko gosa ijaa seenaa asoosama isaa ittiin seenessu kan murteeffatu qabiyyeefi amala seenaan asoosamichaa of keessatti hammatee jiru, kaayyoo gooroo bakkaan ga'uuf karoorfateefi namfakkiiwwan asoosamicha keessatti

argaman bu'uura taasifateeti. Kanaafuu, gosti ijaa barreessichi filatu, seenaa asoosamichaan seeneffamuu barbaadameefi goochawwan asoosamicha keessatti argaman walitti cuunfee dubbistootaaf kan dhiyeessuu danda'u ta'uu qaba.

Barreessitoonni asoosamaa akkaataa fayyadama gosoota ijaa irratti garaagarummaa akka qabanis yoo ibsu, barreesitoonni tokko tokko asoosama tokkko keessatti gosa ijaa tokko qofa fayyadamanii seenaa asoosamichaa dhiyeessu. Tokko tokko immoo, asoosama tokko keessatti gosa ijaa akaakuu lama kan fayyadaman jiru. Jarreen kun asoosama tokko keessatti boqonnaalee argaman keessaa hamma tokko gosa ijaa tokkoon seenessanii, boqonnaalee hafan immoo gosa ijaa kan biroodhaan seenessu. Yaada kana irraa akka hubatamutti asoosamni tokko gosa ijaa tokko qofaan yookiin gosoota ijaa lamatti dhimma ba'uun seenaan isaa dhiyaachuu ni danda`a. Gama biraatiin, asoosaan ija lama wal jijjiiree seenaa asoosamaa seenessu, jijjiirraa ijaa wayita taasisu of eeggannoo cimaa gochuu qaba. Sababiin isaas, gosa ijaa jijjiiranii dhimma ba'uun faayidaa argamsiisuu qofa osoo hin taane, miidhaa hordofsiisus waan qabuufidha.

Gosni ijaa faayidaa irraa oolaa ture tokko sababa quubsaafi haala dirqisiisaa malee akka tasaa yoo gara gosa ijaa birootti geeddarame, tokkummaafi walta'insa seenaa asoosamichaa diiguu ni danda'a. Dubbistoonni seenicha duraa duubaan akka hin hordofne gufuu itti ta'a. Eenyu waa'ee eenyuu akka dubbatu, ilaalcha barreessaafi yaada namfakkiiwwanii addaan baasuuf rakkisaa ta'a. Tokkummaan seenaa asoosamichaa walxaxee kaayyoon barreeffamichaa galmaan osoo hin ga'amiin hafuu danda'a.

Walumaagalatti, asoosaan tokko gosa ijaa mijataa ta'ee isatti mul'ate filatee seenaa asoosama isaa dhiyeessuu nidanda'a. Haata'u malee, filannoon ijaa kun kaayyoo gooroo qabatee ka'e galmaan gahuufii kan danda'u ta'uu qaba. Akkasumas, gosoota ijaa lamatti kan dhimma bahu yoo ta'e, jijjiirraa gosa ijaa taasisuuf sababii quubsaan jiraachuu isaa mirkaneeffachuun barbaachisaa akka ta'e hubachuun ni danda'ama.

**2. 1.1.1.5. Yoomessa.**

Yoomessi bakkaafi yeroo seenaan asoosamicha keessatti seeneffame itti raawwatame yookiin bakkaafi yeroo namfakkiiwwan asoosamicha keessatti argaman sun itti jiraataniidha. Addunyaan asoosamaa kan uumamu, dubbisaan itti affeerramu, bakka seenaan itti raawwateen olitti ilaalama. Sababiin isaas, siyaasa, aadaa, seenaa, amantii of

keessaa waan qabuufidha. Kana waan ta'eef, gocha raawwatamu sanaaf halluu ta'uudhaan akka sirriitti mul'atu yookiin calaqqisiisu gochuu nidanda'a. Kunis, amalliifi gochi namfakkiiwwanii yoomessa irratti hundaa'uu isaa mul'isa. Yaada kana Fedhasaa (2013: 73) Berhanu (1993) wabeeffachuun akka itti aanutti ibsa.

> *Yoomessi hojii asoosamaa keessatti haala seenaafi aadaa hawaasa sanaa, waa'ee namfakkiifi ergaa asoosamaa agarsiisa. Barreessitoonni waan argamuufi dhaga'amu xiinsammuun walqabsiisanii seenaa kalaqan keessatti addeessu. Akka kanaan, ergaan asoosama tokkoo yoomessa keessa akka ruuqamu taasisu. Yoomessi ergaa asoosama tokkoo mul'isuuf bakka olaanaa qaba jechuudha. Akkasumas yaadaafi ilaalchi hawaasaa yoomessa keessatti ibsama.*

Yaada armaan olii irraa kan hubatamu yoomessi ergaan asoosama tokkoo akka mul'achuu danda'u kan taasisuufi yaadafi ilaachi hawaasaa asoosama keessatti yoomessaan kan dhiyaatu ta'uusaati.

Zarihun (2003) maalummaa yoomessaa yoo ibsu, Yoomessa jechuun bakkaafi yeroo seenaan asoosamichaa keessatti seeneffame itti raawwatame yookiin bakkaafi yeroo namfakkiiwwan asoosamichaa keessatti argaman sun itti jiraataniidha. Bakkaafi yeroon asoosama tokkoos dameewwan adda addaa of keessatti hammatanii argamu. Namni addunyaa dhugaa kana irra jiraatu bakka keessa jiraatuufi yeroo itti jiraatu qaba. Namfakkiiwwan nama bakka bu'aniis akkasuma. Kanaafuu, asoosamni martinuu yoomessa qaba.

Barreessaan tokko asoosama isaatiif yommuu yoomessa kalaqu gochawwaniifi walqunnamtii namfakkiiwwan gidduutti mul'atu akkasumas jireenya hawaasaa irratti hundaa'eeti. Barreessaan namfakkiiwwaniif bakkaafi yeroo beekamaa ta'e yoo filuuf, jiruufi jireenyi namfakkiiwwanii, amalli isaanii yoomessa filatameef wajjin kan walfakkaatu ta'uu qaba. Gochi namfakkiiwwanii, fedhaafi hawwiin isaanii haala naannoo keessa jiraataniifi bara keessa jiraatanii addeessuu qaba.

Namfakkiiwwan ilaalcha, akkaataa jireenyaa, aadaafi amala baraafi bakka keessa jiraatanii kan addeessan yoo ta'e, yoomessa wajjin walitti hidhamiinsa kan qaban ta'u. Kanaan ala yoo ta'an, jechuunis gochiisaanii yoomessaa wajjin kan wal hin fakkaanne yoo ta'e amanamummaa hin argatu. Walumaagalatti, barreessaan yoomessa asoosama

isaa addunyaa dhugaa irraa/hawaasa dhugaan jiru irraa fudhachuu nidanda'a. Akkasumas, yaada ibsuu barbaade irratti hundaa'ee yoomessa caacculee asoosamichaa kanneen biroo wajjin deemuu danda'u, kalaqu yookaan immoo, seenaa yeroofi bakka hundatti raawwatamuu danda'u uumee yoomessa asoosama isaa daanga maleessa gochuu ni danda'a.

**2. 1.1.1.6. Namfakkii.**

Namfakkii jechuun namoota barreessaa asoosamaatiin uumamaniifi addunyaa asoosamaa keessatti argaman ta'anii yoomessa asoosamichi bu'uura taasifate irratti hundaa'un ilaalcha, amantaa, yaada, aadaa, jiruufi jireenya hawaasa bara sanaa kan calaqqisiisan bakka bu'oota namoota addunyaa dhugaa keessa lubbuudhaan jiraataniiti.

Kirszer and Mandell (1994:15) maalummaa namfakkii, "A character is a fictional representation of person usually psychologically realistic depiction," jechuun ibsu. Namfakkiiwwan kanneen caacculee asoosamichaa kanneen biroo wajjin qindaa'anii ilaalcha yookaan yaada barreessichi jireenyaaf qabu kan ittiin ibsatu meeshaalee olaanaa akka ta'anidha. Kana jechuun bakka bu'oota namootaa waan ta'aniif, barreessaan waan dubbachuu barbaadu isaan akka dubbatan, waan inniifi namoonni biroo yaadan, namfakkiiwwan akka yaadan, gochaan akka agarsiisan taasisa jechuudha. Kun immoo kan mul'achuu danda'u, yoo caacculee asoosamichaa kanneen biroo wajjin qindoomina gaariin yoo qabaatedha.

**A. Namfakkeessuu**

Namfakkeessuun akkaataa barreessan namfakkiiwwan itti kalaquufi dhiyeessuu akka ta'e ragaan interneetii irraa argame "characterization process by which fictional characters are presented/developed," jechuun ibsa. Fedhasaa (2013:74) "Namfakkeessuun namfakkiilee uumuudha. Haala ittiin barreessaan namoota, bineensotaa fi wantoota seenicha keessatti ga'ee taphatan amala namaa goonfachiisee mul'isu," jechuun ibsa.

**B. Mala kalaqqii namfakkiiwwanii.**

Barreessaan tokko namfakkii yommuu uumuu ilaalchaa dhala namaatiif qabuufi beekumsa dimshaashaa qabu irraa ka'uun bifaafi amala mataasatiifi kan namoota addunyaa dhugaa kana keessa jiraatanii ofiisaatii beeku bu'uura taasifata (Zarihuun, 2003). Haata'umalee, namfakkiin uumamu sun garagalcha nama sanaa osoo hin taane, namoota adda adda barreessichi jireenya isaa keessatti isa qunnaman irraa amala adda

addaa isaan qaban walitti fidee namfakkii tokko kan kalaqudha. Barreessaan tokko namfakkiiwwan yommuu uumu qabxiiwwan hordofuu qabu gosa adda addaatu jiru.

**I. Amala Isaaniif Kenname Qabatanii Turuu.**

Amala kennameef qabatanii turuu jechuun amala waggootii baay’eef nama tokko irratti mul’atu jechuu dha. Amalli kunis, uumama namfakkiiwwan asoosma keessatti argaman irratti mul`achuu qaba. Kana jechuunis, namfakkiiwwan jalqaba seenaa isaaniitii eegalanii hanga dhuma seenaa isaaniitti amala walitti fufiinsa qabu akka qabaatan ni barbaadama. Kunis, amala, gocha, yaadaafi fedhi isaaniitiin dimshaashumatti, amala isaanii isa keessaafi isa alaa irratti mul’achuu qaba. Jijjiirraan amala tasa dhufu jiraachuu hin qabu jechuudha (Zarihuun, 2003).

**II. Hanqina Qabaachuu.**

Dhalli namaa eenyummaafi amala walxaxaa ta’e qaba: karaa tokkoon gaarii yoo ta’e karaa biraan immoo hamaa ta’uu danda’a. Dhimma tokko irratti beekumsa yoo qabaate, kan biroo irratti immoo hubannoo wayituu dhabuu danda’a. Kana waan ta’eef, kalaqqii namfakkiiwwanii keessattis haalli kun calaqqisuu qaba. Akka ibsa (Zarihun, 2003)tti, hanqina qabaachuu jechuun namfakkiin tokko amalaaafi sansaka isaatiin goonkumaa kan hanqina hin qabne ta’ee kalaqamuu hin qabu jechuudha. Sababiin isaas, namni addunyaa dhugaa keessa jiraatu amala tokko qofa hin qabu. Sansakaan isaa gosa tokko qofa miti. Kana jechuunis sansakaan nama tokko ciminaafi dadhabinas kan qabu ta’ee amala walxaxaa ta’etu irratti mul’ata. Gochaafi amala isaa keessatti gaarummaanis, gadhummaanis ni argama. Fakkeenyaaf, namni baay`ee gaariidha jedhamu tokko amala hammeenyummaa xiqqoo ishee ni qabaata. Walitti dhufeenya namoota gidduutti mul’atunis, namni tokko isa tokkoof gara laafeessa isa tokkotti gara jabeessa k.k.f ta’uu danda’a.

Namfakkiiwwan fakkaattii namaa ta’anii asoosama keessatti argamanis, haala kanaan uumamuu qabu. Namfakkiiwwan asoosama keessatti argaman qaamanis ta’ee amalaan, dimshaashumatti jireenya isaaniikeessatti kanmudaa hin qabne ta’anii yoo kalaqaman dubbistoota biratti amanamummaa waan dhabaniif, amala namoonni addunyaa dhugaa keessa jiraatan qaban, jechuunis amala namummaa goonfatanii uumamuu qabu jechuudha.

**III. Walitti dhufeenya namfakkiiwwanii.**

Uumama namfakkiiwwanii keessatti qabxiin hubatamuu qabu kan biroon walitti dhufeenya gidduu namfakkiiwwaniitti mul'atuudha. Addunyaa asoosamaa keessatti namoonni argaman kunneen yoomessa keessa jiraatan, seenaa asoosamichaa keessatti jireenya jiraataniifi gocha dalagan irratti hundaa'ee walitti dhufeenya dhimma dhuunfaa irratti yookiin walitti dhufeenya jireenya hawaasummaa keessatti mul'atu qabaachuu qabu. Namni kophaa isaa hin jiraatu waan ta'eef, namfakkiiwwan gidduuttis walitti dhufeenyi wanta hafu miti.

Namfakkiin tokko namfakkii kan biroo wajjin sababa adda addaatiin walitti dhufeenya ni qabaata. Walitti dhufeenyi isaanii kunis gaarii yookiin gadhee ta'uu danda'a. Fakkeenyaaf, namfakkiiwwan asoosama keessatti argaman firaafi diina, barsiisaafi barataa, obboleessaafi obboleetti k.k.f ta'anii argamuudhaan walitti hidhamiinsa qabaachuu danda'u. Seenaan asoosamichaas babal'achaa, itti fufaa kan deemuu sababiiwwan walitti dhufeenya armaan olitti tuttuqamaniifi kanneen kana fakkaatan irratti hundaa'ee haalawwan uumamaniifi gochawwan dalagaman bu'uureffatee akka ta'e ni ibsa (Zarihun, 2003).

**C. Mala Namfakkiiwwan ittiin dhihaatan.**

Eenyummaa namfakkiiwwaniifi haala isaan keessa jiran dubbistoonni akka hubatan gochuuf, barreessitoonni tooftaalee gurguddoo lamatti akka fayyadaman beektoonni ni ibsu. Malawwan kunneenis kallattiifi alkallattiin dhiyeessuu kan jedhaman yoo ta'u, kallattiin dhiyeessuu jechuun eenyummaa namfakkii tokkoo kallattiin yookiin fuulleedhaan ibsuun agarsiisuudha. Alkallattiin dhiyeessuun immoo, eenyummaa namfakkii sanaa gochaan agarsiisuu ta'a. Yookiin immoo, namfakkiin biroon waa'ee isaa akka dubbatan gochuun ta'uu danda'a.

**2. 1.1.1.7 Ergaa.**

Ergaan yaada giddu galeessaa asoosamati. Kan barreessan deemsa seenaa asoosamichaa keessatti tuttuqu, kan walitti dhufeenya namfakkii, jaargocha yoomessa k.k.f. irraa uumamuufi kan dubbisaan qoratee hubatudha. Ragaan interrneetii irraa argame, "Theme isn't so much an element of fiction as much as the result of the entire story. The theme is the main idea the writer of the poem or story wants the reader to understand and remember," jechuun ibsa. Ergaan yaada guddaa asoosamichaa kan barreessaan dubbistoota hubachiisuu barbaade yoo ta'u, kan hubatamuu danda'u immoo, caacculee

asoosamichaa mara qorachuun akka ta'e agarsiisa. Trimmer (1995:3) irrattis, "Theme is the central and unifying idea about human experiance that grows out of all the other elements in the story," jedha. Yaadni kunis, ergaan caacculee asoosamaa kanneen biroo irraa akka argamu yookiin hubatamu agarsiisa.

Zarihun (2003) akka ibsutti, dhaamsi sadarkaalee adda addaa qaba. Kana jechuun ergaan ijoo ta'e asoosama dheeraa tokko keessa ni jiraata. Akkasumas, ergaaleen xixiqqoos ni jiraatu. Haata'u malee, ergaan inni ijoo ta'e isaan xixiqqoo irraa adda ta'ee hin dhiyaatu. Ergaalee xixiqqoon ergaa isa ijoo ta'e kan ijaaran, ifee akka mul'atu kanneen taasisanidha. Isaan gidduu walitti hidhamiinsa cimaatu jira. Walkeessa waan jiraniif tokko yoo waamamu inni biroon wajjin as baha. Yaada kana irraa akka hubatamutti asoosamni dheeraan tokko ergaalee xixiqqoo walitti qindaa'anii ergaa guddaa tokko dabarsan kan of keessaa qabuudha. Kanaaf, barruun asoosamaa tokko yaada wiirtuu ta'e tokko kan of keessaa qabuudha

### 3.2. Qeeqa Ogbarruu

Seenaan Jechi qeeqa (criticism) jedhu jecha afaan Giriik durii 'Kirites' jedhamurraa kan dhufe yoo ta'u, hiikni isaas madaaluu akka jechuuti (Habib, 2005). Haala ammayyaatiin, qeeqtonni ogumaa hiikaa madaaluu jedhurra xiinxaluu kan jedhu itti fayyadamu. Hojiiwwan kalaqaa xiinxaluu keessatti, qeeqniifi yaadiddamni oguma ittiin qeeqamu adda bahee kan ilaalamu miti. Oguma (aartii) qeequun hojii kalaqaa kanneen akka kitaabaa, asoosama, aadaa, doo'ii, taphaafi aartii ilaalchisee barreeffaman kallattiilee yaadiddamoota qeeqa oguma akka caasessummaa, diiganii ijaaruu, dubartummaa, Maarkistoota, bifiyyeefi xiinsammuutiin qo'achuu yookiin xiinxaluudha.

Yaadrimee qeeqaa Selden, Widdowsonfi Brooker (2005) akka ibsanitti, qeeqni dalagaa ulfaataafi xaxamaa ta'ee kallattii adda addaan oguma xiinxaluutti kan xiyyeeffatudha. Yaada kana deeggaruun hayyoonni Kalaidjianfi *kanneen biraa* (2004) yoo ibsan, oguma qo'achuun aartii barruun sun ittiin qindaa'e xiinxaluudha. Aartii barreeffamichaa hubachuuf immoo maloota ittiin qeeqaman addaan baafachuun barbaachisaa akka ta'e ibsu. Asoosama xiinxaluun adeemsa akka aartii tokkootti hojjetame ibsuu, akkamitti seenichi akka barreeffameefi yemmuu dubbifnu maaliif akka nutti tolu ibsuudha. Haaluma walfakkaatuun, qeeqni ogumaa qo'annaa hojiin kalaqaa yookiin hojiin aartii xiinxalamu, qoodamuufi hiikamudha (Abrams, 1999 fi Habib, 2005). Haata'u malee,

oguma qeequun dirqama hojiiwwan kalaqaa irratti hanqina barbaaduu jechuu miti. Bal'ifamee yoo yaadamu, oguma qeequun deemsa hojichaa, hiika, qindoominaafi miidhagina hojii kalaqaa xiinxaluudha (Tyson, 2006). Oguma xiinxaluuf immoo ogummaa ittiin qeeqan qabaachuun barbaachisaadha.

Hayyoonni Kalaidjian fi *kanneen biraa* (2004) akka ibsanitti, oguma xiinxaluuf beekumsa yookiin dandeettii ogumaa qabaachuutiin dabalata hojicha hubachuufis ogummaa dubbisuufi gadifageenyaan yaaduu yookiin xiinxaluu gaafata. Hojii asoosamaa xaxamaa ta'an hiikuuf namoota baay'eef uumamaan kan kenname miti. Gadifageenyaan xiinxaluun kan argamu beekumsaafi hubannoo waan ogumni fuula barruufi waltajjii irratti hojjetu keessaani.

Qeeqni ogbarruu qeeqa walalootiin walqabata. Amma hojiin kalaqaa asoosama dheeraa jalqabutti walaloon akka ogummaa kalaqaa waliigalaatti ilaalamaa ture. Kanaafuu, qeeqni jaarraa 18ffaa dura hojii walaloo irratti barreeffame kamuu akka qeeqa barruu kalaqaa hunda hammatutti fudhatama. Yaada kana Dutton (1884: 15), *"…any criticism* written before approximately 1800 may be understood as criticism of creative literature in general," jechuun ibsa. Ragaan interneetiirraa argame hojiin qeeqa hogbarruu umrii dheeraa akka qabuufi yeroodhaa gara yeroottis guddachaafi dagaagaa akka dhufe yoo ibsu, "literary criticism goes all the way back to the days of plato. Through the years, it has developed and grown, and ultimately provides us with parameters on how to study literature. Because there are a million different ways to dessect written works, such as novels or poems". Yaada armaan olii irraa kan hubatamu qeeqni hojii ogbarruu waggaadhaa waggaatti guddachaa kan dhufeefi kan guddatedha. Kunis, kan ta'uu danda'u walaloofi asoosamoota miliyoona hedduu hojii qeeqquufi xiinxaluu waliin kan wal qabatedha.

Zarihuun(2003) akka ibsutti, Maalummaafi barbaachisummaa qeeqa ogbarruu, akkaataatti hojjetuufi shoora inni biyya tokko keessatti taphatu ilaalchisee ilaalchawwaniifi hiikawwan hedduun irratti kennamaniiru. Barreessitoonniifi beektoonni ogbarruu irratti hedduu walmormaniiru; hedduus dubbataniiru. Kanarraa kan ka'es qeeqni ogbarruu bara Giriikirraa kaasee hanga har'aatti falaasamoonniifi ilaalchawwan adda addaa irrratti calaqqisiisaniiru.

Namoonni waa’ee isaa qorataniifi barreessan akka ragaa bahanitti qeeqni ogbarruu, hojii kanaan warra duraaniiti jehamanii kan maqaan isaanii dhahamu, Pilaatoofi Aristootil irraa kaasee hanga har’aatti yaadoleen adda addaa irratti mul’achaa, guddachaafi jijjiiramaa kan dhufe damee hojii ogbarruuti.

Qeeqa ogbarruu irratti yaadolee, ilaalchawwaniifi falaasamoonni adda addaa waan jiraniif, hiika waliigalaa kan yaada hunda isaanii walitti qabuuf mijataa ta’e lafa kaa’un rakkisaa ta’us, garaagarummaan isaan gidduu jiru akkuma jirutti ta’ee qabxiiwwan bu’uura ta’anirratti walitti dhiheenyaafi tokkummaa akka qabanis yoo ibsu, hojiin qeeqa ogbarruu baroota dheeraaf yommuu turu, falaasamoota bara baraan mul’atan irratti hundaa’un hiikawwan hedduun irratti kennamaniiru. Namni hojii kanarratti bobba’e tokkos falaasamaafi mala inni hordofu irratti hundaa’un hojii qeeqaa yoo raawwatu, ogummaa kanaaf hiika mataa isaa kennaa tureera. Haala kanaan qeeqtonni hedduun bara baraan waan ka’aniif, hiikni yaadolee isaanii walitti qabatuu danda’u kana jechuun jala muranii lafa kaa’un rakkisa ta’a jechuudha.

Ilaalchiifi malli hordofamu garaagara ta’uu isaaniitiin hiikawwan kennaman tokko ta’uu baatanis dhimmoota bu’uura ta’an irratti garuu, walitti dhiheenyi darbees tokkummaan jiraachuu hin oolu. Haala kanaan hiikawwan daangaa qeeqa hogbarruu dhiphisuufi bal’isuun kennaman arganna. Ragaan toora interneetii irraa argames, “Literary criticism provides some general guide lines to help us analize, deconstruct, interpret and evaluate,” jechuun ibsa. Kunis qeeqni hogbarruu hojii ogbarruu tokkoo xiinxaluu, hiikuufi madaaluuf kan karaa namatti agarsiisu ta’uu isaa ibsa.

### 2.2.1. Yaaxinaalee Ogbarruun Ittiin Qeeqamu.

Jecha qeeqa ogbarruu jedhuuf yeroo baay’ee namoota baay’ee biratti hiikni walfakkaataa ta’e hin kennamne yookiin walii namoonni irratti waliif hingalle. Sababni isaas, namoonni yeroo baay’ee jecha kana akka hanqinatti (negative) waan ilaalanifidha. Yeroo maras akka waan rakkinafi mudaa qofaatti kan yaadamudha. Jechi kun garuu hiika sanaan olii kan qabudha. Kunis jecha Giriiki irraa kan madde yoo tahu, hiikni isaa madaaluu yookiin murteessuu (judge and decide) jechuudha. Waa’ee bareedinaa, dhugaa, sona waan tokkoo ciminaafi hanqina isaa madaaluudha.Qeeqni dandeettii dubbisuu keenyaa gabbifachuun rakinoota mul’ataniif furmaata kennuudha. Dabalataanis waan dubbisanii hubataniif yaad-deebii kennuu danda’uudha( Gillipse: 2000).

Qeeqa ogbarruu ilaaluun dura maalummaa ogbarruurratti waa jechuun gaarii ta’a.Sababni isaas, waa’ee qeeqa ogbarruu yoo jennu wanti ijoon qeeqaaf dhiyaatu ogbarruu waan ta’eef. Namoonni hedduun ogbarruuf hiika kennuuf yaalanillee hiikni nama hundaan fudhatama argate hinjiru. Haaluma kanaan, namoonni adda addaa yeroo garaagaraatti kallatti adda addaatiin ogbarruuf hiika kennuuf yaalaniiru. F. Jones (1991:1) ibsa mataa isaa laateera. “Literature is kind of mirror that enable us to see ourselves better and to understand what we see. It help us to think about ourselves and understand our own lives” Jedha. Ogbarruun daawwitii jireenya keenya ittiin of ilaalluufi kanneen biroos keessatti ilaalluudha. Hiikni kun kallattiin qeeqa ogbarruutiin kan wal argatu fakkaata. Qeeqni ogbarruutis muuxannoo jireenyaa kana madaaluufi cimina barreessaan ittiin dhiyeessu xiinxaluu waan ta’eef lamaan isaanituu yaadota walkeessa jiraniidha.

Yeroo tokko tokko jecha qeequu jedhu kana namoonni baay’een akka jecha faallessaa ta’etti fudhatu.Haaluma kanaanis, namoota qeeqoo ogbarruu jedhamanis akka warra dogoggora barbaadoo ta’anitti fudhatamu. Yaaduma kana Kitaabni Doing Literary Criticism (2010:1) akkas jedha; Sometimes the word criticism puts people off, because in everyday use it has negative connotations. We use think of a ‘critic’ as the kind of grumpy person who seems to exist solely to find problems and stress faults. Haa ta’u malee, jechi qeeqa( criticism) jedhu kun jireenya keenya guyyaa guyyaa keessatti waan nurraa adda hin baanedha.

Waan hojjannu, waan ilaallu, waan dhaggeeffanu, waan fuunfannu, waan nyaannufi dhugnu, guutummaa waan jireenya keessatti dabarsinurratti yaada kennaa jiraanna.Yaadni kenninu kunis gaariis yaraas ta’uu danda’a. Yaadonni nuti kennaaa oollu kun immoo faallessuu hin jedhamu. Caalmatti xiinxala gadi fageenyaa nuti wantootaaf qabnu irraa kan madde ta’a malee. Kanaaf jechi qeeqa jedhu kunis kallattii lamaan kan ilaalamu yoo ta’u, hanqinaa fi cimina waan tokkoo walfaana ibsuu ta’aa jechuudha. Gama dhuftee jechichaatiin yoo ilaalle jechi “criticism” jedhu jecha Giriikii ‘Krites’ hiikni isaa murtii jedhu irraa dhufe jedhu barreeffamoonni adda addaa.

Habib M.A.R. (2005:9) akkasitti ibsa;

> Our English word “criticism” derives from the ancient Greek term *krites*, meaning “judge.” Perhaps the first type of criticism was that which occurred in the processof poetic creation itself: in composing his poetry, a poet would have made certain “judgments” about the themes and

> techniques to be used in his verse, about what his audience was likely to approve, and about his own relationship to his predecessor in the oral or literary tradition”

Akka waraabbii kanaatti, bu’uurri qeeqaa inni jalqabaa adeemsa kalaqa yaada jedhu ofkeessaa qaba. Namni hojii ogbarruu tokko kalaquun dura murteewwan garaagaraa waa’ee dhaamsaa, tooftaalee kalaqa sana keessatti itti dhimma bahu, hanga fudhatamummaa hawaasaa hojii kalaqichaafi k.kf murteessa.

Qeeqni ogbarruu hojii ogbarruu tokkoo hiika itti kennuu, xiinxaluu, qaaccessuufi madaaluudha. Ogbarruun immoo yeroodhaan kan hindangeffamnefi fedhii hawaasa hundaa kan taheefi hojiilee kanneen akka walaloo, diraamaa, asoosama, seenaawwan, taphaafi kkf kan hammatudha Kanaafuu akkaataa kanaan qeequu hojiilee ogbarruu adda adda qeeqa jechuu dandeenya. Walumaa galatti qeeqa ogbarruu jechuun hojii barreeffamaafi afaaniin daddarbuus haa tahu dubbisanii hubachuun, yaadasaa erga ofitti fudhanneen booda ciminaafi dadhabina isaa ija saayinsawwan madaaluudha. Bifa saayinsawwan yommuu jennu immoo malootni ittiin ogbarruu qeeqnu hedduun jiraachuusaa nutti mul’isa. Kanaafuu, maloota adda addaa jiran kana keessaa haalaafi yeroo garaagaratti akkaataa barbaachisummaafi ergaa isaan dabarsuu barbaadanitti itti fayyadamuun gaariidha.

Yaaxina jechuun adeemsa ogbarruun tokko ittiin hubatamuufi xiinxalamu yommuu ta’uu faayidaa ogbarruu, walitti dhufeenya barreessaafi barreeffamichaa, dubbisaa, hawaasaa, seenaafi afaan ittiin barreeffamee kan agarsiisu ta’uu isaa yaadni toora interneetii irraa argame “Theory is the process of understanding what the nature of literature is, what functions it has, what the relation of text is to author, to reader, to language, to society, to history. It is not judgment but understanding of the frames of judgment,” jechuun ibsa. Yaadni kun hojii ogbarruu tokkoo xiinxaluuf, yaaxinaalee qeeqa ogbarruu bu’uureeffachuun barbaachiisaa akka ta’e agarsiisa.

Yaaxinaaleen hojii qeeqa ogbarruutiif oolan hedduudha. Isaanis, hojii ogbarruu tokkoo karaa adda addaatiin kan ilaalan waan ta’eef, namni hojii ogbarruu tokko irrtti xiinxala taasisuus dhimma irratti xiyyeeffachuu barbaadu erga adda baaseen booda yaaxina dhimma sanaan walqabatu filachuudhaan hojii isaa gaggeessuu qaba.

Haaluma kanaan yaaxinaalee jiran hedduu keessaa hojii qorannoo kanaaf kan filatame yaaxina diiganii ijaaruuti.

#### 2.2.1.1. Yaaxina Diiganii Ijaaruu.

Yaaxinni diiganii ijaaruu hayyoota addaa addaan hiikni kennameefii jira. Galmeen jechootaa Afaan Ingilizii yoo ibsu "deconstruction is a philosopical theory of criticism (usually of literature or film) that seeks to expose deep- seated contradiction in a work by delving below its surface meaning" yaada kana irraa kan hubatamu yaaxinni diiganii ijaaruu yaaxina falaasama qeeqoo (ogbarruu fi filmi) falmii gadii fagoo (bal'aa) adda baasuu, hiika irra keessaa waliin wal bira qabuun hiika dhokataa bira ga'uu kan barbaadudha. Kana jechuun yaaxinni diiganii ijaaruu, hiika irra keessa jala waan jiru ifa baasuu irratti xiyyeeffata. Kunis, hiika dhokataa jechuudha.

Silverman (1989: 4) yaaxinni diiganii ijaaruu afee (text) tokko keessatti ta'ii ta'e maal akka ta'e irratti kan bu'ureeffatedha. Yaadni yaaxina kanaa hiikaa fi qaamolee kutaa afee sanaa osoo hin taane caalaatti mallattoo afeen sun afee biraa haala galumsaa fi cita afee biraa waliin qabu kan xiinxaludha. Kana jechuun yaaxinni diiganii ijaaruu akkaataa afeen tokko iftoomaa fi iftoomaan ala fudhatamuu isaa kan ilaaluudha. Kana malees, waan afeen tokko of keessaa qabuu fi of keessaa hin qabne kan agarsiisuudha. Leitch (1983:122) yaaxinni diiganii ijaaruu kan argamsiisu hojii dogoggoraan dubbisuu keessatti to'annoo fi waliigaluu diduu irratti sirna taasisudha.

Yaaxinnii diigaanii ijaaruu filoosoofera Jacques Derrida jedhamuun bara 1960 keessa kan hundeeffamedha. Yaaxinni diiganii ijaaruu mala hubannoo gidduu afeefi hiika jirudha. Faayidaan yaaxinni diiganii ijaaruu afee kenname yookaan dubbisa tokko keessatti haala fayyadama afaanii agarsiisuu fi walumaa galatti afaan wal xaxaa jijjiiramaa fi hin danda'amne kan agarsiisuudha ( Derrida's, 1967).

Giuseppe A. Stellardi (2007, 125) yaaxinni diiganii ijaaruu mala dubbisuu fi ogbarruuf hiika kennuu hedduu keessaa isa tokkodha. Faayidaan yaaxina diiganii ijaaruu dubbisaa gaaffii yaada fudhannaa aadaa fi wantootaa jibbamuu qaban akka jibbamu kan jajjabeessudha. Kana malees, bilisummaa dubbisaaf kan kennudha. Irra caalaatti immoo itti dhiyeenyaan walitti dhufeenya jechaa fi hiika giduu jiruuf xiyyeeffannaa afaan abbummaa qabu kan ilaaluudha.

Derridan mala yaaxina diiganii ijaaruu dagaagsuu isaatiin beekamaadha. Akka Habib (2005) ibsetti, diiganii ijaaruun faallaa ijaarsaa yoo ta'u, adeemsa dubbisuu, akkaataa barreessuufi adeemsi hiika barruu rakkisaa ta'uu agarsisuudha. Innis, adeemsa mala kanaan akka itti barruun tokko ofumaa of diigu agarsiisuudha. Yaada kana deeggaruun Yegenfi Abukan (2014:52**)** akkas jechuun ibsu:

> The deconstruction is the separation of the meaning not the text itself. According to Derrida, the deconstruction is the separation of the text by itself. The deconstruction basically analyses how the text differentiates itself and how the meaning changes. In this sense, the deconstruction, in opposition to the western metaphysics, is indeed the questioning of the language and the meaning again and always.

Yaadni armaan olii irraa hubatamuun kan danda'amu diiganii ijaaruun hiikaa gargar qooduudha malee barruu addaan qooduu miti.  Kana jechuun hiika baruu tokkoo dubbisaan kan kallattii adda addaan ilaalee ibsudha. Akka Derridatti diiganii ijaaruun barruun ofiisaa gargar ofdiigaa ta'uu ibsa. Kunis maaltu diigamee? Maaltu ijaarame jechuun dubbisaan barruu sanaa akka xiinxalaa deemuu kan taasisuufi gaaffilee kanneen akka sammuu isaa keessatti uumamu godha. Malli kun bu'uuraan barrichi akkatti ofumaa diigamaa akka ta'eefi akkatti hiikaan akka geeddaramu xiinxala. Haala kanaan diiganii ijaaruun falaasama dhugaafi beekumsaa warra Dhihaa faallessuun beekamu, qabatamaatti waa'ee afaaniifi hiikaa irra deddeebiin yeroo hundaa gaaffii kan kaasudha. Kanaaf, malli kun barruun ofumasaatiif akkamitti akka ofdiigeefi akkamitti akka of ijaaru sana boodas hiikaanis akkamitti akka jijjiirame agarsiisuudha.

Haaluma walfakkaatuun, qeeqni hojii oguma yaaxina diiganii ijaaruun gaggeeffamu hiikaan barruu mala kanaan bakka waljijjiiruu, waliif faallaa yookiin heddummina qabaachuu kan mul'isuudha. Yaada kana deeggaruun Castle (2007) yoo ibsu, diiganii ijaaruun yeroo baay'ee yaadni barruu durumaa dhaabataa akka hintaaneefi yaada waliif faallaa kan mul'isu ta'uu kan agarsiisuudha. Akkasumas, diiganii ijaaruun mala barruu hojiiwwan kalaqaa addaan diigamuufi deebi'ee immoo ijaaramuu ittiin agarsiisanidha. Yaada kana Hendricks (2016) akka ibsetti, diiganii ijaaruun caasaa barruu adda adda caccabsuu osoo hintaane, caasaan barruu sanaa duraan dursee ofdiigaa akka ta'e fi deebisee kan of ijaare ta'uu agarsiisuudha.

Walumaagalatti, diiganii ijaaruun diiguu osoo hintaane, barruu keessatti caasaa aadaa, falaasamaafi dhaaba gargar diigamee ijaarame agarsiisuudha. Tokkoon tokkoon sirna ijaarama caasaa hawaasaa barruu keessatti walqabatee jiru keessaa muraasa hammachiisuu dhabuun ni mul’ata. Diiganii ijaaruun sirnicha keessatti yaadolee ijoo adda diigaman akkasii barbaaduun, maaliif guutuu akka hintaaneefi walitti hidhatiinsaan akka hin ijaaramnefi akkamitti deebi’ee akka ijaarame agarsiisuudha. Kunis, diiganii ijaaruun caasaa barruu addaan diiguun deebisanii ijaaruun caasaan barruu sanaa ofumaa of diigaa ta’uusaa agarsiisuudha.

Qeeqni diiganii ijaaruu seenaa achii as dhuftee mataasaa kan qabuufi qeeqa oguma keessatti hedduu beekamaadha. Diiganii ijaaruun kan madde biyya Faransaay keessatti bara 1960’ boodadha. Hayyoonni Descartesfi Nietzsche yaada argannoo haaraa waa’ee diiganii ijaaruu warra burqisiisanidha. Derridaa, de Manfi xiinxaltoonni biraa immoo hojiiwwan xiinxaltoota duraanii kanneen babal’isuun yaadrimeewwan adda addaa dagaagsuufi ibsuun diiganii ijaaruutiif akka yaadolee jalqabaatti warra hojiirra oolchanidha. **(**Schmitz, 2007).

Ragaan tokko tokko akka agarsiisutti, diiganii ijaaruun sochii ogumaafi aartii keessatti hojiiwwan walaloo Roomaantikii keessa deebi’uun madaaluu wajjiin kan walqabatudha. Yaada kana Ellmann (1994: vii) yoo ibsitu, “The development of particular theories has seen a thorough transformation of literary criticism. For example, Marxist theory has revolutionized Shakespeare studies, and 'deconstruction' has led to a complete reassessment of Romantic poetry” jetti. Akka yaada kanaatti, dagaaginni yaaxinotaa addatti akka xiyyeeffannoo jijjiirama qeeqa ogumaatti ilaalamu. Fakkeenyaaf, yaaxinni Maarkisimii qo’annaa Shakespeare irratti jijjiirama addaa kan taasise yoo ta’u, yaaxinnni diiganii ijaaruu immoo gara walaloo Roomaantikii irratti madaallii irra-deebii guutuu taasisuu irratti xiyyeeffata. Kanaaf, yaaxinoonni hojii kalaqaa jijjiirama yeroo keessatti qeeqni ogbarruuwwanii kanaan dura turan irratti bu’uura kan taasifatanidha.

Yaaxinni diiganii ijaaruus akkasuma. Walakkeessa jaarraa $20^{ffaa}$ keessa xiyyeeffannaan qeeqa ogumaa bifaafi caasa barruuwwanii irratti ture. Bifa ogumaarratti kan hundaa’u bifiyyee yoo ta’u, isaan booda immoo kan hundeeffame caasaa ogumaarratti kan hundaa’u immoo caasessummaadha (Guney A.fi Guney K., 2008). Xiyyeeffannoo yaadiddama caasessummaa Castle (2007:154) yoo ibsu,

“Structuralism is the idea that human societies and their traditions can be understood according to universal and unchanging structures that are replicated in texts, artworks, rituals, and other modes of expression” jedha. Waraabbii armaan olii irraa hubatamuun kan danda’amu caasessummaan yaada hawaasummaafi duudhaan dhala namaa kan hubatamu caasaalee waliigalaafi hin jijjiiramne kan barruuwwan, hojiiwwan aartii, ayyaanotaafi haala ibsa biraa keessatti irra-deddeebiin oomishaman irratti hundaa’uuni.

Haa ta’u malee, falaasamni caasessummaan boodaa immoo caasessummaa irraa maquudhaan yaada isaa faallessa. Kunis, caasessummaan caasaa barruu barbaaduurratti yoo xiyyeeffatu, hayyuun caasessummaan boodaa diiganii ijaaruu Derridan immoo caasichi kan jijjiiramu, kan socho’u, kan wal mormu akka ta’e ibsa. Derridan mala diiganii ijaaruu kan adeemsa haaraa xiinxalaa hojiirra oolchuun beekamaadha. Hiikaan barruu oomisha garaagarummaa waan ta’eef, hiikaan dhaaba kan hinqabneefi yeroo mara jijjiiramaa ta’uusaa ibsa (Guney A. fi Guney K., 2007). Xiyyeeffannoo yaaxina diiganii ijaaruus, hafeewwan barruu sana keessatti argaman hiikaan waldiigaa walijaaraa deemuu isaanii, hiikaan barruu sanaa mit-murtaa’ummaa agarsiisuufi yaadoleen ka’an waliif faallaa ta’uu agarsiisuudha.

**2.2.1.2. Yaaxina Diiganii Ijaaruu fi Ogbarruu.**

Yaaxinni diiganii ijaaruu waa’ee afaanii kan ilaalu ta’ee jijjiirama, hiika garaagaraa kan qabu fi meeshaa walii galtee ti. Ogbarruun immoo kan uumamu walitti qindaa’ina afaanii irraatidha. Kunis jijjiirama afaanii, hiika garaa garaa qabaachuu afaanii fi meeshaa waliigaltee diiganii ijaaruun qabxii ijoo ilaaludha (Tyson, 2006).

Ogbarruun yookaan hojjiin ogbarruu tokkoof hiika dhaabbataa yookaan tokko qofa kennuun rakkisaadha. Hiikni gonkumaa dhugaafi tokko akkasumas, dhaabbataa ta’e hin jiru. Garuu yeroo tokko tokko dubbisaan afee tokko dubbisu hiika itti uumu jechuudha. Hiikni dubbisaan yeroo dubbisa yookaan afee tokko dubbisu itti uumuu hiika isaa dhugaa yookaan sirriidha jechuun rakkisaadha. Sababni isaa akka yaada diiganii ijaaruutti hiikni kallatti adda addaa kennamu kamiyyuu hiika isa xumuraa qofa akka hin taane yookaan jecha tokkoof hiikni kennamu garaagara ta’uu ibsa. Afeen ogbarruu (literary text) tokko kan ijaaramu yookaan qindaa’u afaaniin ta’e kan gosa adda adda wal irra tuulamee fi hiika wal dhiibuu yookaan hiika walitti bu’u inni tokko is a biraa wajjin walitti dhufeenya kan qabu fi isaa cimaadha.

Akka namni Robert Diyanni jedhutti qeeqaan tokko diiganii ijaarutti kan fayyadamu mala gadi fageenya haala afeen sun barreessaan diigamee ijaarame sana xinxala yookan qeeqa malee, qeeqan afee sana ofii isaatii diigee ijaara miti. Yaada armaan olii ilachisee Tyson (2006) waa'ee diiganii ijaaruu afee ogbarruu tokko qeequu keessatti wantoota lamaan bu'uura ta'n lama akka armaan gaditti ibsitee jirti.

1. Diiganii ijaaruun hiikaa afee tokkoo karaa garaagaraan odeeffannoo namaa biroof kennuudha. Yaadni kun kan agarsiisu hiikni afee ogbaruu tokkoo ifa kan hin taane, hiika tokko qofaan murtaa'uu hin dandeenye, hiika dachaa fi hiika wal dhiibu kan qabu ta'u kan agarsiisuudha. Kana jechuun afee ogbarruu tokko amma maal ibsa, gara fuulduraatti maal ragaa kan darbe hoo maal jedha kan jedhu odeeffannoo kallattii adda addaan nama biraaf kennuudha.
2. Afee sana keessatti waa'ee yaada uumama walxaaxaa ta'e odeeffannoo namaa biraaf dabarsuudha. Robert Diyanni (1998) hojii ogbarruu qeequu keessatti cheeklistii diiganii ijaaruuf gaaffilee barbaachisoo ta'an akka armaan gadiitii ibsa.
   A. Afee sana keessatti yaadni wal mormu jiraa? Yaada wal mormu lamaan keessaa kamtu aangoo cimaa qabaa?
   B. Afeen sun elementii (ibsa gadi fagoo, fakkii, ta'ii, keeyyata) yaada wal dhiibu kan aangoo cimaa qabu moo kan biratti yaada kennaa barreessaan?
   C. Afee sana keessatti yaadni garee tokkoo dhaabbataa kan ta'ee fi ilaalcha yookaan tilmaama aadaa irratti hojiin sun maal jedhaa? Tilmaamni yookaan ilaalchi afee sana keessatti kenname raga eessatti, akkamiitii fi maaliitii fayyadamee dhugoomsaa?
   D. Afee sana keessatti keeyyanni hir'ina jiru odeeffannoo nama biraaf yaada wal mormu ibsu kami?
   E. Bilisummaa afee sanaa keessatti yaada ibsachuurratti barreessaan qabu maal fakkaataa? Hiikni afee sana keessa jiru haala kamin ibsamuu danda'a?

#### 2.2.1.3. Dhiyeenya Yaaxina Diiganii Ijaaruu

Yaaxinni diiganii ijaaruu gosa murtaawaa dubbisa qaaccessuuti. Yaaxinni diiganii ijaaruu haala salphaan afeen ogbarruu tokko ittii dubbifamudha. Yaaxinnii diiganii ijaaruu afeen kamiiyuu abba dhimmaa fi irraawwatama akka of keessaa qabu ibsa. Karaa biraatiin

hojiirra oolmaa ogbarruu, ogumma, ogummaa ijaarsaa saayinsii, herreegaa filoosoofii, saayikoloojii, seeraa dame garaagaraa kan of keessaa qabudha (Johnson 1980:5).

Yaaxinni diigani ijaaruu hariiroo cimaa damee ogummaa addaa waliin qabu kana keessatti haala dhiyeenya hiika qaama lamaan wal mormuu kanatti dhimma ba'a. Haala dhiyeenya diiganii ijaaruu kanneen ta'an: diiganii ijaaruu yaada walii faallaa, diiganii ijaaruu hawaasummaa diiganii ijaaru femninzimii.

#### 2.2.1.3.1. Yaada walii faallaa

Qeeqni diiganii ijaaruu adeemsa yaada walii faallaa ta'an irratti ni xiyyeeffata. Tartiiba barruu diiganii ijaaruu keessatti, adeemsota lamatu hojiirra oolu: tokkoffaa, yaada walii faallaa ta'an agarsiisuu yoo ta'u, lammaffaa, kallattii kamtu olaanaafi gadaanaa akka ta'e ragaan agarsiisuudha (Derrida, 1981). Adeemsa jalqabaatiin, malli yaaxina diiganii ijaaruun barruu keessaa hojiirra oola. Adeemsa barruu keessaa hojiirra oolchuuf immoo, barruu keessatti garee xiyyeeffannoo hinqabne agarsiisuufi yaada walii faallaa ta'an keessatti jijjiirramuu yaadaafi gocha isaanii barruu keessa barbaaduudha.

Yaada walii faallaa ta'an ilaalchisee Tyson (2006) akka yaada Derrida fudhachuun barreessitetti, adeemsa afaan keenya muuxannoo keenya murteessuu xiinxaluuf, Derridan yaada sadarkeessummaa ergifachuufi jijjiiruun yaadrimee yaada faallaawwaniitiin muuxannoo dhala namaa bakka ittiin buusnu yaada faallaawwanii jedhamuun kaa'e. Fakkeenyaaf, akka yaadaatti jechi 'gaarii' jedhu jecha 'yaraa' jedhuun faallaa ta'uu hubanna. Haaluma walfakkaatuun, 'sababeessuun' faallaa 'miir-dhageettii', 'dhiirri' faallaa 'dubartii', 'qaroomina' faallaa 'duubatti hafaa' ta'uusaa hubanna. Derridan diiganii ijaaruu keessatti adeemsa walbiraa qabuutiin yaada faallaawwanii keessaa sadarkaalee xiqqaa, gadaanaafi xiyyeeffannoo hinqabnerratti xiyyeeffachuufi akkamitti akka isa guddaafi ijaaramaa jedhamu diigan agarsiisuudha (Ardini, 2017).

Adeemsa lammaffaatiin immoo, erga yaada walii faallaa ta'an barruu keessa jiran agarsiifneen booda, yaada walii faallaa keessaa jecha yookiin kallattii barbaachisummaa yookiin olaantummaa qabu agarsiisuudha. Yaada walii faallaa ta'an hojiiwwan kalaqaa keessaa barbaaduufi miseensa faallaa barbaachisummaa qabu adda baasuun yaada hojii kalaqichaa keessatti barbaaduun nidanda'ama. Caacculeen yaada walii faallaa lamaan guutumaan guutuutti faallaa kan hintaane, kan walirra oolan ykn waan waliin hirmaatan

qabu. Daangaan caacculee lamaan gidduu akka hinjirre ni'ibsa (Tyson, 2006). Yaada kana deeggaruun Ardini (2017:9) akkasitti ibsiti:

> *Determining the privileged term by revealing how the repressed, marginalized meaning can as well be central. For this phase reversal is needed in order to subvert the original hierarchy of the first term over the second. But eventually, one must realize that this hierarchy is equally unstable, and surrender to the complete free play of the binary opposites in a nonhierarchical way.*

Adeemsa kana keessatti immoo hiika yookiin yaada isa qarqaratti dhiibame gara walakkaatti fiduuf akkamitti inni caasaa irra caalaa ta'e qabu akka itti ijaarame adda baasuun agarsiisudha. Adeemsi gegeeddaruu kun, jecha sadarkeessa duraa sadarkeessa lammaffaarra ture jijjiiruuf barbaachisaadha. Yaada kana deeggaruun akka Hadid (2002) ibsetti, yaaxina diiganii ijaaruu daangaa jechoota yaada walii faallaa ta'an gidduu jiru diiguun akka isaan faallaa walii hintaaneefi dhaabbii hinqabne agarsiisuudha.

Yaada walii faallaa ta'an guutumaan guutuutti faallaa osoo hintaane, tokko gara tokkootti daangaa walitti cehuufi walirra bu'uu nidanda'u. Walumaagalatti, barruun mala diiganii ijaaruutiin yemmuu xiinxalamu karoorawwan lamatu tajaajilarra oola. Inni tokkoffaan sirna yaadaa diiganii ijaaruu yoo tahu, inni lammaffaa immoo mit-murtaa'ummaa hafee sanaa agarsiisuudha.

#### 2.2.1.3.2. Hawaasummaa.

Hawaasummaan adeemsa gareen yookaan gurmuun tokko miseensa garee isaa aadaa duudhaa isaa ittin barsiisu yookaan ittin leenjisuudha. Dhimma kana ilaalchisee Biqilaa (2008) marsaan interrneetii https://WWW.(28/02/2016) wabeeffachuun wa'ee hawaasummaa akka armaan gadiitti addeessa.

> *Socialzation is to acquaint indivduals with the norms of social groups or society. Socialization prepares future members to particpate in a group by teaching them the expectaions held by other group members. Socialzation is an important process for children, who are socialzed at home and school.*

Yaada armaan olii irraa hubatamutti hawasumman namoota duudhaa Safuu hawaasaa qabatanii jiratan kan taasisu yoo ta'u namoota miseensa garee hawaasa sanaa ta'an ykn da'imman hawaasichaa barsiisuuf gahee olaana akka qabufi hawaasummaan adeemsa da'iimman aadaa, duudhaa, haala jiruufi jireenyaa hawaasichaa barsiisuuf bay'ee barbaachisaa ta'eedha.

Hawaasni tokko jireenya isaa keessatti walitti gurmaa'ee yommuu bulu: aadaa, seera fi gamtaa tokko isa taasisee isa bulchu qaba. Adeemsi kun immoo guddinaa fi fooyya'ina fida. Waa'ee misooma hawaasaa tokko calaqqisiisa. Akkuma kanas walquunnamtii uummataa waliif birmachuun yookiin wal gargaaruun, wallaalaa gorsuun, beekaa caqasuufi kabajuun jiru hawasaati. Hawaasummaan leetoo qannoo nam-tokko yookiin maatii tokko utuu hin ta'in kan waliigalaati. Walitti qabaatti, guddinni hawaasummaa, guddina maatiifi bu'aa tattaaffii uummataati (Ababaayyoo Damisseefi kanneen biroo, 1995).

Hawaasummaan haala jireenyaa, yaadoleefi amala hawaasaa kan namni dhuunfaan yookiin gareen raawwatu yookiin itti jiraatudha. Hawaasummaan walitti dhufeenya gochaaleefi amantaa yaadaa dhalli namaa addunyaa kanarra jiraatu qabudha. Namoonni ilaalcha olaantummaa qaban gama sanyii, koorniyaa, barnoota, siyaasaafi gahee hawaasa keessatti qabaniin yommuu mul'isan ni argamu. Yaadni olaantummaa dhiiraa kan burqe aadaa warra dhihaa irraa akka ta'eefi qorattoota hawaasumma fudhatama akka hinqabnes hayyoonni tokko tokko ni'ibsu (Banks A. fi Banks M., 2010).

Qo'attoonni aadaa garuu ilaalcha namoota biraa irratti fe'amu kana dogoggora akka ta'e ibsu. Ilaalchi aadaa, siyaasaa, hawaasummaa, koorniyaafi beekumsaa addunyaa dhugaa irratti mul'atu addunyaa yaadaa kalaqa barreessitootaatiinis yommuu calaqqisu ni mul'ata. Kunis, seeneffamni ogumaa addunyaa yaadaatiin ijaaramu tokko ijaarsa jijjiiramaa aadaafi hawaasummaa uummata hojiin kalaqaa irratti xiyyeeffatee barreeffame sanaa calaqqisiisa.

Aartiin akka wanta jijjiiramaa aadaa isa kalaqeefi aadaa isa hiikuutti, meeshaa hubannaa aadaa, seenaa, afaaniifi ofii keenyaati (Tyson, 2006). Xiinxaltoonni ogumaa immoo aadaa oguma keessatti calaqqisu qeequun hubannaa hawaasaa cimsuun tajaajilu. Xiinxaltoota kanneen keessaa immoo qeeqtonni diiganii ijaaruu isa tokko.

Derridan yaaxina oguma diiganii ijaaruu wajjiin hariiroo cimaa kan qabu, sababeessuu yaada wiirtawaa aadaa warra dhihaa, amala gaarii, aadaa, hawaasummaa, siyaasaafi ogbarruu faallessuun (qeequun) beekama. Oman-Reagan (2017:10) yommuu ibsu, "a *Derridian deconstruction of a concept of culture that arose with the emergence of post-*

*structuralist theory*" jedha. Akka yaada kanaatti, yaadni Derrida diiganii ijaaruu waa'ee yaadrimee hawaasummaa kan jalqabe sababii yaadiddama caasessummaan boodaatiini. Dabalataan ijaarsa hawaasumaa yookiin waliin jireenya diiganii ijaaruu ilaalchisee Oman-Reagan (2017:12-13) Castro (2011) wabeeffachuun yommuu ibsu.

> *Derrida's strategy of deconstruction is a process of reversing dichotomies and attempting to find the internal contradictions within the dichotomies. Such deconstruction of dichotomy as an aim for the anthropological investigation of relativism also proposed. The purpose was to trace a line of flight past those dichotomies like unity/multiplicity, universalism/ relativism and nature/ culture that are like the bars of our metaphysical cage, so as to be able to have a look at that cage (as it were) from the outside.*

Yaada armaan olii irraa kan hubatamu tarsiimoon yaaxina diiganii ijaaruu Derrida adeemsa wantoota lamaan waliif faallaa ta'anii waljala dabarsuufi faallaa keessoo isaanii jiru barbaaduudha. Kaayyoon adeemsa diiganii ijaaruu akkanaa argannoo qorannoo aadaa bakkaan murtaa'eef mucucaataa agarsiisuuf kan wixineeffamedha. Faayidaan isaas, sochii daangaa rakkisaa wantoota lamaan waliif faallaa gidduutti ijaarame akka tokkummaa/heddummina, hunda galeessa/murtaa'aafi uumama/aadaa maqaa dha'uun nidanda'ama.

Qeeqni waliin jireenya yaaxina diiganii ijaaruu wajjin hariiroo qaba. Waliin jireenya gidduu walitti dhufeenya olaantummaafi sadarkeessaa jiru qeequu irratti xiyyeeffata. Hawaasa keessatti waa'ee waliin jireenya ilaalchisee kallattii olaantummaafi sadarkeessutu jira. Sadarkeessaan ilaalcha dhimmoonni waliin jireenya wajjin walqabatan walqixa kan jedhu yoo ta'u, ilaalcha olaantummaa immoo dhimmoonni adda addaa olaantummaa waliin jireenya dhuunfatamufi garee immoo akka dadhabdootaatti ilaala (Hooks, 1984).

Ilaalchi olaantummaa barsiifata waliin jireenya hawaasummaa keessaatti olaanaafi gadaanaa gaditti kan ilaaluufi olaantummaa kan calaqqisiisudha. Akka Quinn (2006:320) ibsetti, "Phallogocentricism suggests that, every aspect of language reflects male dominance and female oppression" jedha.

Wantoonni afaaniin mul'atan ilaalcha olaantummaa dhiiraafi gadaantummaa dubartii kan ibsudha. Hawaasummaan dubartii akka gad-aantummaatti ilaala. Dabalataanis,

dubartummaan dubartoonni dhiirotaan yoo walbira qabaman hawaasa keessatti akka hacuucamaniitti ilaala. Hawaasa olaantummaan dhiiraa keessatti calaqqisutti dubartoonni hacuucamuun moggaatti dhiibamanii ilaalamu. Aadaan dhiira akka dammaqaa, olaanaafi hojjetaatti ilaala. Dubartii immoo dadhabduu, gadaanaafi mana keessa turtuutti ilaala (Tyson, 2006). Kanaafuu, caasaan yaada walii faallaawwanii dhiira/dubartiifi dammaquu/dadhabuu keessatti jecha jalqabaa akka olaanaafi kan lammataa immoo akka gadaanaatti kan ilaaludha.

#### 2.2.1.3.3. Feminiizimii.

Diiganii ijaaruun feminiizimii mala ogbarruu qeeqoo hojii ogummaa gaaffii wantoota akka aadaa, hawaasumma, siyaasaafi diinagdee dubartoota irratti miidhaa yookaan dhiibbaa gaggeessan kan xinxaluudha. Feminizimiin irra caalaatti kan irratti xiyyeeffatu to'annoo warren dhiiraa diingdee, siyaasaa fi haawaasummaa irratti aangoo yookaan olaantummaa agarsiisaanfi dubartoonni waan hundaan qarqaratti dhiibamuu akka hin qabnefi wal qixxummaa dhiiraa fi dubartootaa jiraachuu qaba yaada jedhudha.

Tyson (2006) feminizimiin qeeqoo ta'e kara ogbarruun dhiibbaa yookaan cunqursaa karaa diinagdee, siyaasaa, hawaasummaafi xiinsammuu dubartootaa irratti taasifamu kan ibsamudha. Qeeqni feminiiziimii akka xiinxaluutti dubarattoonni haala jireenya keessatti hirmaataan kan qarqaratti dhiibaman yookaan cunqurfaman ta'uu ibsa.

Akka qeeqa feminizimitti hoggantootaa amantaa yookaan sirna amantaatti dhiiroonni haala jireenya dhimma hawaasummaa keessatti dubartootaa olitti olaantumma kan qabanidha. Elam (1987) yaaxinni diiganii ijaaruu fi qorannoo waa'ee dubartootaa gidduu walitti dhufeenya cimaatu jira. Feminizimiin waa'ee diiganii ijaaruu akkasumas, diiganii ijaaruun waa'ee femnizimii kan ilaaluufi gonkuma walirra hin bu'u. Kana malees, garaagarummaan isaanii akkuma jirudha. Poovey (1988:61) yaaxinni diiganii ijaaruu qaaccessafi xiinxala waa'ee qo'annoo dubartootaa (feminizimii) wantoota barbaachisan kan kennudha. Akka yaada isheetti yaaxinnii diiganii ijaaruu wantoota armaan gadii sadi gumaacha:

1. Tarsiimoon diiganii ijaaruu waa'ee feminiizimii seenaa, faallaa yookaan yaada wal mormu lama garagaraa barreesuu fi hiika waliigalaa waa'ee dubartootaa irratti jiru ifa baasuudha.

2. Yaaxinni diiganii ijaaruu yaada aangoo irratti hundaa’uun murtoo kennamefi loojiikii yaada lamaan wal mormu irratti dhiibbaa taasisa. Dhiibbaan yaadni kunis, akka ifa ba’u taasisa.
3. Yaaxinni diiganii ijaaruu yaada lama gidduu hundee jiru adda baasuu, akkasumas, yaada wal mormu adda baasuufi ifa baasuudhaan furmaata akka argatu taasisuudha.

Walumaagalatti diiganii ijaaruu feminizimii irra caalaatti qeeqa ogbarruu waa’ee dubartoota ilaalchisee hogantoota amantaa hundeessaniifi waa’ee koorniyaa irratti yaadi ka’u akka jijjiiramuu qabudha.

Hoggantoonni amantaa adda addaa koorniyaa guddisuu keessatti ga’ee guddaa qabu. Kana jechuun tokko olqabuufi kan biraa gadi buusuu keessatti jechuudha. Kunis dhiira akka yaada  cimaa qabu, jaba, ittisafi murteessaa yoo taasisan dubartoota immoo  yaada cimaa kan hinqabne, dadhabduufi guddistuu daa’immanii jedhanii yaaduufi fudhachuudha (Tyson, 2006) Dabalataan lammii Faransaay kan ta’e qo’ataan waa’ee dhimma dubartootaa ( feminizimii) kan ta’e Helen Cixous yaada wal mormu yookaan yaada walii faalla ta’an akka armaan gadiitti ibsa.

- Cimaa/ dadhabaa
- Aadaa / uumama
- Guyyaa /halkan
- Abbaa / haadha

Yaadonni walii faallaa armaan olii kun kan ibsu wanti dhaabbataan ta’e tokko akka hin jirre; kunis cimaa kan ture dadhabaa, dadhabaa kan ture cima, guyyaa kan ture halkan, halkan kan ture guyyaa jijjiiramuu kan danda’uu fi yaadonni walii faallaa dirqama waliin jiraachu qaban akka jirudha. Abbaan jiraachuuf faallaan isaa haati jiraachuu qabdi jechuudha.

### 2.3. Sakattaa Barruu Walfakkii.

Mata duree kana jalatti qorannoowwan mata duree kana waliin walitti dhiyeenya qabantu dhiyaata. Asoosamootni qorannoon kun irratti gaggeeffame asoosama bara 2018 Afaan Oromootiin maxxanfaman keessaa kan *dhiigni dhiiga hin dhabu* jedhu irratti kan xiyyeeffatedha. Mata dureewwan kanarratti hangaan argetti qorannoon gaggeeffame hinjiru. Haata’u malee, asoosamoota biroorratti ija yaaxina garaagaraatiin qorannoon

gaggeeffaman ni jiru. Kunis, qorannoon gaggeeffaman kun qorannoo gaggeeffame kana waliin tokkummaafi garagaarummaa ni qabu.

Fiqaaduu Qana'aa bara (2012) qaaccessa waldhabbii fakkoommii Asoosamoota Dhaabaa Wayyeessaa haala Godaannisaafi 'Dungoo Halkan sanaa" mata duree jedhurratti digrii lammafaa Afaan Oromoo Hogbarruun guuttachuuf qorannoo adeemsifameedha. Kaayyoon qorannichaas 'Asoosamoota godaannisaafi Dungoo Halkan sanaa' keessatti waldhabbiifi fakkoommii asoossessaan gargaaramee aadaa siyaasafi falaasama Oromoo ibsuuf yaale qaaccessuudha.

Qorannoo kanas boqonnaalee jahatti goodeera. Boqonnaa duraa seensa jalatti seenduuba, sababa, faayidaa, daangaa kaayyoofi mala qorannichaatu hammatame. Boqonnaa lammaffaa sakattaa barruuti. Boqonnaa sadaffaan qaaceessa waldiiddaafi fakkoommii asoosamoota Godaannisaafi Dungoo Halkan sanaa' qabatee dhiyaate. Boqonnaa arfaffaan cuunfaa barreeffamoota qorannoo kan hammateedha. Boqonnaa shanaffaan argannoo yoota'u boqonnaa jahaffaan immoo yaada furmaataa kaa'uun xumurame.

Abdii Waaggaarii, 2015) Qaaccessa Asoosamoota Tuulaa Cubbuu fi Ichima jaalalaa ija yaaxina bifiyyeetiin jedhu jalatti dhiyeesse immoo boqonnaalee afuritti qooduun kan dhiyeesseedha. Inni boqonnaa tokkoffaa jalatti seensa jalatti seenduuba, ka'umsa, kaayyoo gooroofi gooree, faayidaa, daangaafi mala qorannoo kan hammatamaniidha. Boqonnaa lammaffaan sakattaa barruu yaaxinaaleefi barruu walfakkiitu hammatame. Boqonnaa sadaffaa keessatti qaaccessa asoosamoota Tuulaa cubbuufi Ichima jaalalaa ija yaaxina bifiyyeettiin jedhutu dhiyaate. Boqonnaa arfaffaan Goolaba, cunfaafi yaboo hammachuun xumurame.

Taaddasaa Gaaddisaa, 2016/17 Asoosamoota bara 2016 Afaan Oromootiin maxxanfaman ija yaaxina bifiyyeetin jedhu wajjin tokkummaafi garaagarummaa qabu. Tokkummaan isaan qaban adeemsa qorannoon tokko keessa darbuu qabu hordofuun kan dhiyaatan ta'uu, seensa jalatti seenduuba, ka'umsa kaayyoo, barbaachisummaa qabaachuu yoo ta'u garaagarummaan isaaniimmoo mata duree adda addaa kan qaban ta'uu dha.

Walumaagalatti qorannoon armaan olitti eeraman hundu qorannoo gaggeeffame kana waliin tokko kan isaan taasisu hundi isaanii asoosama irratti gaggeeffamuu isaaniiti. Kana

malees Asoosama Afaan Oromoo barreeffame ta'uu isaati. Garaagarummaa isaan gidduu jiru yaaxina adda addaatiin kan qaacceffamaniifi qaaccessi asoosama '*dhiigni dhiiga hin dhabu'* yaaxina diiganii ijaaruu bu'uura godhachuun yaada walii faallaa ta'an, diiganii ijaaruu haawaasummaa fi diinagdee irratti xiyyeeffachuun adda isaan taasisa.

# BOQONNAA SADI: SAXAXAAFI MALA QORANNICHAA.

Boqonnaa kana jalatti kanneen hammataman qorannoo kana gaggeessuuf mala qorataan fayyadamedha. Isaaniis: saxaxa qorannichaa, mala iddatteessuu, mala odeeffannoon ittiin funaanaman, sakkatta dookumantifi adeemsa qorannichaa kan hammatudha. Haaluma kanaan mata dureewwan kunneen walduraa duuban akka armaan gaditti tokko tokkoon ibsamanii jiru.

### 3.1. Saxaxa Qorannichaa.

Kaayyoon qorannoo kanaa asoosama *dhiigni dhiiga hin dhabu* jedhu ija yaaxina diiganii ijaaruutiin qeequdha. Kana gochuuf immoo qoratichi mala qorannoo akkamtaatti dhimma bahe. Sababni isaatis odeeffannoon qorannoo kanaaf oolu kan lakkoofsaan ibsamu osoo hintaane kan jechaan qeeqamu waan ta'eefi. Yaada kana Dastaan (2002:20) "Qorannoo mala akkamtaatiin gaggeeffamu keessatti odeeffannoo argamu mala ibsaatiin dhiheessa" jedha. Qorannoo kana keessatti qoratichis mala kana kan fayyadamedha.

Qorannoo kana keessatti odeeffannoon argame gadifageenyaan ragaan deeggaramee kan qaacceffamedha. Addunyaa (2011:11) yaada kana yoo ibsu "Ciminni qorannoo akkamtaa gaaffiiwwan akkam? Maaliif? Jedhan kaasuun gadi fageenyaan xiinxaluu irratti humna waan qabuuf, amanamuufii hubannoo babalisuuf haala mijeessuu isaati" jedha. Kanuma ka'umsa godhachuun qorataanis mala akkamtaa fayyadamuun qorannoon kun kan gaggeeffamedha.

### 3.2. Mala Iddatteessuu.

Qorannoo tokko gaggeessuuf iddattoo filachuun barbaachisaadha. Iddattoon qorannoo keessatti bakka tokko qofatti osoo hintaane sadarkaa adda addaatti ilaalamee filatama. Haaluma kanaan iddattoon qorannoo kanas asoosama *dhiigni dhiiga hin dhabu* jedhu asoosama kanneen biroo keessaa bifa iddattoo akkayyootiin filatamee qeeqamee kan dhiyaatedha.

Akkuma daangaa qorannoo jalatti ibsuuf yaallametti kan qorannoon kun ilaallatu asoosama *dhiigni dhiiga hin dhabu* jedhu yaaxina diiganii ijaaruutiin kan qeeqamedha. Kanummarraa ka'uun qorannoo kana keessatti iddaattoon itti fayyadamne ragaalee asoosamicha keessatti argaman fudhachuun ergaa asoosaan dabarfachuuf yaale hagam akka galmaan gahaniif kan sakatta'amedha.

Qorannoo tokko keessatti iddattoo fayyadamuun barbaachisaa akka ta'e Berg (2001:32) yoo ibsu, "when developing purousive sample, researchers use their knowledge or expertise about some group to select subjects who represent this population," jechuun yaadicha cimseera. Gama biraatiin gosti qorannoo akkamtaa baay'inaan gocha, haaloota yookiin dhimmoota ibsuurratti waan xiyyeeffatuuf, dhimmi iddattoo xiyyeeffannoo guddaa kan hinqaabaannedha.

### 3.3. Mala Odeefannoon Ittiin Funaanaman

Qorannoon qulqulina dhugaa hawaasa tokko keessa jiru bira gahuuf mala funaansa odeeffannoo adda addatti gargaaramuu danda'a. Fakkeenyaaf, qorataan wantoota garaagaraa haala adda addaatiin walitti qabatee odeeffannoo funaannachuu nidanda'a. Haaluma kanaan qorannoon kun xiyyeeffannoon asoosama *dhiigni dhiiga hin dhabu* jedhu yaaxina diiganii ijaaruutiin qeeqame waan ta'eef, yaada asoosamicha keessatti argaman mala sakatta'a dookumantiitiin funaanuun odeffannoo funaaname qabiyyeefi ergaa isaan dabarsan irratti hunda'uun erga qindeeffamee booda kan qaacceffamedha. Kanaaf, malli funaansa odeeffannoo qorannoo kana keessatti dhimmi itti bahame mala sakatta'a dookumantii yoo ta'u ragaan funaanames asoosamichuma keessatti kanneen argamaniidha.

### 3.4. Sakatta'a Barruu.

Sakkatta'a barruu jechuun adeemsa qorannoo tokko gaggeessuu keessatti tooftaa qorannoo sana fudhatamaafi dhugummaa isaa mirkaneessuuf kitaaba, galmeefi barreeffamoota bifa adda addaattiin taa'an qaaccessuun ciminaafi hanqina qabiyyee isaanii ibsuuf kan gargaarudha. Yaaduma olii kana deeggaruun Dastaa (2011:131) yoo ibsu, "Barreeffamoonni akka odeeffannoo qorannootitti nama fayyadan hedduutu jira. Isaan keessaa kanneen akka waraqaa ragaa, kitaabilee, xalayaa, nagahee, ajandaa, qaboyaa'ii, barreeffama murtii, yaadannoofii kanneen kana fakkaatan ta'uu danda'u." jechuudhaan ibseera. Gama birootiin immoo akkaataa kamiin odeeffannoon funaanamuu akka qabu adda baasuun barbaachisaadha. Inni kunis odeeffannoon funaanamu bifa lakkoofsatiin osoo hintaane bifa jechaatiin kan funaanamuu ta'a. Kanumarraa ka'uun odeeffannoon funaaname kunis, mala al-lakkoofsatiin yookin jechatti gargaaramuun kan ragaan qorannoo ittiin funaanamedha.

**3.6. Malleen Qaaccessa Ragaalee.**

Mala qaaccessa ragaalee jechuun, ragaalee funaanamurratti hundaa'udhaan kan qoratichi argannoo isaa itti mirkaneessuun mul'isudha. Qoratichis qorannoo matadureen isaa asoosama *dhiigni dhiiga hin dhabu* jedhu yaaxina diiganii ijaaruutiin kan qeeqamedha Mala qaaccessa ragaalee qorannoon tokko ittiin gaggeeffamu keessaa, mala akkamtaatifi mala ammamtaa jedhamuun bakka lamatti qoodamu. Qoratichis qorannoo isaa kana keessatti malli dhimma itti bahe mala akkamtaati jechuudha. Qorannoo kana keessatti karaan ragaaleen qorannoo ittiin qaacceffaman karaa tokkooni. Kunis, mala qaaccessa ragaa sakatta'a barruuti. Kunis jalqaba yaadoonni asoosamicha keessatti argaman erga asoosamicha keessaa tokko tokkoon funaanamanii booda qabiyyeefii ergaa isaan qaban irratti hundaa'uudhan kan qaacceffamedha. Kana malees, odeeffannoo funaanuuf malli funaansa odeeffannoo qorataan itti fayyadame mala sakatta'a barruuti.

# BOQONNAA AFUR: XIINXALA RAGAALEE.

## *4.1.* Qeeqa qola kitaaba asoosamaa dhiigni dhiiga hin dhabuu

### Qeeqa qola kitaaba jalqabaa

Qola kitaabaa jalqabaa gubbaatti mata dureen kitaabichaa dhiigni dhiiga hin dhabuu halluu diimaan kan katabamedha. Kunis kan agarsiisu yaadbuu'uura mataduree kanaafi haalluu diimaan kun immoo yaada dhiiga jedhu ibsuuf kan gargaarudha. Yaada bu'uura dhiiga jedhu irratti hundaa'uun qabxiilee kanneen akka firi, hiriyaafi alagaa jedhu xiinxaluuf dubbisaan akka xiinxalu karaa kan saaqudha. Kunis dubbisaan ariitiin maal jechuu akka ta'e dubbisee hubachuuf akka ariifatu taasisa.

Fuula jalbaa kana gubbatti xiqqoo gadsiqee bareeffama asoosama dheeraa kan jedhu halluu adiin barreeffamee ni argama. Kunis kan agarsiisu yaada ijoo asoosama sana keessa jiru gabrummaafi bilisummaa jedhu keessaa bilisummaa kan jedhu akkasumas, hiyyeessa/ duress jedhu keessaa dureessa kan agarsiisudha.

Fuula kitaabaa kana gara giddu galeessa keessatti ijoollee daa'ima xiqqoo baattee karaa gubbaa uffata ciccitaa uffatanii, kaartonii irra taa'uun argaman ni mul'ata. Kana malees, miila qullaafi wal baatanii mugaa akka jiran ni mul'ata. Meeshaaleen naannoo kanatti argaman immoo bishaan hayilaandii xiqqoo keessa jiruufi kuusaa meeshaa kan ta'e tokko ni argama. Kunis kan agarsiisu seenaa asoosama kana keessatti nam fakkii ijoo kan ta'n Barriteefi Almaaz Hordofaa haala jireenyaa isaanii karaarra jiraatan ibsuuf kan dhimma itti bahamedha.





**Madda**. Suura fuula kitaaba asoosamaa dhiigni dhiiga hin dhabuu qorataan gaafa guyyaa 25/01/204 bibilaa kaafamee kan fudhatamedha.

### Qeeqa Qola Kitaaba Duubaa

Qola kitaaba kanaa karaa duubaatiin jalqaba harka bitaatti suura mudhii ol kan ta'e harka tokko harka isa biraatiin utubuun kan argamudha. Suurri kunis barreessaa kitaaba kanaa ta'uu yaada barreessa waliin qindaa'uun kan ibsamedha. Duuba suura kana duuba halluu diimaan dibamee jira. Hiikni halluu diimaa kunis hiika dhiiga jedhu yaada asoosama keessatti dhimma itti bahame sana kan ibsudha. Gama harka bitaattiin immoo yaada barreessatu katamee jira. Yaadni katame kunis ergaa asoosama  kana gabaabsee ibsuuf kan yaalamedha.

Xiqqoo gadi siqee yaadota asoosama keessatti barreeffamantu katabamee jira. Gara dhumaatti karaa bitaatiin dhaabbata maxxansaa kitaaba kanaa kan ta'e Wegeta priting press fi lakkoofsa bilbilaatu barreeffama argama. Karaa harka mirgaatiin immoo gatii gurugurtaa kitaaba kanaa kan ta'e qarshii 100 jedhutu barreeffame argama.




**Madda**. Suura fuula kitaaba asoosamaa dhiigni dhiiga hin dhabuu qorataan gaafa guyyaa 25/01/204 bibilaa kaafamee kan fudhatamedha.

### 4.2. Cuunfaa Jaargocha Asoosama Dhiigni Dhiiga hin Dhabu

Asoosamni *dhiigni dhiiga hin dhabuu* namfakkiiwwan akka Bariitee, haadha Bariitee (Almaaz Hordofaa) Baalchaa, Tolasaa Kennaa (Margaa) faa kan seeneessuudha. seenaan asoosamichaa kan eegalu haati Bariitee magaalaa Adaamaatti bakka daa'imman itti guddifaman osoo jiraachaa jirtuu; bakki jiraatan baay'ina daa'imman irraa kan ka'e gara magaalaa Finfinnee damee isaa birootti akka deemuu qaban itti himame. Finfinnee dhufanii, akka konkolaataa irraa bu'aniin lolli uumamee sababa kan irraa kan ka'e, nama isaan fideefi hiriyyoota waliin dhufan waliin wal dhaban. Namoota waliin Finfinnee dhufan keessa namni ishee waliin hafe Kennaa qofadha. Nama beekaan waan hin qabneef naannoo sana yeroo dheeraaf karaarra jiraataa turan. Sana booda gara naannoo Birbirsa Gooroo jaarsa Baalchaa jedhamu waliin jiraataa turan. Baalchaan aadaa, eenyummaa, seenaa, isaan barsiisaa ture.

Kennaafi Almaaz guyyaa tokko yakka hojjetanii bulan. Erga gaafa sanii nama Kennaa jedhamu argitee hin beektu. Kana malees, guyyaa biraa galgala namichi furdaan tokko humnaan qabee yakka irratti raawwate. Eenyu akka ta'e hin beektu. Haala kanaan ulfooftee intala Bariitee jedhamu deesse.

Bariiteefi haati Bariitee karaa Caffee Araaraa irra yeroo dheeraaf jiraataa turan. Bariiteen haadha ishee malee abbaan ishee eenyu akka ta'e hin beektu. Abbaan ishee eenyu akka ta'e garuu, halkanii guyyaa ni gaafatti. Maqaa abbaa ishee eenyu akka ta'e murteessuu rakkachuu haati Bariitee itti himte. Haati Bariitee ofii isheetii haadhaafi abbaan ishee eenyu akka ta'ee akka hin beekneefi mana guddisa daa'immaniitti nama ishee geesseen akka waamamaa jirtuufi innis eessa akka jiru kan hin beekne ta'uu itti himte. Akkuma kana kan Bariites, namicha furdaa sanaa fi Kennaa keessaa eenyu akka ta'uu qabu hin beeku jetteen. Booda walii galanii maqaa abbaa ishee Kennaa jedhanii moggaasan.

Haala kanaan osoo jiraatanii namni Tolasaa Oromoo jedhamuu gara jireenya isaanitti dhufe. Innis karaa irraa isaan kaase. Mana isaa keessas yeroo dheeraa jiraataa turan. Bariitenis barnoota ishee barachuu itti fufte. Sababa haati manaa obbo Tolasaa Azeeb Afaan Oromoo akka dubbatan dhorkiteen, eenyummaan keenya dhiitamuu hin qabu jechuun jireenya karaarraatti deebi'anii jiraachuuf murteessan. Obbo Tolasaan mana kireesseefi akka jiraataan taasise. Haati Bariitees, buna danfisuun jireenya isaanii gaggeessuu eegalte. Bariiteenis barumsa ishee cinaatti hojii maajikiitiin beekkamuun dorgommii adda addaa mo'attee qarshii hedduu argatte. Sana booda Hootela Miila Bakar Waaree jedhu banuun hojii eegalan. Bariitenis barnoota sadarkaa 2$^{ffaa}$ xumurtee Yuunivarsiitii Haromayaatti ramadamte. Ta'us, ji'a jaha booda sababa haati ishee dhibamteef gara Yuunivarsiitii Finfinneetti jijjiirratteetti.

Dureessaan ilmi margaa barnootaa sadarkaa 2$^{ffaa}$ xumuree erga Yuunivarsiitii Finfinneetti ramadamee reefuu ji'a jaha guuta. Dureessaan nama Bariiteen gargaartu hedduu keessaa isa tokko. Dabalataan hootela isaanii keessatti hojiin uumameefi jira.

Baalchaan ayyaana Irreechaa kabajuuf Finfinnee irraa gara Harsadeetti deemsa miilaa eegaleera. Bariiteefaanis ayyaana Irreechaa kabajuuf qophii adda addaa taasisaa jiru. Osoo haala kanaan jiranii abbaan Dureessaa obbo Margaan du'uu bilbilaan dhaga'an. Naasuun ka'anii deemsa gara Baatuutti eegalan. Obbo Margaan jireenyaa Finfinnee erga dadhabanii gara bakka dhaloota haadha manaa isaa aadde Hinseenee Abarraatti deeman. Baariiteenfaa osoo deemaa jiranii nama karaarratti gombifamee jiru tokko argan. Bira ga'anii yoo ol fuudhaan waraqaan keessa bu'e. namichi du'eera. Waraqaan sun abbaa Almaaz ta'uu ibsa. Kunis obbo Baalchaa kan magaalaa Finfinnee keessa waliin jiraachaa

turte sanadha. Innis maqaa isaa Hordofaa irraa gara Baalchatti kan jijiirrate ta'u isaa ni ibsa.

Haati Bariitee boossee lafarra gangalatte. Kanumaan reeffa fe'anii gara Baatuutti deemsa eegalan. Akkuma Baatuu ga'aniin mana boo'ichaa olseenan. Haati Bariitee osoo bo'aa jiranii suura tokko dhaabaa manaa irratti argite. Suuta jettee Duressaa ofitti waamtee kanaan wal beektuu jettee gaafatte. Abbaa isaa (Margaa) ta'uu itti hime. Kennaa jechuun isa kana jechuun Bariiteetti maramtee boo'icha eegalte. Haala kanaan Baalchaafi Margaan bakka tokkotti awwaalaman. Maatiin obbo Tolasaa erga Galaaneen Maqaleetti heerumtee booda ilmi isaanii Zalaalam Yuunvarsiitii Madda Walaabuu irraa yeroo eebbifamu abbaa isaa balaa konkolaataan dhabee kaasee; haadha isaa yaalii dheeraa booda fayyifate. Sana booda GIDDUU GALA QORANNOOF QO'ANNOO SIYAASAAFI SEENAA OROMOOTAA jedhu hundeessuun sadi ta'anii (Bariitee, Zalaalam fi Dureessaa) ta'anii hojjechuu eegalan. Bariiteefi Zalaalam oolanii bulanii jaalala jalqaban natti fakkaata jechuun xumurame.

## 4.3. *Cimina asoosama dhiigni dhiiga hin dhabuu yaaxina diiganii ijaaruun Qeeqaman*

Mata duree kana keessatti, namfakkiiwwan Haadha Bariitee (Almaaz Hordofaa), Bariitee, Margaa (Kennaa) Baalchaa, (Hordofaa) Tolasaa Oromoo, aadde Azeeb, Dureesaaafi Zalaalam asoosamicha keessatti kallattii faallaa adda addaatiin namfakkiiwwan seenaa asoosama kanaa caasaa sadarkeessaa gara miti-sadarkeessaatti jijjiiramuun daangaan gidduu yaada walii faallaa ta'an kanneen akka jaalala/jibba, gabrummaa/bilisummaa hiyyeessa/dureessafi barachuu/barsiisuu akkamitti akka dhaabbataa hintaanefi jijjiiramaa ta'an kan agarsiifamedha. Kana malees, dhimmoota diiganii ijaaruu diinagdeefi hawaasummaa barruu sana keessatti argaman namfakkiiwwan wajjin walqabsiisuun qaacceffameera.

### 4.3.1. Yaada Walii Faallaa.

Yaada walii faallaa yookaan wal morman asoosama dhiigni dhiiga hin dhabu jedhu keessatti argaman mata dure adda addaatti qoodamuun akka armaan yaaxina diiganii ijaaruun xiinxalamanii jiru.

#### 4.3.1.1. Jaalala/Jibba.

Aadde Azeeb obbo Tolasaa namummaa isaa ni jaalatti. Kan walitti isaan fide jaalala ta'us, eenyummaan isaanii gidduu isaaniitti jibba uumeera. Daa'ima isaaniif maqaa moggaasuuf lamaan isaanii karaa hidda (qomoo) isaanii ilaalu. Kana irratti walii galuu hin dandeenye. Kiyyatu ta'aa, kiyyatu ta'aa irratti wal lolu. Kun immoo jireenya isaanii keessatti jaalalli osoo jiruu jibbi cimaanis uumamee jira. Yaada kana kan ibsuu asoosaan akka armaan gadiitti asoosama keessatti ni argama.

> *Obbo Tolasaaf aadde Azeeb gidduu garaagarummaan qomoo jiraachuun isaa walitti bu'insa isaanitiif dhagaa bu'uuraa cimaa ta'eera. Imala jireenyaa hanga ammaatti wajjin imalan keessatti daa'imni yoo isaaniif dhalatu maqaa moggaasuun waan akka laayyootti ilaalamu miti. Aadde Azeeb maqaan daa'ima kootiif mogga'u hidda koo ibsuu qaba! Osoo ani lubbuun jiruu dhiiga koo halluu keetiin hin tuqxu jedhaa tirrii dhiitti. Ilmoon bofaa bofuma jechuun kan akkanaati. Obbo Tolasanis harka kennachuu hin dandeenye.( fuula, 66). …Aadde Azeeb haadha manaa bareedduu abbaa manaa ishee baay'ee jaalattuu fi jibbitudha. Azeeb bareedinna; dhaabbii; amalaa fi qabeenya obbo Tolasaa baay'ee jaalatti. Garuu Oromoo ta'usaa hamma jaalattu saanaa olitti jibbiti.( fuula, 68).*

Waraabbii armaan olii irraa kan hubatamu aadde Azeebiifi obbo Tolasaan jaalalli abba manaafi haadha manaa akkuma jirutti ta'ee, akkasumas eenyummaan isaanii immoo gidduu isaanitti jibba ta'ee jira. Kunis, kan agarsiisuu yaadi walii faallaa miti sadarkeessaa jaalala/jibbaa jiraachuu kan agarsiisuudha. Jaalalli isaan qaban yeroo eenyummaa isaanii diigamee jibbatu ijaarama. Karaa biraan yeroo abbaa manaafi haadha manaa immoo jibbe diigamee jaalaltu ijaarama.

Obbo Tolasaafi aadde Azeeb, haadha Bariiteefi Bariteeefi ijoollee isaanii lamaan: Galaaneefi Zalaalam waliin mana keessa jiraatu. Haa ta'u malee, aadde Azeeb hunda isaanii irratti akka namummaatti yoo waliin jiraatan eenyummaa isaan ilaallatu dhaga'uu hin barbaaddu. Mana ishee keessatti Afaan Oromoo akka hin dubbatamne, aadaa, duudhaa Oromoo akka ijoolleen ishee baratan yookaan beekaan hin barbaaddu. Meeshaaleen waa'ee aadaa duudhaa Oromoo ibsan akka ijoolleen ishee bitatan hin feetu. Irra caalaatti waa'ee aadaa, duudhaa fi afaan ishee akka waan hundaa ol ta'ee gootee halkanii guyyaa ijoollee ishee barsiifti. Halkani guyyaa akka hojii idilee isheetti irratti

hojjetti. Haati Bariitee fi Bariiteen jireenya gaarii haa jiraatan malee akka eenyummaan isaanii dhiitamaa jiru ni beeku. Jireenya karaarra wayya jechaaf jiraachaa jiru. Keessa isaanitti garuu dhukkuba cimaa uumee jira.

> *Aadde Azeeb ijoolleenshee afaan Oromoo akka hinbaranne waan barbaadduuf Bariiteef haatishee afaan Oromoo mooraashee keessatti akka haasa'uu hin qabne yeroo hedduu irra deddeebitee akkekachiisanii turunshee garaacha isaanii madeesseraan.( fuula, 69).*

Waraabbii armaan olii irraa kan hubatamu yaada walii faallaa waliin socho'utu argama. Jaalalli yeroo waliin jireenyaa akkuma jirutti ta'ee garuu waa'een eenyummaa gidduu isaanitti jibba ta'ee jira. Kunis kan agarsiisu yeroo eenyummaa jaalalli diigamee jibbi ijaarama. Akkuma kana yeroo waliin jireenyaa jibbi diigamee jaalalli ijaarama.

Aadde Azeeb ijoolleen ishee eenyummaa Oromoo akka qaban ni beekti. Obbo Tolasas ni jaalatti. Garuu eenyummaa isaanii gatanii akka kan ishee fudhatan taasisaa jirti. Mana keessa yeroo irra caalaa ijoollee waliin waan dabarsituuf eenyummaa obbo Tolasaa jibbanii akka kan ishee fudhatan dalagaa isheeti. Ijoolleen ishee icciitii isaan gidduu jiru hin beekani. "*Aadde Azeeb ijoollee ishee baayee jaalatti abba manaa ishees hin jibbitu. Garuu Oromummaa qabaachuuf Oromoo ta'uu isaa yoo yaadattu isayyuu arguu hin barbaaddu" (fuula 114*). Asoosama kana keessatti sababa eenyummaaf jecha jibba jiruufi abbaa manaa ta'uu qofaaf jaalala jiru yaadoota waliif faallaa ni argamu.

Asoosama *dhiigni dhiiga hin dhabu* jedhu keessatti jaalalli dhaabbataa akka hin taane ni mul'ata. Jaalalli sababa adda addaarraan akka gara jibbaatti jijjiiramuu danda'u asoosaan kitaaba kana keessatti kaa'ee jira. Dhalli namaa osoo si jibbuu si jaalata. Osoo si jaalatuu si jibba. Kunis, jaalalliifi jibbi namootaa haalota garaagaraa irratti hundaa'ee taasifama. Maatiin obbo Baalchaa erga guddifatanii ijoollee isaanii waliin osoo gargar hin baasiin akka obboleeyyaniitti jaalala gaarii kennaafii guddisan. Ijoollee ofii dhalchan waliin wal qixa ilaalu. Erga maatiin isaanii du'anii boodas, qabeenya maatii isaanii wal qixa dhaalanii jireenya isaanii itti fufuu eegalan. Turtii yeroo gabaabaa booda jaalalli ture sababa qabeenya irratti hundaa'uun jibbatti jijjiirame. Jaalala keessaa ba'anii jibbaatti seenuun sanyii walii qorachuu eegalan. Firooma walii ganan. Qabeenyaa jecha obboleessa isaanii waliin guddatan reebanii ari'an. Qabeenya isaa irraa fudhatani. Kunis

kan agarsiisu jaalala obbolummaa haa qabataniif malee, qabeenya irratti hundaa'anii jibban. Yaada armaan olii kana asoosaan akka armaan gadiitti ibsee jira.

> *Obbo Shallamaan ilma guddisaa ture. Abbaasaa Danuutuu dubartii dhaltee( deessee) dhalashee wajjin rakkattu tokko irraa fudhate fedha isheetiin! Kanaaf se'a maqaasaa Shallamaa kan jedhaniif. Obbo Danuun kan gudeedasaatiin dhalchan ijoollee torba(7) qaba ture. Isaan hunduu Shallamaa oli….erga guddatanii booda ijoolleen obbo Danuu hunduu qabeenya isaanii dhaalaniiru. Obbo Shallamaa (Abbaa Baalchaa) dabalatee jechuu kiyya. Turtii waggaa hedduu booda obboleeyyan shallamaa "ati ilma guddisaatii dhalatte. Sanyii keenyas of keessaa hin qabdu, abbaaf haadha keetis hin beeknu,nurraayis firooma hinqabdu. Kanaaf qabeenya abbaa keenyaa dhiisii deemi jedhaniin. Baalchaa reebanii tumaniin.* (fuula, 40).

Afee armaan olii irraa kan hubatamu yaadi walii faallaa ta'an sababa qabeenyaatiin jaalalli obbolummaa diigamee jibbi ijaaramuu isaa kan nu agarsiisudha.

**4.3.1. 2. Gabrummaa /Bilisummaa.**

Asoosama *dhiigni dhiiga hin dhabu* keessatti yaadni walii faallaa ta'an gabrummaa/ bilisummaa diiganii ijaaruutiin ni argama. Yaada faallaa kana ibsuuf jechoota akka baha/lixa, bishaan/abidda, gurraacha/adii, haqa/dharafi quufa/beela jedhanitti dhimma bahuun itti fayyadamee jira. Walaloo Bariiteen mata duree bilisummaa jedhuun barreessite keessatti yaadota walii faallaa gabrummaa fi bilisummaa akka yaada ijootti asoosama keessaa kan waraabame kan arman gadiiti.

> *Ati dhabamnaan*
> *Lafti midhaan biqilchuu dhabdee*
> *Aduun bahaan bahuu dhiiftee*
> *Lixaan bahuu jalqabde*
> *Beelofne*
> *Beela himachuu dadhabne*
> *Abiddi bishaan ta'e*
> *Bishaan midhaan gube*
> *Gurraachi adii ta'e*
> *Haqni dharaan dhaalame (fuula,105).*

Yaada armaan olii irraa wanti hubatamu mata duree bilisummaa jedhuun yaadota walii faallaa yookaan wal morman ni hubatamu. Adiin bilisummaa yookaan ifa yommuu ta'u gurraachi immoo dukkana, yookaan gabrummaa bakka bu'ee ergaa dabarsa. Akkasumas, wanti ta'uu qabu osoon taane; wanti ta'uu hin qabne ta'uu kan agarsiisuus ni jira. Innis abiddi bishaan ta'ee hojii gubuu dhiisee qabbaneessaa yommuu ta'u bishaan abidda ta'ee hojii dhaamsuu yookaan qabbaneesuu dhiisee gubuu eegale. Kana malees aduun bahaan bahuu qabdu lixaan baate. Aduun kallatti jijjiirtee jirti. Kun kan agarsiisu waan ta'uu qabutu, waan hin taane ta'e. Walumaagalatti, yaadi walii faallaa ta'an bilisummaan diigamee gabrummaan ijaaramuu kan agarsiisudha.

Asoosama *dhiigni dhiiga hin dhabu* jedhu keessatti jechoonni yaada walii faallaa ta'an barreesaan jechoota akka …keessa/ala…du'aa/jiraa… jabaa/laafaa… fayyadamuun bilisummaafi gabrummaa agarsiisuuf dhimmaa itta bahamee jira. Obbo Baalchaa fi obbo Baqqalaan sababa gabrummaa jibbanii bilisoomuu qaban jedhaniif rakkoon adda addaa isaan quunnamee jira. Dhumni isaanii jireenya karaarraa ta'e. Obbo Baqqalaan kanaan osoo jiranii du'an. Obbo Baalchanis taa'anii kana eegaa jiru. Asoosama kana keessatti yaadni walii faallaa gabrummaa/bilisummaa agarsiisaan ni argamu.

*Yaa Baqqala ilma Hundee*
*Jabduu akka sibiilaa*
*Anillee ilma dhalchee qabuu*
*Eenyutu reeffa kiyya awwaalaa*
*Humnaaf malee*
*Silaa tan fuudhaan durbaa*
*Uumaaf malee*
*Silaa akka jaalalaa*
*Way gargar baanaree gurbaa*
*Ati keessa biyyee*
*Ani immoo irrashee*
*Nu lachuu duuneerra*
*Kunoo uffanneerra biyyee (fuula, 147 ).*

Waraabbii armaan olii irraa kan hubatamu yaadni walii faallaa ta'an gabrummaa/ bilisummaa akka jiruufi bilisummaan diigamee gabrumaan akka ijaaramee jiru kan agarsiisudha.

Garbummaafi bilisummaan yaada faallaa walii ta'anidha. Lameen isaanii wal faana jiraachuu hindanda'an. Dabaree wal haa jijjiiran malee yeroof tokko olaantummaa argachuunsaa hin hafu. Dabaree kana argachuu keessatti immoo kanneen gumaacha godhan hedduudha. Tokko bilisoomuuf yoo carraaqu; tokko immoo garbummaa keessaa akka hin baaneef dhiibbaa taasisa. Gaheen kunis beekumsaafi wallaalaan ta'ee garee adda addaa uumee, akka argamu gochuu ni danda'a. yaada kana waraabbii armaan gadii irraa hubachuun ni danda'ama.

> *Gootni Oromoo hunda gabrummaa jalaa baasuuf bosona mandhee godhatee bosona keessa jiraata. Garuu gadi galtuun akka obboleewwan abbaa koo immoo na gabroomsuuf wal tumsu" hamma beekaan mana eegan" jette jaartiin. Isaanis hamma sammuun isaanii yaadu hojjetaaru. GADHEE jechuun kan akka isaaniiti! Oromoon Oromoodhaaf dawaa yeroo ta'uu qabutti isaan summii natti ta'uu?! jedha imalasaa itti fufe.(fuula,61-62).*

Warabbii armaan olii kan hubatamu yaada walii faallaa gabrummaa/bilisummaa ibsuuf jechoota faallaa ta'an kanneen akka beekaa/gadi galtuu goota/gadhee fi dawaa/summii jedhanidha. Kunis kan agarsiisu yaadni walii faallaa gabrummaa/bilisummaa mit-sadarkeessaa jiraachuu kan agarsiisudha.

Obbo Baalchaan gabrummaa uummata isaarra jiru erga yeroo loltummaa keessa jiru argeeti uummata koo waliinan dhaabadha; uummata koo bilisoomsa yaada jedhu qaba. Uummata isaa bilisoomsuuf rakkoo hedduu argeera. Rasaasaan rukutameera. Akkuma kana obboleeyyaan isaas faallaa isaati. Obbo Baalchaan uummata isaa gabrummaa jalaa baasuuf qabasaa'u; obboleeyyan isaa gabrummaa akka isaan irra bubulu godhan. Inni garuu kana hundarra darbee halkanii guyyaa waa'ee bilisummaa yaada. Yaada kana afeen armaan gadii kanarraa hubachuun ni danda'ama.

> *Jireenyi obbo Baalcha gadadoo ta'us guyyaa tokkollee beela'e jedhee gaddee hin beeku. Gootatu beela garaa hin himanneef malee garaachisaa akka beela'e fuullisaatuu ni dubbata. Garuu beelaaf dheebuu bilisummaa callisuu hin dandeenye. Afaan bane iyyee dubbata! Yoo nama haasa'u dhabes keessasaatti gungumaa yaadaan eeboo mirmirsee agama… abjuudhaanis, yaadaanis, taa'us, deemus, beelaanis, dheebuunis essattillee, yoomillee waa'ee bilisummaa Oromoo qofa yaada (fuula, 62-63)*

Yaada armaan oliirraa kan hubatamu gabrummaa jalaa ba'uuf kan tattaafatu akkuma jiru; akkasumas osoo beekuu ta'ee osoo hin beekiin faayidaa bu'uura godhachuun akka obboleeyyaan Baalchaa gabrummaa jala turuuf tattaaffii kan taasisan akka jiran ni mul'isa. Kana malees gabrummaa keessa jiraachaa bilisummaa kan yaadu akka jiruufi gabrummaa keessa jiraachaa bilisummaa kan feedh akka jiru ni mul'isa. Kunis, kan agarsiisu yaada walii faallaa mit sadarkeessaan jiraachun akka jiru kan agarsiisudha.

Yaadni walii faallaa bilisummaafi gabrummaan dhaabbataan waliif faallaadha. Lamaan isaanii waliin deemuu hin danda'ani. Yada kana afee armaan gadii irraa hubachuun ni danda'ama.

" *itti fufee kana jechuun addunyaan tun filuuf filatamuu qabdi jechuudha. Garuu waan lama yeroo tokkotti filachuun wan danda'amu natti hin fakkaatu. Ykn gabroomudha ykn bilisoomudha. Gabrummaaf bilisummaan wal faana hin jirtu"( fuula, 91).*

Walumaagalatti obbo Baalchaa, fi obbo Baqqalaa gabrummaan irra bubultee lubbuun isaanii darbus; haat Bariite, Baritee, Dureessaafi Zaalaalam immoo bilisoomanii jiru. Kun kan agarsiisu gabrummaa dhaabbataafi bilisummaa dhaabbataan akka hin jirredha. Gabrummaa akka jiru; bilisummaanis nijira. Akkasumas, bilisummaan akka jiru' gabrummaanis akka jiru agarsiisa.

Obbo Baalchaan nama yeroo dheeraaf waraana keessa hojjetaa turedha. Carra argatee barnootas baratee jira. Afaan Amaaraa barreessuufi dubbisuu ni danda'a. osoo akkasumatti jiranii gabrummaa mootummaa yeroo sanii uummatarra geessisu hammaannan uummanni kallattii hundaan mootummaa irratti warraaqsa bane. Yaada kana afeen armaan gadii yoo ibsu

> *Jaarsa Baalchaa…dirree waraanaa erga deemeen booda waggoota hedduuf hoomaa keessatti hojjetaa ture… osoo akkasitti jiraatuu gabrummaan mootummaan yeroo sanii uummatarraan geessisu hammaannaan uummanni kaabaa kibbaa, bahaa lixaan warraaqsa mootummaarratti bane. Yeroo kana mootummaan loltootasaa meeshaa waraanaa harka kaayee uummataan akka lolaniif gara Baaletti erge. Loltoota yeroo san gara Baaletti ergaman keessaa obbo Baalchaan isa tokko ture. Yeroo gara Baaletti imalu keessasaatti meeshaa waraanaa kanaan qomoosaa ajjeesuu akka hin qabneefi sabasaatiif wareegamuu akka qabu of amansiise.*

> *Yeroo Baale gahu loltoonni isa wajjin dhufan uummata sagalee ofii dhageessisuuf meeshaa waraanaa malee dandirratti bahe osoo argan "kunniin farra misoomaafi nageenyati" jedhanii gidiraa ulfaataa irraan gahan. Jarsaaf jaartii xiqqaaf guddaa osoo hin jedhin kaan tumanii madeessuu, kaan immoo tumanii ajjeesuu eegalan. Obbo Baalchaan haala kana osoo arguu obsuu hin dandeenye. Faallaa loltoota mootummaa dhabatee uummatasaatiif loluu filate( fuula 53-54)*

Waraabbii armaan olii irraa kan hubatamu yaadni walii faallaa gabrummaa/ bilisummaa akka jirudha. Gabrummaan diigamee bilisummaa ijaaramaa jiraachuu kan nu agarsiisudha.

**4.3.1. 3. Hiyyeessa/ Dureessa.**

Dhalli namaa tokko hiyyeesa, tokko immoo dureessa ta'ee jiraata. Namni hunduu hiree isaa murtaa'e waliin jireenya isaa gaggeessa. Haati Bariitee fi Bariiteen yeroo aduu aduudhaan waxalamuun yeroo roobaa roobaan cuuphamuun yeroo bubbee bubbeen hurgufamuun muuxannoo jireenya isaaniiti. Namoonni kanneen biroon immoo faallaa kanaa mana gaarii nyaata madaalamaa filatanii jiraatanis ni jiru. Asoosama '*dhiigni dhiiga hin dhabuu'* keessatti diiganii ijaaruu hiyyeessaafi dureessaatiin dhimma bahuun dhiyaatee jira.

> *Jireenyi addunyaa wal keessa. Yeroo kan qabu nyaata gosa hedduu qopheessee "kun hin mi'aawu kun garaachaaf naa hin ta'u, kun akkas akkas,… jedhaa filannoo gaggeessu. Kan hin qabne immoo yoo argate hambaa isaa yoo dhabe rabbi isaa abdiin eeggata. Kan qabu mana gaariifi qilleensa gaarii keessa oolee yoo bulu, kan homaa hin qabne kan akka Bariiteef haadha Bariitee immoo boolla fincaanii keessa afate bula. Tokko bishaan dhabee dheebuun mar'immaaniif garaachi isaa yoo bobayu, kan qabu immoo "bishaan haylaandii, lallaafaa biraa wayinii…" jedhaa carraa filannoo qabu tarreessa ( fuuala, 13)*

Warabbii armaan olii irraa yaada walii faallaa ta'an hiyyeesa/dureessa jechoonni dhimma itti ba'aman nyaata/ambaa nyaataa, mana gaarii/boolla fincaanii, quufa/beela bishaan dhabuu/lallaafaa, biiraafi fayyadamuudha.

#### 4.3.1.4. Barachuu/ Barsiisuu.

Asoosama *dhiigni dhiiga hin dhabu* jedhu keessatti diiganii ijaaruutiin yaadoonni walii faallaa ta'an eenyummaa barachuu/ barsiisuu ni argama. Eenyummaa jechuun aadaa, afaan, duudhaa kan ilaallatudha. Haati Bariitee waa'ee eenyummaa ishee obbo Baalchaa irraa osoo mana barumsaa hin galin barattee jirti. Kana malees, waa'ee Oromoofi Oromiyaa haala gaariin obbo Baalchaa irraa barattee jirti. Haati Bariitee (Almaaz Hordofaa) ijoollummaa isheetii kaastee mana guuddisa daa'immanii turte. Sana booda gara Finfinee dhuftee erga karaarra jiraachuu eegaltee, obbo Baalchan waa'ee aadaa, afaan, duudhaafi afoola Oromoo kanneen akka oduu durii, mammaaksaafi hiibboo barsiisaa ture. Haati Bariitee waa'ee Baalchaa yoo kaastu mana barumsaa kooti jettee ibsiti.

Haati Bariitee ofumaa barattee callistee hin teenye. Akka Bariiteen dhalatteen booda dabaree ishee eenyummaa aadaa afaan duudhaa fi afoola addaa addaa barsiisuu eegalte. Amma dabaree kanatti haati Bariitee barsiistuu yeroo taatu Bariiteen barattuu isheeti. Bariiteen harmee ishee irraa yeroo adda addaatti goosoota afoolaa kanneen akka sheekkoo, oduu durii, hiibboofi taphoota adda addaa barattee jirti. Barachuu caalaatti immoo araada cimaa itti ta'ee jira. Kana malees, afoola addaa addaa kan ittiin bashannananiifi rakkoo, beela, akka dagataniif meeshaan isaan itti fayyadaman afoola isaaniti. Afeen armaan gadii yaada kana ibsa.

> *Obbo Baalchaan anaaf mana barumsaa koo kan waa'ee eenyummaa koo itti baradhedha. Waa'ee Oromoofi Oromiyaa hedduu na barsiise. Har'as jaarsa cimaa waa'ee Oromoofi Oromiyaa yaadaa buludha. Yeroo tokko tokko nu bira taa'ee "bara gabrummaa keessatti du'aa? Jedhee sagalee xiqqoo of fuudhee of keessatti gunguma.(fuula, 54)…….. Ani barnoota qalamaa hin baranne. Garuu barnoota barnoota caalu eenyummaa koo sirriittin baradhe. Barsiisaan kiyya immoo obbo Baalchaadha (fuula 56).*

> *Bariiteen araada cima qabdi…daa'imummaashee irraa eegaltee haati ishee seenaa, sheekoo, oduu duriifi tapha adda addaa itti himuun barsiisteertiin. Amma araada cimaa itti ta'eeraan. Yeroo hunda sheekoo ykn seenaa ykn oduu durii osoo hin dhagahin bulus ta'ee ooluun itti hun tolu. Dhadhaafi bassootu walitti jige. Kaayyoon harmeeshees ilmooshee*

*barsiisiuudha(fuula36)…..“Bariikoo? hirriibni nu dhufu dide mii?Eegaa maaliif hiibboo hin taphannuu?”jettee gaafatteen. “Tole harmee, natti tola” jetteen Bariiteen. ( fuula, 49).*

Warabbii armaan olii irraa kan hubatamu yaadni walii faallaa ta’an kan wal malee socho’uu hin dandeenye baraachuuf barsiisuun akka jiranidha.

**4.3.2. Hawaasummaa.**

Dhimmoonni hawaasummaa asoosama *dhiigni dhiiga hin dhabu* jedhu keessatti kallattii adda addaan ni mul’atu. Namoonni bakkaafi haala jiraatu keessaatti haawaasummaan inni qabus garagarummaa qaba. Hawaasummaan haala namoonni haala jiraatan keessatti hariiroo yeroo gaddaa, gammachuu, yeroo qufaa, yeroo beelaa waliin qaban kan ilaallatudha. Asoosama *dhiigni dhiiga hin dhabu* jedhu keessatti magaalaa Finfinnee keessatti hawaasni idileen jiraatuyyuu hawaasummaa kan akka baadiyyaa sanaa miti. Asoosama kana keessatti hawaasummaa adda addaa namoonni karaarraa jiraatan akka qaban ni ibsa. Kunis, haati Bariitee fi Bariiteen namoota karaarra jiraatan waliin hawaasummaa cimaa qabu. Bunaaf soogidda wal irraa liqeeffatu. Gaarii walii ni jaalatu. Hamaa walii ni jibbu. Hafeen armaan gadii kanuma ibsa.

*silaa Finfinnee keessa namni akka Bariiteef haadha Bariiteetti jiraatu lakkoofsa hin qabu. Kan fayyaa qabuuf kan fayyaa hin qabne, kan daandirra akka isaanitti jiraatu guuteera. Akkuma jireenya warra mana keessa jiraatuu ollooma wal himataa bunaaf soogidda wal irraa liqeeffatu. Hamaa walii hin jaalatan, wal eebbisu! Gaarii yoo argan itti biifanii bira darbu! Kanaaf ragaan immoo namoota haadha Bariitee eebbisanidha.*

Akkuma kana obbo Baalchaa fi obboBaqqalaan yeroo dheeraaf waliin karaarra jiraachaa turan. Yeroo argatan waliin nyaachaa yeroo dhaban immoo waliin obsaa turan. Obbo baqqalaan guyyaa tokko du’anii bulan. Obbo Baalchaan harka isaaniin mataa qabatanii boo’uu eegalan. Namoonni gamaa gamanaa sagalee boo’ichaa dhaga’anii birmataniifi gargaarsa barbaachisu hunda taasisaniif. Haala kanaan hawaasummaan mul’atee jira. Asoosama kana keessatti afeen armaan gadii kanuma ibsa.

*Iddoo ciisee ka’ee dhaabbate. Harkasa lameeniin mataasaa qabatee “Abbaa koo! Yaa obboleessa koo ani bade! Tibbeessituu yaa gaachana koo ani bade! Dhiiga koo ro’eessituu yaa jireenya koo ani bade! Ani bade! Ani bade….! jedhee iyyuu eegale. Namoota daandirra jiraatan*

*dabalatee uummanni gama gamasii iyyasaa dhagahanii birmataniif (fuula, 131).*

Bariitee fi haati Bariitee akkuma yeroo karaarra jiraatanii hawaasummaa cimaa qabu. Mana obbo Tolasaa jiraachuu eegalanii maatii isaafi namoota obbo Tolasaa kireeffatanii jiraatan waliin walii galtee cimaa qabu. Obbo Tolasanis Bariiteefi haadha Bariitee waliin hariiroo cimaa qabu. Dhiibbaan karaa adda addaa karaa eenyumaa isaanii aadde Azeebiin irra ga'us guyyaa tokko walii galtee dhabanii hinbeekani. Waan hundumaa obsaan dabarsaa hawaasummaa cimaa uumuu danda'aniiru. Afeen armaan gadii kunis, yaaduma kana dabalee cimsa.

*Bariiteen waggaa torba booda guyyaa tokko "harmee? Obbo Tolasaaf aaddee Azeeb anaaf nama addaati. Jecha kamiin dubbadhee akka galateeffadhu hin beeku. Asiin dura namni tokkoo akka namaatti nu lakkaa'u hin turre…obbo Tolasaaf aadde Azeeb jireenya akkas fokkatu keessaa nu baasan. Kanaaf yoomillee eessattillee galata guddaa nurraa qabu (fuula, 70).*

Haati Bariitee, Keennaa fi obbo Baalchaan yeroo dheeraaf waliin naannoo Birbirsa Gooroo jiraataa turan. Hawaasummaan isaanii gaariidha. Guyyaa tokko walitti muufatanii hin beekani. Rakkoo jiru hunda danda'anii waliin jiraataa turan. Haala kanaan waggaa torba waliin jiraatan. Dogogggora uumamees qaanii bira darbee amma wal dhiisanii deemanitti ni mul'ata. Kennaanis guyyaa galgala tokkoo Bariitee waliin wal qunnamtii saalaa osoo hin beekiin raawwateen ija ishee arguu hin qabu jechuun erga guyyaa sanii wal arganii hin beekan. Yaada kana afee armaan gadii kana irraa hubachuun ni danda'ama.

*Jireenya keenya keessatti guyyaa tokko walitti muufannee hin beeknu. Osoo akkasitti wajjin jiraannuu waggaan torbaa (7) darbe. Ba'aan jireenyaa nuti waggaa torba keessatti dandeenye waan akka laayyootti ilaallamuu miti. Beelaaf dheebuu rakkoo fi cinqii argine san hundaa dandahee sitti hin himu!waggaa torba booda ani nama umri kudha jaha(16), Kennaan immoo nama umri kudha sagalii (19) tahe. Yeroo kamiiyyuu nuti akka obboleessaafi obboleettiiti. Garuu halkan guyyaa tokko balleessaa hojjannee bulle. Obbolummaan waggaa hedduu nu wajjin ture galgala guyyaa sanii bade. ( fuuala, 17).*

Waraabbii armaan olii irraa kan hubatamu hawaasummaa cimaa haati Bariiteefi Kennaan qaban diigamee gargar bahuun ijaaramee jiraachuusaa nu hubachiisa.

### 4.3.3. Diinagdee.

Diinagdeen haala jiruuf jireenya keessatti rakkoofi gidiraa akkasumas waan gaariii dhalli namaa jireenya keessatti argu kan ibsudha. Jireenya keessatti diinagdeen nama hundaa wal qixxee miti. Akkuma namni uumamaan dheeraa-gabaabaa, diimaa-gurracha, furdaa-qal'aa, bareedaa-godeessa ta'uu danda'u gama diinagdeenis sooressa-iyyeessa, qabaataa-dhabaa, kennaa-fudhataa, kadhataa laataa ta'uu nidanda'a. Kunis, sababa diinagdeen hawaasaa walcaaluu danda'udha. Garaagarummaan qabeenyaa nama gidduutti uumamu kunis, isa deegaarraan rakkina yommuu qaqqabsiisu, isa sooressaaf immoo bashannana, gammachuu, jireenya fooyya'insaa ta'ee argama.

Diiganii ijaaruu keessatti namni hiyyeessa yookaan sooressa ta'ee dhalate hin jiru yaada jedhu deeggara. Kunis, namni sooressa ta'e hiyyoomuu, akkasumas, namni hiyyeessa ta'e sooromuu yookaan dureessa ta'uu akka danda'udha. Jireenya diinagdee kessatti gadi bu'uufi ol ba'uun akka jirudha. Asoosama *dhiigni dhiiga hin dhabu* jedhu keessatti yaadni diiganii ijaaruu diinagdee ni mul'ata. Addunyaa kana irratti diinagdee dhaabbataan hinjiru. Haati Bariitee (Almaaz) haadhaafi abbaa ishee hin beektu. Magaalaa Adaamaa keessatti eenyu akka achii ishee geese wallaltus dhaabbata daa'imman guddisan keessatti haala gaariin jiraachaa jirti. Maqaan isheen ittiin waamamtus nama gara dhaabbata sanatti ishee fideen akka ta'e hojjettoota dhaabbatichaa irraa odeeffannoo qabdi. Namni sunis erga gaafa sanaati gara dhaabbatichaatti deebi'ee hin beeku. Yaada kana kan deeggaru waraabbii armaan gadii yaa ilaallu

> *Akka namni natti himetti Hordofaan abbaa koo osoo hintaane namicha yeroo ani daa'imaa lafaa na argee dhaabbata kanatti na fidedha. Kana jechuun koo Hordofaan eenyu akka taheefi maal akka fakkaatu hin beeku jechuu kooti…gaaftokko ganamaan akkuma ciree nyaanne kaaneen hojjetaan dhaabbatichaa tokko ijoollee torba fuudhee akka Finfinnee deemuuf tahufi isaan keessaa immoo ani tokko akkan tahe gurra na seente* (fuula, 6)*…akka tasaa konkolaataa keessaa buunee osoo buufata konkolaataa keessaa hin bahin namoonni wal loluu eegalan. Jeequmsa guddaatu uumame.* (fuula, 7)*… guyyaan sun guyaa roobii ture hiriyoonni keenya kan waliin guddanne nagaatti osoo wallin hin jedhin adda galle. Aniif Kennaan galgala guyyaa roobii sana irraa eegallee jireenya daandii irra jalqabne jettee...( fuula, 8.*

Waraabbii armaan olii irraa kan hubatamu Haati Bariitee (Almaaz) daa'imummaa isheetti nama karaa irraatti gatamtedha. Karaa irratti gatamuun diigamee dhaabbata daa'imman guddisan galtee jiraachuun immoo ijaaramee jira. Karaa biraatiin immoo jireenya gaarii dhaabbata daa'imman guddisan keessa jiraachaa osoo jirtuu sun diigamee jireenya karaarra jiraachuun akka ijaarame hubachuun ni danda'ama. Kun kan nutti agarsiisu diinagdee dhaabbataan akka hinjirredha. Diinagdeen marsaa jireenyaa akka qabu nu hubachiisa.

Haati Bariitee fi Bariiteen karaarra waggaa hedduuf mana dhabanii, uffata dhabanii waan nyaataan dhabanii, fira isaan gargaaru dhabanii rakkachaa jiraataa turan. "*Bariitee fi haati Bariitee yoo argatan hambaa namaa nyaataa yoo dhaban jaalala isaanitiin wal sooraa jiraatu."( Fuula,1).* Kana malees, jireenya haala kanaan jiraatan keessatti waqtiilee Gannaa keessa rakkoo adda addaaf saaxilamu. Afeen armaan gadii yaaduma kana ibsa.

> *Guyyaa tokko bokkaan garmalee roobee mana hati Bariiteef Bariiteen waraqataafi gataa sharaatiin ijaaratan jalaa diige. Yeroon ganama keessaa naannoo sa'aatii kudha lama akka ta'u tilmaamuun baay'ee nama hin rakkisu. Waqtiin isaa ganna, baay'ee namatti dhaamota. Kana irraan immoo bokkaan roobaa waan jiruuf lolaan karaarraa waan argate hunda qulqulleessa deemara. Bariiteef haati Bariitee oliif gadi ilaalanii iddoo rooba itti caamsatan barbaacha eegalan ( fuula, 5).*

Waraabbiin armaan olii kan agarsiisu jireenyi diinagdee mana, uffatafi qarshiii dhabuu haalaan ijaaramee kan mul'atudha.

Haati Bariiteef Bariiteen erga obbo Tolosaan gara manaatti fudhatee jireenya duraarra fooyya'aa jiraachaa jiru. Waan hunda argachuu dhabanis, diinagdeen isaanii kan duraarra fooyya'adha. Kunis, nyaata, uffata fi bakka bultii argatanii jiru. Haala kanaan waggaa torba haa jiraatan malee; Qarshii kana qabna waan jedhan hin qaban. Kana booda garuu haala kanaan jiraachuu hin barbaadan. Afeen armaan gadii yaada kana dabalataan ni ibsa.

> *Bariiteefi haati Bariitee gargaarsa obbo Tolosaatiin mana jireenyaa isaa keessatti wagga meeqa akka lubbuu isaanii oolchanii bulchan lakkaa'uu hin dhabne. Garuu ammaan booda bara jireenyaa mana obbo Tolosaatti gargaaraman lakkaa'uu hin barbaadan. Waggaa torba mana obbo Tolosaa keessa jiraachaa akkasumas, isaaniif hojjechaa turanis, ammaan tana qarshii tokkollee hin qaban (fuula, 69).*

Yaada armaan olii irraa kan hubatamu diiganii ijaaruu diinagdee keessatti Haatii Baritee jireenya rakkatanii karaarra jiraachuun hafee, mana namaa galanii gargaarsa argachuun jiraachuun eegalamee jira. Kunis kan agarsiisu karaarra jiraachuun diigamee mana namaa jiraachuun ijaaramee jira.

Haati Bariiteef Bariiteen erga mana obbo Tolosaatii ba'anii eegalaniis gargaarsa obbo Tolosaatiin jireenya keenya jedhan jiraachuu eegalaniiru. Bariiteen barnootaa isheen cimtuu taatee jirti. Harmeen ishee immoo bunaaf shayiin ganda sana keessatti dorgomaa hin qabdu. Maamila hedduu horattee jirti. Haati Bariitee jireenyi amma jiraachaa jiran akka waan guddaatti ilaalti. Kana olittis, jireenya biraa hin hawwitu. Bariiteen garuu ammallee akka hiyyummaa kessa jiranitti ilaalti. Kanaa ol hojjetanii akka duroomuu qaban; harmee ishee jajjabeessiti. Yaada kana dabalataan afee armaan gadii irraa haa hubannu.

> *Haati Bariitee immoo daldaaltuu cimtuu taateerti. Bunaaf shayyinshee ganda san kessatti dorgomaa tokkollee hin qabu. Maamiltoota hedduu qabdi. Keessattuu ganamaaf galgala iddoon hojii isheen qabdu maamiltootashee wal hin gahu. Haadha Bariiteef jireenyi ammaa jiraataartu kun tilmaamasheeti olidha. Kana olitti duroomtee jiraachuufis hedduu hin cinqamtu. Hin yaaddus. Yaanni Bariitee garuu kan haadha isheerraa adda. Galaana hiyyummaa keessatti akka waan cuuphamanii jiraataaranitti yaaddi. Yeroo tokko tokko immoo kanaa ol hojjetanii, kanaa olitti duroomuu akka qaban hawwii garaashee keessa jiru haadha isheetti curuursiti (fuula, 101).*

Yaada armaan olii irraa kan hubatamu jireenya diinagdee keessatti mana namaa jiraachuun diigamee of danda'anii diinagdee mataa ofiin socho'uun kan ijaarame ta'uu agarsiisa.

Bariiteen barnoota isheetiin cinaatti hojii maajikiitiin beekamtuu taatee jirti. Hojii maajii kanaan dorgommii mo'attee qarshii miliyoona tokko badhaafamtee jirti. Kun immoo diinagdee duraan yaadaan kan milkeessudha. Qarshii kana argachuu isaanii Bariites ta'ee haati Bariitee amanuu hin dandeenye. Garuu oolanii bulanii yaada kana keessaa bahanii jiru. Itti fufuunis, diinagdee gara fuula duratti cimaa ta'e irratti mari'achuu eegalan. Diinagdee  keessatti seenaa hojjechuu akka danda'amu Bariiteen yaada isaanii kennite. Seera daldalaa keessatti qarshii hundaan daldala seenuu akka hinqabne obbo Tolosaan

erga itti himeen booda kan hafe akka qusatamu walii galan. Hojii daldalaa keessaa Finfinnee keessatti mana kireeffatanii hootela banuu akka qaban walii galan. Kunis kan agarsiisu diinagdee keessatti mariin akka barbaachisudha. Hootelli kunis, hootela diinagdee qofa osoo hin taane; hootela eenyummaa, seenaafi duudhaa akka ta'uu qabu walii galan.

Turtii ji'a lamaa booda mana kireeffatanii daldalli hootela eegalame. Maqaan Hootelichaas, HOOTEELA MIILA BAKAR WAAREE jedhuun moggaafame. Hooteela sana keessattis, suuraan namoota bebeekkamoo kanneen akka Hayilee Fidaa, Jeneraal Taaddasaa Birruu, Alii Birraa, Nuhoo Goobanaa, Jeneral Waaqoo Guutuu, Jeneraal Abdiisaa Aagaa, Nadhii Gammadaa, Baaroo Tumsaa, Eebbisaa Addunyaa, Usummaayyoo Muusaa, Koloneel Aliyyii Cirrii, Abbishee Garbaa, Elemoo Qilxuu, Onosmoos Nasiib Asteer Gannoo Lij iyyaasuu faa'aa harkaan Bocamee dhaaba manaatti maxxanfamee jira. Kana malees, fakkiiwwaan sirna gadaa mul'isan, odaa shanan fi kan kana fakkaataan hedduudha. Yaadota armaan olii kanaa afeewwaan armaan gadii kanaa irraa hubachuun ni danda'ama.

> *Mo'annaa Bariiteetiin waltajjiin goolabame. Bariiteen geebaafi badhaasa qarshii miliyoona tokkootiin rukutamte. Ta'ee kana eenyutu dhugaa se'a ree yaa jaranaa? Eenyutu amana? Bariiteedhaa moo haadhasheeti? Kiskiskis isaan lameenuu wal amanuu dadhaban! Dhugas itti fakkachuu dideen. Oolanii bulanii aabjuu keessaa bahan… waliin marii isaanii keessatti gosa hojii garaagaraa hojjachuuf tarreessanis dhumarratti magaalaa Finfinnee keessatti mana kireeffatanii hoteela giddu galeessaa tokko banuuf walii galuu danda'aniiruu ( fuula, 124).*
>
> *Nu hunduu maqaa Oromoo moggaafannee Afaan Oromoo haasa'aa seenaa hojjachuu dhiifne seenaa Oromoota durii seenessaa jirra……….. nuti asiin dura rakkachaa turre. Har'a garuu rakkoo baaneerra. Seenaa hojjachus ni dandeenya" jetteen ( fuula, 125).*
>
> *Turtii ji'a lamaa boodaa manni kireeffamee daldaalli hoteelaa eegalame. Fuuldura hoteelicha afotti barreeffamni "HOTEELA MIILA BAKAR WAAREE" jedhu rarraafameera. Seensa hoteelaa irraa eegalee mooraa keessatti akkasumas mana keessatti suuraan namoota bebekkamoo kanneen akka Hayilee Fidaa, Jeneraal Taaddasaa Birruu, Alii Birra, Nuhoo Goobanaa, jeneraal Waaqoo Guutuu, J.Abdiisaa Aagaa, Nadhii Gammadaa, Baaroo Tumsa, Eebbisaa Addunyaa, Usummaayyoo Muusaa,*

*Koloneel Aliyyii Cirrii, Abbishee Garbaa, Elemoo Qilxuu, Onosmoos Nasiib (Abbaa Gammachis ykn Hiika), Asteer Gannoo, Lij Iyyaasuufi kkf heddutuu harkaan bocamee dhaaba manaatti maxxanfamee jira…….fakkiiwwan achi keessa jiran hotelichaaf simboo kennanii jiru.(126,-127).*

*Bariteen ammas kaayyoo ijoollummaashees hin daganne. Waan dagattes hin fakkaattu. Addunyaa tana irratti namni akkashee hiyyeessa gargaaru hin jiru. Keessattuu namoota daandii irra jiraataniif kabjjaaf gargaarsa cimaa gootiif. Yuunivarsiitii keessattis barattoota harka qal'ummaan baruums isaanii barachuu dadhabaniifis ji'a ji'aan kobbeef saamunaa uffataan miicatan bittiif.( fuula, 154).*

Yaada armaan olii irraa wanti hubatamuu danda'u hedduudha. Diiganiii ijaaruu diinagdee asoosama kana keessatti mul'atu haati Bariiteef Bariiteen jireenya jiraatan keessatti diinagdee bu'aa ba'ii hedduu qabu akka dabarsan ni hubatama. Diiganii ijaaruun diinagdee kan agarsiisu diinagdee dhaabbatan akka hin jirredha.

Haati Bariitee fi Bariiteen diinagdee isaanii jireenya karaarra jiraachuu irraa eegalee hanga hootela banatanii hojjechuu bira darbee namoota addaa addaaf hojii uumuufi gargaarsa addaa addaa taasisuu keessatti diiganii ijaaruu haala gaariin akka jiru agarsiisa. Kunis, jireenya karaarra jiraachuu, nyaata dhabuu, uffata dhabuun diigamee mana keessa jiraachuu, uffata argachuufi nyaata argachuun ijaaramee jira. Kana qofaan osoo hin taane mana keessa jiraachuu, nyaata nyaachuufi uffata uffachuu diiganii mana bunaa banatanii hojjechuu, hootela banatanii daldaala eegalu, ofirra darbanii namoota biroo gargaaruu diinagdee ijaaramee jira.

Walumaagalatti diiganii ijaaruun diinagdee sadarkaan diigamuun ijaaraman kan asoosama kana keessatti mul'atu haala armaan gadiin ka'ameera.

Daa'imummaan gatamuu ⟶ dhaabbata guddisa daa'immanii galuu ⟶ Jireenya karaarraa ⟶ mana nama galanii jiraachuu hojii dhuunfaa ofii qabaatanii jiraachuu ⟶ hojii daldala guddaa qabataanii namoota adda addaaf hojii uumuu ⟶ hojii uumuu bira darbee namoota rakkattota adda addaa gargaaruu.

### 4.4. Hanqina Asoosama Dhiigni Dhiiga hin Dhabuu

Asoosamni dhiigni dhiiga hin dhabu akkuma cimina hedduu qabu hanqina mataasaa ni qaba. Akka qeeqa qorataatti hanqinoonni mul'atan kanneen armaan gadiiti.

- ❖ Akka waliigalaatti ergaa yaada waliifaallaa uummata Oromoo fi uummata Tigiraay godhamee yaaxina diiganii ijaaruun dhiyaate akka hanqinaatti qeeqamee jira. Kunis uummata isa tokko ol kaasuu, isa tokko immoo gad- xiqqeessuun amaloota namfakkii obbo Tolasaafi aadde Azeeb irratti mul'atu kanuma nama hubachiisa. Barreessaan hanqinaalee kanneen akkanaa furuuf irra caalatti dhimmoota jiruuf jireenya dhala namaa hunda waliin deemaan yookaan giddu galeeffatan akkasumas, hiika kallattii adda addaann qabaachuu akka danda'anitti dhimma itti bahamuu qaba yaada jedhuun qeeqamee jira.
- ❖ Asoosamni dhiigni dhiiga hin dhabuu looga iddoo yookaan bakka tokko qofaarratti kan xiyyeeffatedha. Bakki yoomessa asoosama kanaafi loogni dhimma itti bahame waliin hin deemu. Qorataan haala kana gad-fageenyaan ilaaluun akka hanqinaatti qeeqee jira. Sababni isaa asoosamni tokko kan barreeffamu akkaataa hawaasa hunda giddu galeessa godhachuu qaba. yoo akkas hin taane jalaatamummaafi fudhatamummaan isaa daangeffamaa ta'a.

## BOQONNAA SHAN: Cuunfaa, Guduunfaa fi Yaboo

Boqonnaa kana jalatti qaaccessa asoosama *dhiigni dhiiga hin dhabu* irratti adeemsifameef cuunfaa, guduunfaafi yaabootu akka armaan gadiitti kan dhiyaatedha.

### 5.1. Cuunfaa

Qorannoon kun asoosama *dhiigni dhiiga hin dhabuu* yaaxina diiganii ijaaruutiin qeequu irratti hundaa'uudhaan kan gaggeeffamedha. Ogumni hojii waa uumuu bifa miidhagina qabuufi ofitti nama harkisuu danda'uun jechoota filatamoo, mammaaksafi jechamootaan faayamee barreeffamaan kan dhiyaatudha. Gooroowwan qeeqa oguma muraasni akka bifiyyeefi qeeqaan haaraa ogumni barruuwwan afaan addaa fayyadamuutti yoo daangessan, caasessummaan boodni immoo addummaa afaan ogumni ittiin dhiyaatu haaluun, ogumni bu'uurasaa keessaa bahuun addunyaa dhugaa keessa akka seene addeessu. Ka'umsi qorannoo kanaas asoosamoonni Afaan Oromootiin barreeffamanii harka uummataa gahanis, xiyyeeffannoon yaadiddamoota gargaaramuun qeeqni irratti taasifame laafaa ta'uudha.

Qorannoon kunis qaawwa kana guutuuf yaaxina diiganii ijaaruu gargaaramuun asoosama filatame keessatti caasaa yaada walii faallaa ta'an diinagdee fi hawaasummaa mul'atan qeequun kan adeemsifamedha. Kaayyoo ijoon qorannichaas asoosama filatame yaaxina diiganii ijaaruutiin qeequdha. Qorannoo kana galmaan ga'uufis maddeen mata-durichaan walitti dhiheenya qaban sakatta'amuun qorannichi gaggeeffameera. Qorannoon kun gosa qorannoo akkamtaatiin gaggeeffame. Qorannichaaf ragaleen madda tokkoffaarraa mala xiinxala barruutiin funaanaman qoqqoodamuun boqonnaa afur jalatti qaacceffamaniiru. Qaaccessa gaggeeffameen bu'aawwan argameefi yaadni furmaataa akka armaan gaditti dhiyaatanii jiru.

### 5.2. Gudunfaa

Yaaxina diiganii ijaaruu gargaaramuun asoosamni *dhiigni dhiiga hin dhabu* erga qeeqameen booda argannoowwan armaan gadii bira ga'ameera.

1. Asoosama *dhiigni dhiiga hin dhabu* keessatti yaada faalla walii ta'an jaalala/jibba, gabrummaa/bilisummaa barachuu/barsiisuu hiyyeessa/dureessa jiraachuun bira ga'ameera.

- ❖ Jaalala/jibba. Namfakkiiwwan lamaan obbo Tolosaafi aadde Azeeb akkasumas, obbo Balchaafi obboleeyyan isaa bakka bu'a. Aadde Azeeb obbo Tolosaa

nijaalatti garuu immoo waa'ee eenyummaa isaa yoo yaadattu ni jibbiti. Akkasumas obbo Baalchaa obboleenyaan isaa jaalalaan kan waliin guddatan yoo ta'u yeroo booda qabeenya ilaalanii isa jibban. Kanaafuu asoosama kana keessatti diiganii ijaaruu jaalalala/ jibbaa haalaan ni mul'ata.

- ❖ Gabrummaa/bilisummaa. Kunis, gabrummaan obbo Baalchaa fi obbo Baqqala irratti dhaabbataa fakkaatee mu'atus Bariitee fi Zalalaam fa'a immoo bilisummaa akka argatanidha. Asoosamni dhiigni dhiiga hindhabuu duraan gabrummaa cimaan akka jiruufi bilisummaa bira akka ga'ame ni ibsa.
- ❖ Haati Bariiteefi Bariiteen jireenya karaarraa jiraachaa turan bira darbanii hanga hootela bananii dureessa ta'anii namoota adda addaa gargaaruu bira ga'anii jiru. Asoosama kana keessatti yaadni hiyyeessa jedhu diigamee; yaadni dureessa jedhu ijaarame. Kunis hiyyeessa ta'e kan hafu fi dureessa ta'e kan hafu akka hin jirredha.
- ❖ Asoosama kana keessatti namni waan ittin baratu dhabe ofii barachuu bira darbee akka barsiisuu danda'udha. Bariiteen nama mana barnootaa seenuu hindandeessu jedhamtee dhorkamte yoo taatu; garuu kan haadhaa ishee irraa barattee fi erga mana barnootaa seentee baratteen booda nama biroo barsiisuu eegaluu isheeti. Asoosama kana keessatti yaadni faallaa walii ta'an barachuu/barsiisuu bira ga'ameera.

2. Asoosama *dhiigni dhiiga hin dhabu* keessatti dhimmoonni hawaasummaa namfakkiiwwan irratti kallattii garaagaraatiin mul'achuun hubatameera.
    - ➢ Asoosama kana keessatti hawaasummaan adda addaa namoota karaarra jiraatan akka qaban ni ibsa. Kunis haati Bariitee fi Bariiteen namoota karaarra jiraatan waliin hawaasummaa cimaa qabu. Bunaaf soogidda wal irraa liqeeffatu. Gaarii walii ni jaalatu. Hamaa walii ni jibbu. Obbo Baqqalaa fi obbo Baalchaan yeroo dheeraaf karaarra hanga jiraachaa turanitti hawaasummaa cimaa qabu. Yeroo argatan waliin nyaataa, yeroo dhaban immoo waliin obsaa turan.
    - ➢ Asoosama kana keessatti namoonni karaarra jiraataniif namooni idileen jiraatan hawaasummaa akka qaban bira ga'ameera. Haati Bariitee fi Bariiteen akkuma namoota karaarra jiraatan waliin hawaasummaa cimaa qabaataa turan; erga mana obbo Tolosaa galaniis hawaasummaan isaanii cimaadha.

3. Asoosama *dhiigni dhiiga hin dhabuu* keessatti diiganii ijaaruu diinagdee namfakkiiwwan irratti kallattii garaagaraatiin mul'achuun hubatameera.

- Yaaxina diiganii ijaaruu diinagdee keessatti kan mul'atu diinagdee dhaabbataan akka hin jirredha. Asoosama *dhiigni dhiiga hin dhabuu* keessatti sadarkeessuun diinagdee haalaan ni mul'ata. Kana jechuun diinagdeen gadii bu'ee kan jiraatuufi ol ka'ee kan jiraatu ta'uusaa ni mul'ata. Bariiteefi haati Bariitee yoo argatan hambaa namaa nyaachaa yoo dhaban immoo obsanii amma argatanitti akka turanidha. Diinagdee gadi aanaa kana diiganii diinagdee kanarra foyya'aatti ce'an. Kunis haati Bariiteef Bariiteen jireenyi karaarraa hafee mana obbo Tolosaa galanii jiraachuu eegalan. Kunis nyaata, uffatafi bakka bultii argatanii jiraachuu eegalan. Kanumarraan jireenya fooyya'a irraa gara giddu galeessatti ce'an. Haati Bariitee mana bunaa banattee hojii daldalaa eegalte. Akkuma kana Bariiteenis barnootaa cinaatti hojii maajikiitiin beekamuu eegalte. Kanamalees, jireenya giddu galeessa irraa gara olaanatti ce'anii jiraachuu eegalan. Hootela mataa isaanii bananii hojjechuu eegalan. Ofirra darbanii namoota adda addaa gargaaruu jalqaban. Walumaagalatti diiganii ijaaruun asoosama kana keessatti mul'atu haala armaan gadiin ka'ameera.

  Daa'imummaan gatamuu → dhaabbata guddisa daa'immanii galuu → Jireenya karaarraa → mana nama galanii jiraachuu hojii dhuunfaa ofii qabaatanii jiraachuu → hojii daldala guddaa qabataanii namoota adda addaaf hojii uumuu → hojii uumuu bira darbee namoota rakkattota adda addaa gargaaruu.

## 5.3. Yaboo

Qeeqa oguma yaaxina diiganii ijaaruutiin gaggeeffamuuf, qorattoonni hojiiwwan kalaqaa garaagaraa keessatti caasaawwan ijaarsaa adda addaa yaada walii faallaawwanii yaaxina diigaanii ijaaruutiin maal akka ta'eefi hiikaa dhaaba hinqabne mul'isan hubachuuf, xiinxala gadifageenyaa gaggeessuu isaan barbaachisa. Kanuma bu'uura godhachuun yaadolee guduunfaa irra gahameen yaadoleen yaboo ta'uu danda'an akka armaan gaditti dhiyaatanii jiru.

- Faayidaan yaaxina diiganii ijaaruu guddaa waan ta'eef asoosamoota biroorratti qorannoo gaggeessanii faayidaalee isaanii osoo baasanii gaarii ta'a.

- ❖ Hojiiwwan kalaqaa keessatti caasaawwan yaada walii faallaawwanii, hawaasummaafi diinagdee mul’ataniifi kanneen biroo qorattoonni gooroo oguma biraa keessaa caasaa kanneen baasuudhaan yaaxina diiganii ijaaruutiin qeequun barbaachisaadha.
- ❖ Qeeqa oguma yaaxina diiganii ijaaruu keessa kallattii qeeqaa garaagaraatu jiru. Kanaafuu, qorattoonni hojiiwwan kalaqaarratti qeeqa gaggeessuuf, kallattii ilaalchaa diiganii ijaaruu gama biraa gooroo oguma biraa keessatti mul’atu beekuun ittiin qeequun barbaachisaadha.
- ❖ Goroowwan oguma garaagaraa malleen adda addaatiin qeeqamu. Malleen kunneen immoo kallattii ilaalchaa adda addaa qabu. Kanaafuu, qorattoonni xiyyeeffannoo ilaalchaa malleen garaagaraa qaban adda baafachuun (beekuun), hojii oguma yemmuu qeeqan akka itti dhimma bahaniif gargaarsa ta’a.

Walumaagalatti, addunyaan jijjiiramaa akka ta’e ilaalchi (yaadni) namaas jijjiiramuun hojii kalaqaa keessattis gegeeddaramni kunis ni mul’ata. Ilaalchi gaggaragalaa kun immoo barruun jijjiirama hiikaa akka qabaatu taasisa. Hiikni barruus hiika tapha callisaa, miti-murtaa’ummaafi dhaaba hinqabne agarsiisuun, hubannoo dubbisaas yaada waliif faallaa diiganii ijaaruu keessatti mul’atu gabbisuuf shoora qaba. Kanaaf, gaggaragalummaa hiikaa barruu keessatti mul’atu afaan oguma ittiin ijaarame qeequun dhimma xiyyeeffannoo cimaa barbaadudha

Wabiilee


Abrams, M.H. (1981). *A Glossary of Literary Terms*. (4thed), New York: Cornell UniversityPress.

__________ (1988).*The Deconstructive Angel*: In Modern Criticism and Theory. London: Longman.

Ardini, F.(2017). *Deconstruction of Characters in Moana Movie.* Makassar: University of Islam Nigeri.

Asafaa Tafarraa.(2009). *Eelaa. Seenaa ogbarruu Oromoo*. Finfinnee: Fareast Printing PLC.

Atkins, G. Dougles & Jonson, Michael L. (eds).(1985). *Writing and Reading Differently Deconstruction and the Teaching of Composition and Literature*. Lawrence, Kansas: Kansas University Press.

Berhanu Mathewos .(1993). *Fundamentals of Literature*. Addis Ababa: Addis Ababa University press.

Biqilaa Dabaloo.(2008). *Barnoota Lammummaafi Amala Gaarii Kutaa 8ffaa*. Kuraz internatinalii. Finfinnee.

Cixous, Hélène. (1975). *The Newly Born Woman.* Trans Betsy Wing. Minneapolis: Minnesota University Press.

Dastaa Dassaaleny .(2013). *Bu'uura Qorannoo (max.2ffaa).* Addis Abeba: printed by Far East Trading PLC.

Derrida, J. (1973). *Speech and Phenomena.* Evanston: Northwestern University Press.

________ .(1979). *Living On: Border Lines.* In H. Bloom and *et al* (Eds), Deconstruction andCriticism (pp.75-176), London: Routledge and Kegan Paul.

________ .(1981*). Position.* Chicago: The University of Chicago Press. Translated by Alan Bass.

Diyanni, Robert .(1998). *Literature: Reading Fiction*, Poetry, Drama, and Essay. Boston. Mc Graw Hill Companies.

Dutton, Richard. (1984). *An Introduction to literary Criticism.* England: Longman York Press.

Elam, Diane .(1987). *Feminism and Deconstruction*. London & New York: Routledge.

Fedhasaa Taaddasaa .(2013). *Subii. Bu'uuraalee Ogbarruu Oromoo*. Finfinnee Oromiyaa.

Fiqaaduu Qana'aa .(2012). "*Qaaccessa Waldiddaafi Fakkoommii Asoosamoota Dhaabaa Wayyeessaa".* Addis Ababa University: Un published MA Thesis.

Girmaafi kaawwan.(2001). *Ogbarruu Afaan Oromoo*. Yunvarsiitii Jimmaa Moojula Barnoota Fagootiif Qophaa'e. (Kan Hinmaxxanfamne). Jimmaa.

Griffth. K .(2011). *Writing Essays About Literature. A Guide and Styles Sheet 8th* ed.

Hadid, Z.(2002). *An Introduction to Deconstruction.* Stuttgart: Hysolar Institute.

Hooks, B.(1984). *Feminist Theory from Margin to Center.* US: South End Press.

Johnson, Barbara.(1980). *The Critical Difference*: Essays in the Contemporary Rhetoric Reading. Baltimore: Johns Hopkins University Press.

Jawaaroo Nagawoo.(2008). *dhiigni dhiiga hin dhabu. Asoosama dheeraa . Finfinnee: wegegta priting press.*

Johnston, S.(2002). *Where the Stories Come From*. New York: Addison-Westly Longman

Kirszner and Mandell .(1994). *Fiction Reading Reaction Writing*. USA: Horcourt Brace and Compane.

Klarer. M.(1999 ). *An Introduction to Literary Studies*. USA and Canada: Tylor and Francis group.

Mills, S.(1995). *Feminist Stylistics.* New York: Routledge Taylor & Francis E-Library.

Misgaanuu Gulummaa .(2012). *Yandoo: Ogumaafi ogwalaloo Oromoo.* Finfinnee Oromiyaa.

Oman-Reagan, M.(2017). *Writing Worlding*: *Turning to Ontology at the Dead End 'Culture'*. Memorial University of Newfoundland: SocArXiv, Open Science Framework.

Poovey, Mary.(1988). *Feminism and Deconstruction*: "Feminist Studies", Vol. 14. New York: Feminist Studies Inc.

Silver Man .(1989). *Derrida and deconstructin continental philosophy II*. New York: Routledge.

Trimmer, J.F. (1985). *Fiction. Ball State University*: Harcourt Brace Jovano Vich Inc.

Taarikuu Bantii.(2016). X*iinxala Afoolaa Asoosamoota Afaan Oromoo Filataman Keessatti*. Waraqaa Qorannoo Digirii Lammaffaa, Yuunivarsiitii Finfinne (KanHin maxxanfamiin).

Tashoomaa Egeree, Mitikkuu Dibbeessaa, Gammachuu Galaalchaa (2002). *Asoosamoota Dhangala'oo Oromoo*.Caaccuuleefi Malaawwan Barruu.Hidhaa Lamma Barnoota Fagoo. Finfinnee: Mala Qunnamtii Giddu Galeessa Ministeera Barnootaa.

Tyson, L. (1999). *Critical Theory Today:* A User- Friendly Guide. New York: Garland Publishing, Inc.

________ .(2006). *Critical Theory Today:* A User-Friendly Guide. (2nd Edtn). New York: Routledge Taylor & Francis Group.

Wasanee Bashaa .(2008). *Bantuu Haaraa:* Finfinnee EMAY Printers.

ዘሪሁንአስፋው (2003). *የስነጽሁፍመሰረታዊያን* .አዲስአበባ፡ንግድማተሚያድርጅት።

**DABALEE "A"**

# Yuunivarsiitii Addis Ababaa Kolleejjii Namoomaa, Qo'annoo Afaanii, Joornaalizimiifi Quunnamtii Muummee Afaan Oromoo, Ogbarruufi Fookloorii


**Cheeklistii**

| **Lakk.** | **Cheeklistii odeffanoo xiinxaluuf gargaaraan** | **Yaada** |
|---|---|---|
| | **Cheeklistii waliigalaa** | |
| **1** | Qabiyyee asoosamichaa dubbisuufi hubachuu | |
| **2** | Namfakkiiwwan gurguddoo xiinxalaman ibsuu | |
| **3** | Yaadiddamaafi ragaa barbaachisan barruuwwan adda addaarraa bal'inaan dubbisuu | |
| **4** | Madda ragaa jalqabaarraa bakka barbaachisaa ta'an yaadannoo qabachuu | |
| **5** | Ragaalee gareewwan muraasatti qoqqooduu | |
| **6** | Cuunfuu, jecha ofiitiin ibsuufi hiikuun ragaa xiinxaluu | |
| **7** | Ragaa xiinxalamerratti hundaa'uun guduunfaarra gahuu | |
| | **Cheeklistii Ijoo** | |
| 1 | Akkaataan diiganii ijaaruu diinaagdee asoosama kana keessatti maal fa'ii? | |
| 2 | Diiganii ijaaruu hawaasummaa asoosama kana keessatti ibsame maal fa'ii? | |
| 3 | Diiganii ijaaruu eenyummaa haala kamiin ibsamee?<br>➢ Ergaa maalii of keessaa qabaa? | |
| | | |
| 5 | Yaadni faallaan asoosama kana keessatti wal morman maal fa'ii?<br>➢ Haala kamiin ibsamanii?<br>➢ Yaada kamtu yaada isa kam faallessaa?<br>➢ Ergaan isaanii hoo? | |
| 6 | Diiganii ijaaaruun gootummaa asoosama kana keessatti haala kamiin ibsamanii? | |

**DABALEE “B”**

# Yuunivarsiitii Addis Ababaa Kolleejjii Namoomaa, Qo’annoo Afaanii, Joornaalizimiifi Quunnamtii Muummee Afaan Oromoo, Ogbarruufi Fookloorii.

**Suura qola jalqabaa Asoosamaa qorannoon irratti hojjetame.**



**Dabalee "C"**

# Yuunivarsiitii Addis Ababaa Kolleejjii Namoomaa, Qo'annoo Afaanii, Joornaalizimiifi Quunnamtii Muummee Afaan Oromoo, Ogbarruufi Fookloorii.

**Suura qola Duubaa Asoosamaa qorannoon irratti hojjetame.**

